



AFAAN OROMOO

AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

KITAABA BARATTOOTAA

Kutaa 10



RIPPAABLIKA DIMOOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA
ITOOPHIYAATTI MINISTEERA BARNOOTAA

Gatii Qarshii 186.00

Afaan Oromoo

Akka Afaan Lammaffaatti

Kitaaba Barattootaa



AFAAN OROMOO

AKKA AFAAN LAMMAFFAATTI

KITAABA BARATTOOTAA

Kutaa 10



RIPPAABLIKA DIMOOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA
ITOOPHIYAATTI MINISTEERA BARNOOTAA

KITAABA KANAAF OFEEGGANNOO CIMAA TAASISI



Kitaabni kun qabeenya biyya keeti. Qabeenyi biyya kee ammoo, kan keefi kan obbolaa kee akkasumas kan dhaloota si booda dhufuuti. Kanaafuu, hunduu itti fayyadamuu akka danda`utti akka hinmiidhamneef of eegganno gochuufin gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen armaan gadii si gargaaru.

- Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf gonfi.
- Kitaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa’i.
- Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta’uu mirkanoeffadhu.
- Qolas ta’e keessa kitaabichaatti hinbarreessiin.
- Dubbistee bakka geesse mirkanoeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabutti fayyadami.
- Fuula kitaabichaa tarsaasun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
- Fuulli tarsa’ellee yoo jiraate suphi.
- Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
- Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban Akeekkachiisi.
- Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaalla irraatti dubbisturra kaa’i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta’ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda’uuf, akka ija keetti eeggadhu.



AFAAN OROMOO

Akka Afaan Lammaatti

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 10

Barreessitoota:

Alamituu Olii (PhD)
Cimdi Waaqumaa (Asso. Prof)

Gulaaltota:

Asafaa Tafarraa (PhD)
Taarikuu Simee (PhD)
Taayyee Guddataa (PhD)

Ogeessa Saxaxaa:

Gammachuu Biraanuu (M.Sc.)

Ogeessa Fakkii:

Nagaasaa Biraanuu (PhD C.)

Madaalaa:

Tashoomaa Balaayinaa (PhD)



RIPPAABLIKA
DIIMOKIRAATAWAA FEDERAALAWAA
ITOOPHIYAATTI
MINISTEERA BARNOOTAA

HAWASA UNIVERSITY

© Rippaablika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaatti
Ministeera barnootaa maxxansa jalqabaa Bara 2014/2022

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabaniit raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamiin gochaawan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaala lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10th, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 1996 (July 19, 2004).

BAAFATA

Seensa	V
Boqonnaa 1: Beekumtaa	1
Boqonnaa 2: Kalaqummaa	16
Boqonnaa 3: Araada	27
Boqonnaa 4: Asoosama Dheeraa	40
Boqonnaa 5: Simannaa Keessummaa	57
Boqonnaa 6: Aadaa	72
Boqonnaa 7: Barnoota Hammato	83
Boqonnaa 8: Walaloo	101
Boqonnaa 9: Tokkummaafi Addaddummaa	114
Boqonnaa 10: Godaansa	129

Seensa

Afaan meeshaa wal-qunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jirenya hawaasa tokkoo keessatti qabu olaanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jirenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnootaan, bulchiisaan, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan hojii federaalaa ta'uun akka baratamu ta'uun isaa yeroo jalqabaafi. Kanaafuu, kitaabni kun qabiyyee barbaachisoo ta'an barattoota biraan gahuuf hamma danda`ametti ofeeggannoон kan qophaa`edha. Kaayyoon isaa inni guddaanis barattooni Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti baratan afaanichaan ga`umsa ogummaa afaanii hunda akka qabaatan gochuudha. Ogummaaleen kunis, ogummaawan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, fayyadama jechootaa, caslugafi ogbarruu kan ofkeessatti hammatudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jirenya guyyuu barattootaa giddugaleessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Milkaa`ina kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barataa/tuu waan ta'eef/ taateef, atis haala qabatamaa naannoo keetiin waliin qabsiisuun ga'ee sirra eegamu taphachuun mirgaafi dirqama keeti.

Boqonnaa I: Beekumtaa

Kaayyoowwan:

Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti:

- ↗ odeeffannoo dhaggeeffatte adda nibaafatta;
- ↗ waan dhaggeeffatte tokko hiriyyoota kee wajjin irratti mari'achuun af-aaniin gabaasuu nidandeessa;
- ↗ barruu dubbisuudhaan gaaffilee qayyabannoof deebii nikennita;
- ↗ faayidaa qubguddeessaafi tuqaa nihubatta;
- ↗ hiika jechootaa akkaataa galumsaan kennuu nidandeessa;
- ↗ maalummaa maqaafi gochimaa adda nibaafatta.

Barannoo I: Dhaggeeffachuu





Gilgaala 1

- A) **Gaaffilee asitti fufanii jiraniif muuxannoo kee bu'uura godhadhuutii deebii kennuu yaali.**
1. Baadiyyaa jiraattee ykn waa'ee jirenya baadiyyaa beektaa? Maalfaa?
 2. Gosoota nyaataa, uffannaa, ijaarsa manaa Oromiyaa keessaa mee ma-qaa dhahi
 3. Fakkii dhiyaaterraan maal maal himuu dandeessa?
- B) **Jechoota armaan gadii kana hiika isaanii tilmaami.**
- | | |
|---------------|-------------|
| a) Uummata | c) Qabeenya |
| b) Dimshaasha | |



Gilgaala 2

Waan siif dubbifamu dhaggeeffadhuutii bakka duwwaa barruu asiin gaditti dhiyaate guuti

Jechi beekumtaa jedhu jechoota Afaan Oromoo _____

(1) jedhuufi _____ (2) jedhu walitti dabaluun kan uumame yoo ta'u, hiikni isaa isa afaan Ingiliziitiin ‘indigenous knowledge’ jedhuun beekumsa uummataa jechuun bakka buufameeti...Jechi uummata jedhu _____ (3) hawaasaa bakka tokko jiraatuufi yoo xiqqaate afaan, hawaasummaa, dinagdeefi jiruufi jirenya walfakkaatu kan waliin qooddatan kan bakka bu'udha.

Beekumtaan haaluma armaan olitti ibsameen dhimmoota qabeenyaafi _____ (4) hawaasaa ta'an hedduu of keessaa qaba. Beekumsi kunis, jiruufi jirenya keessa kan gabbifatameefi hawaasichis abbummaan bakka guddaa kenneefii kan itti dhimma bahudha.



Gilgaala 3

Barruu dhaggeeffatte bu'uura godhadhuutii gaaffilee asitti aananii jiran deebisi.

1. Akka barruu siif dubbifamerra hubatteti qabeenyi uummataa maal fa'i?
2. Akka barruu dhaggeeffatte irraa hubatteti qabeenya uummataa jedhamuun kanneen eeraman hawaasa ati jiraattu keessatti nimul'ataa? yoo jiraate tarreessi.
3. Baruu dhaggeeffatteefi muuxannoo kee bu'uura godhachuun bee-kumsa uummataa hojii harkaa jalatti ramadamuu danda'an maqaa dhahuun ibsi .

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4

1. Fakkii dhiyaaterra maal akka hubatte afaaaniin himi.

2. Sheekkoo bineensotaa keessaa kan barsiisaan kee sitti himu dhaggeeffadhuutii irra deebi'ii afaniin dareef himi.

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5

- A. Gaaffilee armaan gadii waanuma dur beekturraa ka'ii deebisi.**
1. Namni tokko sabummaa qabu irratti dabalee kan bira argachuu danda'aa?
 2. Jecha moggaasa jedhu dhageessee beekta yoo ta'e maal akka ta'e mee himi.
 3. Waa'ee moggaasaa waan beektu kanarraa addaa waan ta'e nanbara jettee eegdaa?
- B. Jechoota asiin gadii kana hiika isaan bakka galmaa isaaniitti qabaachuu danda'an tilmaami.**
- | | |
|-----------|-----------|
| a) Dhiiga | e) Aangoo |
| b) Dhala | f) Orma |
| c) Hidda | |
| d) Saba | |



Gilgaala 6

Dubbisa moggaasa jedhu otuu dubbisaa jirtuu shaakala bakka duwwaa guutuu kana dalagi.

Karaalee Oromummaan Kennamu

A: _____	B: Guddifachaa	C: _____	D: Moggaasa
Oromo ta'anii dhalachuu	_____	Bakka gatamee fuudhanii guddi- fachuu	_____



Moggaasa

Moggaasa jechuun kallattumaan yommuu hiikamu maqaa baasuu waan jedhu ta'a. Aadaa kamiiyyuu keessatti daa'imni yommuu dhalatu maqaan nikennamaaf. Aadaa Oromoo keessatti immoo duudhaan ittiin daa'immanifi maqaa moggaasan ofdanda'ee kan jiru yoo ta'u yaadrimeen jecha moggaasa jedhu kun garuu moggaasa maqaa isa daa'ima haaraa dhalateef kennamu sana ibsuuf miti. Yaadrimeen jechichi bakka bu'u, namni tokko qomoodhaan saba Oromoona alaa ta'ee garuu fedhasaatiin **eenyummaa** Oromummaa fudhachuu yoo fedhe ykn jaalalaafi gumaacha cimaa namichi Oromoodhaaf godherraan kan ka'e sirna ittiin sabichi beekamtii addaa kenneefii maqaa haaraafi eenyummaa Oromummaa moggaasuudha.

Oromummaan karaa shan argama. Karaaleen kunis: dhiigaan, guddifachaadhaan, booji' uudhaan, ilmoo mixiifi moggaasa. Oromummaan dhiigaan kan argatamudha kan jedhamu gaafa achii as dhufteen **hidda** dhaloota nammaa Oromoo keessaa ta'uu namichiifi gosti inni keessaa dhalate itti amanee fudhate yoo ta'u Oromummaan guddifachaadhaan kan argatamudha kan jedhamummoo gaafa Oromoona sababa **dhala** dhabuunis ta'e osoo dhala qabuu gargaarsaaf jecha kan namni bira a dhalche fudhatee akka kan ofii isaatti kan guddifatuudha. Karaa boojuudhaan Oromummaa argachuu kan jedhamu, namni Oromoo hintaane waraana keessatti mo'amuu irraa kan ka'e "**sittan gala**" jedhee Oromootti yommuu harka kennatu Oromoona tole jedhee isa harka kennate sana gaafa ofitti fudhatudha. Oromummaan Ilmoo Mixii jedhamee kennamummoo, daa'ima sababa addaddaan namoota hinbeekamneen bakkeetti gatamee argame biyyoo ykn mixii irraa hurgufanii akka dhala ofiitti kunuunsanii guddisuuf kan fudhatan yoo ta'u Moggaasni immoo fedhii isaatiin nama saba bira keessaa gara Oromootti dhufef maqaa Oromoo baasanii dhuunfachuudha.

Oromoona namoota dhiigaan, afaaniin, haala jirenyaan, **halluu gogaafi** waan hedduu biroon isa hinfakkaanne waliin tokkummaa uummatae wajjin jiraachuudhaaf duudhaalee qabu keessaa moggaasni tokkodha. Moggaasaan ilmaafi hintala Oromoo ta'uudhaaf umurii, saala, amantaafi bifaan daangaan taa'e hinjiru; daa'imummaan qofa osoo hintaane namni umurii kamiiyyuu keessa jiru, **gita** hawaasummaafi **koornayaa** kamiiitu keessaa haata'u, amantaa fedhe kan hordofuufii **aangoo** kamiiyyuu kan qabu haata'u; maqaan moggaafameefii, gosaafi gadaan kennameefii gara saba Oromootti makamuu nidanda'a.

Oromummaan sirna moggaasaan argamu bifaanis ta'e biyyaan kan daangeffame **dhorka** waan hinqabneef, uummata Itiyoophiyaa keessaafi kanneen Itoophiyaan alaa keessaallee sirna moggaasaa raawwachuu kan Orooman nijiru.

Fakkeenyaaf, kanneen Itoophiyaan alaa keessaa dhimma Oromoo yeroo dheeraaf kan qoratan dubartiin ‘Bonnie Holcomb’ jedhaman maqaa ‘Qabbanee Waaqayyoo’ jedhu kennameefii, akkasumas, lammii biyya Awustiraaliyaa kan ta’an manguddoon Dr. ‘Trevor Trueman’ jedhamanis **oolmaa** Oromoof oolanirraa kan ka’e maqaa ‘Galatoo’ jedhu kennameefii Oromummaa argataniiru. Kenninsa maqaa Oromoo kana ilaachisee maqaan wantoota eenyummaa saba tokko ibsan keessaa isa tokko waan ta’eef nama eenyummaa, aadaa fi yaada Oromoo jaallatee fudhate tokkoof maqaa gochaafi eenyummaa isaa haaraa kana sirriitti ibsuti kennamaaf. Namni moggaasaan Oromummaa argate tokkos guyyaa itti eenyummaan sun kennameefii eegalee mirgoota Oromoont argatu hunda tokko otuu **hinsharafamiin** waan dhalli **gudeedaa** argatuun walqixa argata.

Walumaagalatti, sabni Oromoo seenaa keessatti jaarraa 16ffaa dura irraa eegalee aadaa ittiin **orma** simatu, simatees walqixxummaan waliin jiraatu kan qabaachaa turedha. Oromummaan dhiigaan qofa osoo hintaane simannaa saba sanaanis kan argamu ta’ee fudhatama. Haalli kun immoo Oromoont uummata gosa isaan ala ta’an waliin **hariiroo** nageenya qabaatee wajjin akka jiraachuu danda’u isa taasiseera. Yaadrimaan moggaasaa akka duudhaa Oromootti toftaa ittiin Oromoont Orma Oroomsee wajjin jiraachaa tureefi har’as jiraachaa jiru yoo ta’u har’aa addunyaanis saboonni, sablamoonniifi uummattoonni gartuu afaanii xixiqqaa ta’an waldanda’anii akka walfaana jiraataniif seerota akka mirgoota namoomaa qopheessanii kabajaan walfaana jiraachuu jajjabessu.



Gilgaala 7

Bu’uura hubannoo dubbisa irraa argatteen gaaffilee filannoo asiin gadiif deebii sirrii ta’e filadhu.

1. Akka odeeaffannoo dubbisarraa argatteetti, moggasni:
 - A) Adeemsa maqaa baasuuti
 - B) Karaa Oromummaa kennuuti
 - C) Adeemsa namoota gosa isaaniin quoduuti
 - D) Adeemsa eenyummaa namaaf beekkamti kennuuti

2. Ilmi gudeedaa Oromummaa akkamiin argata?
 - A) Dhiigaan
 - B) Guddifachaadhaan
 - C) Boojuudhaan
 - D) Moggaasa

3. Akka dubbisichaatti, namni gaafa moggaasaan Oromummaa argatu maaltu kennamaaf?
 - A) Maqaa haaraa
 - B) Gosa haaraa
 - C) Gadaa
 - D) Hunduu deebiidha

4. Kanneen armaan gadii keessaa tokkoof Oromummaan karaa moggaasaa hinkennamuuf.
 - A) Daa'ima umriin kudha saddeetii gad ta'e
 - B) Nama gita hawaasaa gad'aanaa ta'e
 - C) Nama dhalootaan Oromoo ta'e
 - D) Koorniyaa dubartii

5. Namni Oromoodhaan 'sittan gala' yoo jedheefi Oromoonis tole jedhee Oromummaa yoo kenneef, karaan Oromummaan itti argame kun:
 - A) Dhiigaan
 - B) Guddifachaadhaan
 - C) Boojuudhaan
 - D) Moggaasaan



Gilgaala 8

Gaaffilee kanaa gad jiran bu'uura dubbisichaan deebisi.

1. Karaalee Oromummaan argamu maal maali?
2. Daa'ima bakkeetti gatamee argame fudhatanii guddifachuun akka aadaa Oromootti maal jedhama?
3. Nama Oromoo hintaaneef maqaa, gosaafi gadaa kennanii Oromeessuun maal jedhama?
4. Oromummaan dhiigaan qofa kan argamu miti jechuun maal jechuudha?
5. Namni Oromummaa karaa moggaasaa argate mirgi inni qabaatu maali?

Barannoo 4: Barreessuu-Qubguddeessaafi Tuqaa



Gilgaala 9

Fayyadama qub-guddeessaafi tuqaa (.) Ilaalchisee fakkeenyota dhiyaatan hordofii fakkeenyota mataakee barreessi.

Qabee guddaa bakka itti fayyadamnu:

1. Jalqaba himaa irratti. Fkn:
 - a) Barnooni barbaachisaadha.
 - b) Harki quba meeqa qaba?
 - c) _____.
 - d) _____?

2. Maqaa namaa qabee guddaan jalqabna. Fkn:
 - a) Lammifi Hawwiin dhufan.
 - b) Jiituufi Margaan obbolaadhaa?
 - c) _____.
 - d) _____?

3. Maqaa biyyaa, sabaa, afaan, godinaa, aanaa, gandaa, tulluu, laggeen, galaanaa, haroo, garbaa, kalaqaa, Jaarmiyaalee, guyyoota torbanii, ji'oota waggaa, qabee guddaan jalqabna. Fkn: Oromiyaa, Oromoo, Guraagee, Somaalee, Afaan Oromo, Afaan Amaaraa, Tulluu Diimtuu _____

4. Gabajee barreessuuf fayyadamna. Fkn:
 - a) Oromia Broadcasting Network = OBN
 - b) Biirroo Barnoota Oromiyaa = BBO
 - c) _____
 - d) _____

Tuqaa (.) bakka itti gargaaramnu:

1. Tuqaan dhuma hima himamsaa irratti gala. Fkn:
 - a) Boonsaan barataa cimaadha.
 - b) Hawwiin magaalaa deemte.
 - c) _____
 - d) _____

2. Gabajee adda baasuuf gala. Fkn:
 - a) Akka Lakkofsa Awurooppaatti = A.L.A.

- b) Dhaloota Kiristosiin Dura = Dh.K.D.
 c) _____
 d) _____
3. Qarshiifi saantima adda baasuuf gala. Fkn:
 a) Qarshii shanii fi saantima shantama = 5.50
 b) _____
 c) _____

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa-Hiika Galumsaa



Gilgaala 10

Jechoota asiin gadii akka dubbisichaatti hiika galumsaa isaanii kenni.

- | | |
|--------------------|----------|
| 1. Eenyummaa | (Key. 1) |
| 2. Hidda | (Key. 2) |
| 3. Dhala | (Key. 2) |
| 4. “sittan gala” | (Key. 2) |
| 5. Halluu gogaa | (Key. 3) |
| 6. Gita | (Key. 3) |
| 7. Koorniyaa | (Key. 3) |
| 8. Aangoo | (Key. 3) |
| 9. Dhorka | (Key. 4) |
| 10. Oolmaa | (Key. 4) |
| 11. Hinsharafamiin | (Key. 4) |
| 12. Dhala gudeedaa | (Key. 4) |
| 13. Orma | (Key. 5) |
| 14. Hariiroo | (Key. 5) |

Barannoo 6: Caasluga-Maqaaifi Gochima



Maqaafi Gochima

Maqaa

Jechi tokko yaada, meeshaa, miira, uumama lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne, wantoota qabatamoo ta’aniifi qabatamoo hintaane kan bakka bu’u yoo ta’e maqaadha. Maqaan moggaasa wantoota asiin olitti eeramanii hundaati. Maqaan gosoota garagaraa qaba. Haaluma kanaan



maqaa iddo shanitti addaan hirree ilaaluu dandeenya. Isaanis: maqaa dhuunfaa/matayyaa, maqaa gamtaa, maqaa dimshaashaa, maqaa meeshaa, maqaa killiyyati.

1. Maqaa Dhuunfaa

Maqaan dhuunfaa kan namni uumamaa, namni seerawaa, bakkeewwan ykn wanti tokko dhuunfatti ykn mata mataatti ittiin waamamudha. Fkn: Caalaa, Abdiisaa, Ejersa, Yuunivarsiitii Jimmaa, Itiyophiyaa, Finfinnee, kkf

2. Maqaalee Gamtaa

Maqaan gamtaa itti waamama wantoota ykn qaamota amala walfakkataa qabaniiti. Fkn: Saree, nama, laga, farda, haadha, harree, farda, kkf

3. Maqaalee Dimshaashaa

Maqaaleen dimshaashaa kunneen kan wantootni garaagara ta'an bakka tokkotti ittiin waamamanidha. Fkn: uummata, bineensa, waldaa, horii, koree kkf

4. Maqaalee Meeshaa

Maqaaleen meeshaa kan meeshaaleen garagaraa ittiin moggaafamanidha. Fkn: barcumaa, minjaala, qalama, qubeessaa, kkf

5. Maqaalee Killiyyaa

Maqaaleen killiyyaa wantoota gocha, ta'umsa, yaadaa fi kkf irratti bu'uramanii waamamaniidha. Fkn: gowwummaa, hayyummaa, abshaalummaa, laafina, dhukkuba, kkf. Akkasumas maqaalee hundi iddo lamatti qoodamuu danda'u. Isaanis:

1. Maqaalee lakkaawaman

2. Maqaalee hinlakkaawamne

Maqaaleen lakkaawaman kan lakkofsaan murteessuu dandeenyuudha. Fkn: Mana, sa'a, konkolaataa, kitaaba, barataa, kkf

Maqaaleen hinlakkaawamne immoo kan lakkofsaan tokko lama jennee hammasaa himuu hindandeenyedha. Fkn: Bishaan, jaalala, aarii, sirba kkf

Gochima

Gochimni jecha waa'ee namootaa ykn waantotaa maal akka ta'an, maaltu irratti akka uumame, maal akka raawwatan kan agarsiisudha. Gochimni



raawwii wayii, ta'umsa wayii, jiraachuu wayiifi kkf kan agarsiisudha.

Fkn;

1. Bunni **danfe**.
3. Namichi gafarsa **ajjeese**.
4. Aduun galgala **galti**.
5. Sareen iyyitu nama **hinnyaattu**.
6. Manni waa malee **hinaaru**.

Jechoonni gurraacha'an waa'ee matimaa odeeffannoo laachuuf kan dhihaatanidha. Kanaaf, gochimni raawwii hojii ykn gocha wajjin walqabata jechuun ni danda'ama. Gochimni afaan tokko keessatti matima wajjin walqabatee tajaajila garagaraa kenna. Tajaajiloонни ijoo ta'an bifaa armaan gadiin dhihaataniiru.

Hojii Matimaa Agarsiisuuf; Fkn:

Fardi ni **dha'ata**.

Roobaan horii **bobbaase**.

Harmeen gabaa **dhaqxе**.

A) Maalummaa Matimaa Ibsuuf; Fkn:

- 1) Caaltuun barattuud**ha**.
- 2) Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatu**dhа**.
- 3) Sareen bineensa manaati.

B) Waan Matimarratti Raawwatame Ibsuuf; Fkn:

- 1) Yakkamtichi **adabame**.
- 2) Xaddeen **waraanamte**.
- 3) Midhaan nyaataa gatiinsaa **dabaleera**.

C) Qabeenya Matimaa Mul'isuuf

- 1) Jaagamaan kaadhima **qaba**.
- 2) Oromiyaan lageen baay'ee **qabdi**.
- 3) Manichi kan Magarsaati.

Gosoota Gochimaa



Faayidaafi hojii isaaniirratti hundaa'uun gochimoota gosoota adda add-aatti qoqqooduu nidandeenya.

A) Gochima Darboo

Gochimoonni gosa kanaa raawwii matimarraa gara antimaatti kanneen ceesisanidha. Fkn

- 1) Hagos mana **ijaare**.
- 2) Loomituun mucaa **rukutte**.
- 3) Samiiraan mana **haxoofte**.

B) Gochimoota Hafoo

Gochimoonni gosa kanaa ammo gocha raawwatame matimarraa gara antimaatti ceesisuun kan hindandeenye. Kanaaf, yeroo baay'ee xumurtoota hafoo ykn gocha hambis jedhamuu beekamu.

- 1) Ayyaaneen mana warraatti **sokkite**.
- 2) Aduun **baate**.
- 3) Araarsaan **gale**.
- 4) Yakkamtichi **du'e**.

C) Gochimoota Gargaartuu

Gochimoonni akaakuu kanaa xumura yaada guduunfu deeggaruun kan galanidha. Gochimoonni kun hennaa (yeroo) ykn unkaa ajajaa kan mul'isanidha. Gosaanis **tur-**, **qab-**, **jira-**, **ool-**, **dand-**, jedhamu.

- 1) Deemuu **qabna**.
- 2) Gahutu sirra **jira**.
- 3) Biyya alaa dhaqee **ture**.

D) Gochima Taasisaa

Gosni gochima kanaa yeroo gochi hojii /gahee matimaa ibsuudha. Gama biraatiin matimni hima tokkoo maal akka hojjete kan agarsiisudha. Fkn:

- 1) Galaanaan ijoollee isaa walitti qabeebe **reebe**.
- 2) Dalasaan gamoo haaraa **ijaare**.
- 3) Qeerransoon otoo hinbeekiin adamoorratti Baacaa **waraane**.

E) Gochima Taasimaa

Hima tokko keessatti gochi matimarratti waan raawwatame yeroo ibsu xumura callisaa jedhama.

- 1) Ijoolleen **reebamte**.
- 2) Manni **ijaarame**.
- 3) Peeransoon **waraaname**.



Gilgaala 11

A) Fakkeenyota himoota armaan gadii ilaaliitii gaaffilee itti fufanii jiran keessaa maqaalee adda baasi.

A) Tolaan mana guddaa qaba.

Tolaa = maqaa dhuunfaa

Mana = maqaa gamtaa

B) Margeen qalama ishee gatte.

Margee = maqaa dhuunfaa

Qalama = maqaa meeshaa

1) Nagaan qabeenya caala.

2) Simboon Yuunivarsiitii Jimmaatti baratti.

3) Hadurreen garaa keessa bineensa.

4) Nama jaallachuun maallaqaa olidha.

5) Sareefi hadurreen mana jiraatu.

6) Ayyaanaan Keeniyaa deeme.

7) Finfinneen laggeen ishee keessa darbu hedduu qabdi.

8) Tulluun Diimtuu Oromiyaa keessatti argamti.

9) Muka sorooroo mana ijarsaaf oolu bittaa?

10) Wanciin hora baddaarratti argamu.

B) Fakkeenyota himoota armaan gadii ilaaliitii gaaffilee itti fufanii jiran kees-saa gochima adda baasi.

Fkn:

Hima

Gochima

A) Biliseen barattuu cimtuudha.

Dha

B) Kumsaan barreessaadha.

Dha

1. Tulluun amala gaarii qaba.

2. Mucaan rafteetti.

3. Nuti nama hintuqnu.

4. Falmataan intala isaa manaa ari'e.

5. Bulloon barsiisaadha.

6. Dorgommiin jalqabame

7. Namni beekamaan sun du'e.

8. Baratichi sammuu cimaa qaba.

9. Oromiyaan biyya jiituudha.

10. Ambisaan booyyee waraane.

- C) Himoota armaan gadii keessatti jechoonni jala sararaman gosa gochimaa akkamii akka ta'an agarsiisi. Fakkeenyota dalagaman hordofii hojjedhu.

Hima

- A) Ijoolleen reebamte.
B) Badhaatuun qoraan cabsite.

1. Haacaaluun galee jira.

2. Lelliseen buddeena tolchite.

3. Bokkaan roobe.

4. Caaltuun mana haxoofte.

5. Mooraan qulqullahe.

6. Gamteessaan balbala cufe.

7. Inni rafee ture.

8. Mucichi reebame.

9. Mucaan booye.

10. Gurbichi mana barumsaa deeme.

Gosa Gochimaa

Gochima taashimaa
Gochima taasisaa

Boqonnaa 2: Kalaqummaa

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaarratti:

- ↗ dhaggeeffachuun yaada barruu sanaarratti ilaalcha namootaa adda ni-baafatta;
- ↗ hojii kalaqaa uummata kee nibarta;
- ↗ barruu dhiyaate callisaan dubbisuun adeemsa dhimma wayii nihubata;
- ↗ himoota garagaraa tajaajila isaaniitiin barreessuu nidandeessa;
- ↗ hiika kallattii jechootaa kennuu nidandeessa;
- ↗ gaaleefi akaakuu gaalee nibeekta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Gilgaala 1

A) Gaaffilee asiin gadiirratti mee yaadakee kenni.

- 1) Wanta namoonni jiruufi jirenya isaanii keessatti itti fayyadaman ilaaltee enyu akkamitti akka kalaqeefi tajaajilaaf akka dhiheesse yaaddee beektaa?
- 2) Naannoo jiraatutti wanti ati kalaqa achii akka ta'etti beektu jiraa?
- 3) Namoota waa kalaqanii madda galii ta'eef beektaa?

B) Jechoota armaan gadii kana hiika isaanii tilmaami.

- | | |
|--------------------|-------------|
| 1) addunyaa dhugaa | 5) ammayyaa |
| 2) guyyaa keessa | 6) bahii |
| 3) gulantaa | 7) muuddate |
| 4) nam-uumee | 8) geejjiba |



Gilgaala 2

Waan siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa barruu asiin gaditti dhi-yaatee guuti.

Kalaqummaan dandeettii waa uumuu _____(1);
wanti kalaqamu kunis _____(2) keessatti

fayyadamtootaan fudhatamee _____ (3) keessa tarree wan-toota namni jireenyasaaf barbaadu keessaatti hiriira. Uummanni garagaraa haaxiqqaatu haaguddatu malee _____ (4) jiraa. Wantoonni uumaman hedduun _____ (7) qabatamaarraa tolfamanii bu'aa kalaqaa _____ (8) addunyaa dhugaa keessatti namoota tajaajilaa jiraatan yoo ta'u wantoonni har'a akka waan_____ (9) dhaqee hojirra ooluuf humna namaa garagaraa hedduu barbaada.



Gilgaala 3

Barruu dhaggeeffatte bu'uura godhadhuutii gaaffilee asitti aananii jiran deebisi.

- 1) Bu'aa kalaqaa leeccalloon isaanii waan qabatamaa lafarra jiru ta'eefi yaada sammuu dhala namaa ta'e himi.
- 2) Akka barruu dhaggeeffatteetti ka'umsi hojii kalaqaa maal ta'uu danda'a?
- 3) kalaqtoonni hojii kalaqaa itti fufsiisanii jiraachisu jechuun maali?
- 4) Kalaqi waan hawaasa tajaajilu ta'uusaatti dabalee faayidaa maalii kenna?

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4



1. Fakii asiin olii kanarrraa maal hubatta?
2. Walaloo hurursaa daa' immanii asiin gaditti dhiyaate barsiisaakee hordofii afaniin jedhi.

Uruuruu yaa mucaakoo

Sinbinne yaa sinbinnee

Saani mooraa sinbinnee

Calleen golaa sinbinnee

Garaa toletu si fide

Garaa toleef haa tolu

Waaqa keenyaaf haakennu

Aannanii boossu dhugi

Qabeen qammana hinqabu

Qoraaseen sii naqeera;

Hirribaa jettu rafi

Itilleen huba hinqabu

Haxaayee sii afeera.

Mucaako maaltu dhaanee?

Qananiitu dhaane malee

Kooratu boossisa malee

Koora haboowuu lakkisi

Qananii hinlakkisiini

Xinnayyoon hamma qubaa

Urgaan damma qumbiitii

Mi'aan damma soogiddaati

Uruuruu yaa mucaakkoo...!

Mucaa koo xinnayyoo koo.

Haati mucaa simbiraa

Obboroo kaatee wacci

Barii kaatee dubbatti

Haadha mucaa na godhi

Obboroo nadammaqsi

Warra guddaa nagodhi

Warra natti dheeressi ...

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5

A) Gaaffilee armaan gadii muuxannoo keerraa ka'ii deebisuu yaali.

- 1) Hojii namni madda galii godhatee ittiin jiraatu maal maal beekta?
- 2) Hojii mataa ofii nama akkamiitu uummachuun itti jira jettee yaadda?

- 3) Namoonni hojii mataa isaanii uummatanii milkaa'uu danda'uu? Moo hanguma hojii miindeffamanii hojjetan argatanitti hojjetamuu qabudha?

B) Jechoota asin gadii kana hiika isaan bakka galmaa isaaniitti qabaachuu danda'an tilmaami.

- 1) Dararamaa
- 2) Carraa
- 3) Muuxannoo
- 4) Suphuu
- 5) Afuu
- 6) Fooyyessuu



Gilgaala 6

Dubbisa hojii uummachuu jedhu otuu dubbisaa jirtuu shaakala bakka duw-waa guutuu kana dalagi.

Hojii kalaqaa obbo Ahmad Hasan	
Tokko	
Lama	
Sadii	
Afur	

Tokko	
Lama	
Sadii	
Afur	



Hojii Uummachuu

Yeroo ammaa addunyaan akka waliigalaatti Afrikaan immoo addatti bakka itti lammileen hojii dhabiinsaan hedduu **dararamaa** jiranidha. Rakkoo kana keessaa bahuufis mootummoonni biyyoota garagaraas ta'e hayyoonni dhimmichi isaan ilaallatu akkas jedhu; "Lammileen dhuunfaadhaanis ta'e gareedhaan walitti gurmaa'anii hojii mataa isaanii uummachuutu itti jira". Haaluma kanaan, biyya keenya Itoophiyaa keessatti namoonni hojii mataa isaanii uumma-chuurra darbanii lammilee biroof sababa **carraa** hojii ta'an heddu ta'uu baatanis kanneen milkaa'inaan maqaan isaanii ka'us nijiru.

Obbo Ahimad Hasan Sukkaaree jedhamu; jiraataa godina Gujii magaalaa Bulee Horaati; akka lakkoofsa bara Itiyoophiyaa 2013tti

maanguddoo umrii 64 xumuran yoo ta'an hanga kutaa 8tti qofa baratan. Gaafa umrii barnootaa jalqabaarra turan, mana barnootaa dhiheenyatti argachuu waan dadhabaniif barnoota isaanii kutaa saddeetitti addaan kutanii konkolaachisaa gargaaraa ta'uun hojjechuu jalqaban. Yeroo dheeraa otuu itti hinfudhatiin gara ofii ofdanda'anii konkolaachiisuutti darban. **Muuxannoo** gaafa konkolaachisaa gargaaraa turaniifi ofdanda'anii konkolaachisaa turanirraa argataniin konkolaataan yommuu miidhamtu deebisanii hojjechuu ykn **suphuus** eegalan. Bakka jireenyaa isaanii sanatti namoonni rakkoo konkolaataa isaaniif obbo Ahimad Hasan bira dhaquunis baramaa ta'e. Booda hojii konkolaachisummaarra turuu caalaa kan isaan fayyadu gara suphaa konkolaataatti deebi'uu ta'uu of amansiisanii konkolaachisummaa dhaabuun gaaraajii galanii hojjechuu jalqaban. Achumaanis garaajii mataa isaanii dhaabbachuu danda'an. Yeroo dheeraas otuu isaanitti hinfudhatiin garaajii banatan sanas gara Indastiriittii guddifatan. Yeroo ammaa kana gaaraajii isaanii kessatti hojjettoota hedduu qacaranii hojjechiisaa jiru.

Maanguddoon kun dandeettii kalaqaa **uumamaan** qabaniin mirga abbummaa kalaqaa afur Ministeera Saayinisiiifi Teeknolojiitti Waajjira Mirga Abbummaa Kalaqaa Itoophiyarrraa beekamtii argataniiru. Kalaqawwan ittiin beekamtii argatan keessa tokkoo maashina buna dhiqu. Maashinni kun bunni bishaan keessa taa'ee sadarkaan qulqullina isaa akka hin hir'anne gargaara. Hojii qophiifi gurgurtaa maashina kanaa keessatti hojjettoota hedduutu carraa hojii argatee jira. Inni lammafaan ammoo, maashina dhakaa warqee daaku foyyeesson. Yeroo ammaa kana waldaaleen dargaggoottaa albuuda warqee baasurratti eeyyama argachuun hojjataa jiran 16 tokko tokkoon isaa kan miseensota hedduu ofirraa qabu wagga lamaa as maashina kalaqa isaanii kanatti gargaaramuun hejjechaa jiru. Kan sadaffaa maashina buna dhiqame boollaa baasee siree irratti **afu** hojjetan. Kan arfaffaa baabura midhaan daaku kan anniisaa elektiriikii humna fardaa 5.5 qabutti **fooyessuun** hojjatanii beekamtii itti argatan.

Obbo Ahimad bara 2004ttis A.L.I namoota sadarkaan barnootaa isaanii digrii sadaffaa ta'e dabalatee namoota hojii kalaqaa isaanii dhiyeeffatan 598 wajjin dorgomanii akka biyyaatti tokkoffaa bahuudhaan badhaasa qarshii 150,000fi beekamtii argatanii turan. Hojiin kalaqaa isaanii hundinuu isaaniifis namoota biroofis madda hojii ta'ee tajaajilaa jira.



Gilgaala 7

Bu'uura hubannoo dubbisa irraa argatteen himoota sirrii ta'an dhugaa kanneerneen dogoggora ta'an immoo soba jedhii deebisi.

1. Hojii uummachuun kan barbaachisu waan hojiin mootummaa hinjirreefi.
2. Hojii mataa ofi uummachuu keessatti barnoonnis ta'e muuxannoon waan gumaachan hinqaban.
3. Hojii uummachuun hanga gaafa hojiin mootummaa argamuutti.
4. Rakkoon hojii dhabuu rakkoo namoota barnoota xumuranii taa'anii qofa.
5. Hojii mataa ofi uummachuuf gargaarsi mootummaa dirqama.
6. Namni hojii mataa isaa uummatu namoota biroofi mootummaas nifayyada.
7. Maashinni buna Obbo Ahmad Hasan uuman kan buna daakee gabaaf dhiheessudha.
8. Obba Ahmad Hasan hojii uummattan sanaan ofis fayyadanii namoonni biroo hedduu itti fayyadamuu danda'aniiru.
9. Hojii uummachuun kan danda'amu dandeettii waa kalaquu yoo qabaatan qofa miti.
10. Hojiin obbo Ahmad fakkeenyaa namoota otuu barnoota olaanoo hinqabaatiin milkaa'aniiti.

Barannoo 4: Barreessuu - Gosoota Hima



Himoota gosa tajaajila kennaniin/faayidaa oolaniin bakka afuritti qooduun ni danda'ama:

1. Hima himiinsaa
2. Hima iyyaafataa
3. Hima ajajaa
4. Hima raajeffanna

1) Hima himiinsaa



Himni akkasii kun dhugaa yookiin haqa jiru ibsa. Himni gosa kanaa ergaa barreessaa dubbisaadhaan gahuudha. Kana jechuun, barreessaan waan akka dubbisaan beeku barbaadu ragaas ta'e waan biraan kallatti-idhaan itti dhaama. Himni himiinsaa dhuma isaarratti tuqaa (.) fudhachuun xumurama. Fkn;

1. Jimmi biyya Abbaa Jifaar jedhama.
2. Bishaan gadi yaa'a.
3. Torbeen tokko guyyoota torba qaba.

2) Hima Iyyafannaa

Gosa himootaa keessaa inni lammataa hima iyyaafataa dha. Himni kun kan ergaa dabarsuu osoo hinta'iin kan ragaa gaafatudha. Barreessaan yookiin dubbataan waan baruu yookiin beekuu barbaade tokko nama isa dhaggeeffatu yookiin nama hima isaa dubbisu kanarraa waa baruu yoo barbaade itti fayyadama. Dhuma himaa kanarrattis mallattoo gaaffii (?) kaa'uu qabna.

Fakkeenyaf:

- a) Kitaaba kana meeqaan bitte?
- b) Manni keessan eessa?
- c) Yuunivarsiitii kamitti barachuu feeta?

3) Hima Ajajaa

Gosti hima kanaa akka himoota kanaa olitti eeramanii ergaa dabarsuu yookiin gaafachuu osoo hinta'iin barreessaan yookiin dubbataan akka dubbisaan yookiin dhaggeeffataan waan itti himame sana raawwatu fedha guddaa qabaachuu isaa agarsiisa.

Himni kun humna ajajaa qabaachuu isaa kan muli'su mallattoo (!) kana dhuma hima sanarraati agarsifama. Fkn:

1. Ka'ii deemi!
2. Balbala cufi!
3. Eedsiirraa of eegaa!



Himooni akkasii kun akka namni isaan dhaga'ee akka waa raawwatu barbaadu. Fakkeenyaaf, tokkoffaan namni hima kana dhaga'e ka'ee akka deemu ni eegama. Lammataarrati immoo akka balbala cufu ajameera. Isa sadaffaarratti namni hima kana dubbise yookiin dhaga'e akka Eedsiirraa of eeggatu ajaja dabarsa barreessaan yookiin dubbatan.

4) Hima Raajeffannaa

Himni raajeffannaa taatee addaa ajaa'ibsifamaa, dinqisiifamaa ykn rifaasisaa ta'e tokko himuuf kan ooludha. Dhuma isaarrattis mallatoo raajeffannaa fudhatee xumura. Fkn:

- 1) Banne! Banne! Maali sun?
- 2) Ajaa'iba!
- 3) Ajab! Waraabessi guyyaa deema!
- 4) Raajiidha!



Gilgaala 8

A. Fakkeenya siif kenname hordofiti himoota asiin gadii tajaajila isaaniin adda baasi.

Fkn:

- A) Namni qilleensa malee jiraachuu hindanda'u. = hima himiinsaa
- B) Manni kun kan eenyuutii? = hima Iyyaafannoo
- C) Ajaa'iba! Namichi miila malee konkolaataa oofa! = hima raajef-fannoo
- D) Dirqama kee bahi! Mirgakee gaafadhu! = Hima ajajaa
 - 1) Biyyi Keeniyyaa jedhamtu ardii Afrikaa keessatti argamti.
 - 2) Raajiidha! Dubartiin tokko daa'imman ja'a yeroo tokkotti deesse.
 - 3) Kaleessa daree barnootaa dhuftee turee?
 - 4) Tamboo xuuxuun fayyaarratti miidhaa qaba.

- 5) Manaa baatee ala hinbuliin!
- 6) Nama kamiyyuu hinarrabsiin!
- 7) Maallaqa moo ulfina wayya?
- 8) Safuu! Qulluma deemtikaa!

B. Fakkeenya siif kenname hordofuun, himoota tajaajila isaan kennuu danda'an waliin barreessi.

Fkn:

- A) Torbeen tokko guyyoota torba qaba. = Hima Himiinsaa
- B) Aduun karaa bahaan baatee karaa lixa lixxi. = Hima Himiinsaa
- 1) _____ .
 - 2) _____ .
 - 3) _____ .
- C) Har'a laaqana nyaatteettaa? = Hima Iyyaafannoo
- D) Manni barumsaa kee eenyu jedhama? = Hima Iyyaafannoo
- 4) _____ ?
 - 5) _____ ?
 - 6) _____ ?
- E) Ganamaan ka'ii gara mana barmsaakee deemi! = Hima Ajajaa
- F) Otuu nyaataaf hintaa'iin dursii harkakee dhiqadhu! = Hima Ajajaa
- 7) _____ !
 - 8) _____ !
 - 9) _____ !
- G) Waraabessi guyyuma dhufekaa! Ajab! = Hima Raajeffanna
- H) Umrii ishee 15tti digrii sadaffaa xumurtee? Raajiidha! = Hima Raajeffanna
- 10) _____ !
 - 11) _____ !
 - 12) _____ !

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa - Hiika Kallattii



Gilgaala 9

Jechoota dubbisa keessaa fudhataman asiin gadii hiika kallatti isaan qaban kenniitii hima ittiin ijaari.

- 1) Dararaa (key. 1)
- 2) Gurmaa'ina (key. 1)
- 3) Carraa (key. 1)
- 4) Milkaa'ina (key. 2)
- 5) Muuxannoo (key. 2)
- 6) Miidhama (key. 2)
- 7) Uumamaan (key. 3)
- 8) Boolla (key. 3)
- 9) Anniisaa (key. 3)
- 10) Madda (key. 3)

Barannoo 6: Caasluga-Gaaleefi Akaakuu lsaa



Gilgaala 10

- A) Kanneen toora 'A' jalatti hammattuu keessa jiran kanneen toora 'B' jala jiran wajjin walitti firoomsi.

Fkn;

- a) Toltuun [uffata aadaa] qulqulluu uffatteetti. **Gaalee Maqaa**

A

1. Leencichi [bosonuu guddaa] ajjeefate
2. Barsiisaan keenya [gara manaa] deeme
3. Mucaan [waan dadhabeef rafe]
4. Naasiseen [barnootaan cimtuu]dha
5. Eebbaan Finfinneerra [kaleessa] dhufe
6. Hoolicha [qarshii kuma sadiin bite]
7. Margaan [hojii isaa gad lakkise]
8. Ganamaan kaatee ameeyyii [daddafiin] elmite
9. Bineensichi dhufee [mana jala] taa'e
10. Qe'een isaanii [baay'ee bareedee] ture

B

- A. Gaalee maqaa
- B. Gaalee maqibsaa
- C. Gaalee durduubee
- D. Gaalee gochimaa
- E. Gaalee tajaajila gochibsaa

Boqonnaa 3: Araada

Kaayyoowwan

Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti:

- ☞ maalummaa araadaa yommuu gaafatamtu nihimta;
- ☞ miidhaa araadni qaqqabsiisu himuu nidandeessa;
- ☞ durdurii Oromoo gaafattee dhufuun kutaa keessatti afaaniin himuu nidandeessa;
- ☞ barruu dubbisaaaf dhiyaate dubbistee maalummaa baala sammuu hadoochaa, faayidaafi miidhaan isaa maal akka ta'e himuu nidandeessa;
- ☞ himoota sasalphoo mathima, antimaaifi gochima tokko tokko ofirraa qabu barreessuu nidandeessa;
- ☞ jechoota hiika dhokataa qaban dubbiifi barreeffama keessatti fayyadamuu nidandeessa;
- ☞ himoota garagaraa siif dhihaatan keessaa gaalee maqaa adda baaftee agarsiisuu nidandeessa;
- ☞ gaalee maqaa barreessuu nidandeessa.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu

The illustration shows a social gathering at a bar. On the left, two men are sitting on a bench, one holding a green plant. In the center, a bartender in a white shirt and red apron serves drinks to several patrons. One patron is a man with a beard and a yellow jacket, another is a woman in a green jacket, and a third is a man in a grey shirt. On the right, a man with a beard and a blue shirt is smoking a cigarette. A small icon of a clipboard and pencil is in the top left corner, and the word "Gilgaala 1" is written above the scene.

A) Gaaffilee asiin gadiirratti mee yaadakee kenni.

- 1) Fakkii armaan oliiraa maal hubatta?
- 2) Wantoonni araada namatti ta'an maal fa'i?
- 3) Miidhaa araanni namarraan ga'uu danda'a jettu irratti hiriyyaa kee wajjin maree taasisiitii dareef gabaasi.
- B) Jechoota armaan gadii kana hiika isaan qabaachuu danda'an tilmaami.**
- | | |
|---------------|---------------|
| a) Miidhama | f) Aarsuu |
| b) Balaa | g) Alanfachuu |
| c) Jaarmiyaa | h) Fuunfachuu |
| d) Mirqaansuu | i) Oomisha |
| e) Gamisa | j) summaa'aa |



Gilgaala 2

- A) Barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa barruu asiin gaditti dhiyaate guuti.**

.... Araadni yeroo baay'ee _____ (1)

darbeefi rakkoo ijoollummaatti nama muudatu irraa kan
_____ (2). ... namni araada qabu baay'een

garuu duuba isaarrraa miidhama ni qabaata. Miidhama _____

(3) yeroo darbe tokko keessatti isa muudate jalaa _____

(4) ykn waan sana _____ (5)

dhiisuuf waan namoonni godhan keessaa tokko gara _____

(6) xuuxuu ykn dhugaatii _____ (7) seenuudha.

Kun immoo irra deddeebi'amme gaafa raawwatamu wanta sana
_____ (8); dhaabuu yoo fedhanis dhiisuuf

hindanda'an; ... kanneen beekamoo ta'aniifi sadarkaan miidhaa
geessisuu isaanii olaanaa ta'e dhugaatii alkoolii, _____ (9),

qoricha mirqaansuufi _____ (10).



Gilgaala 3

Barruu dhaggeeffatte bu'uura godhadhuutii gaaffilee asitti aananii jiran deebisi.

- 1) Barruu dhageeffatterraa akka hubattetti wantoonni bebbeekamoon araada nama qabsiisan maal fa'i?
- 2) Wantoonni araada nama qabsiisan akkamiin fudhatamu?
- 3) Araadni ka'umsi isaa maal ta'uu danda'a?
- 4) Sababa fayyadamtoota tambootiin namoонни mil. 1.2 ta'an wagga waggaadhan ni du'u. Kun maal jechuudha?
- 5) Namоонни tamboo xuuxan umriin isaanii giddugaleessaan wagga 10f hir'isa jechuun maali?

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4

- 1) “Tamboo xuuxuun faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala” mata duree jed-hurratti kanneen yaadakee deeggaran wajjin ta'ii yaada faallaa kee mormi.
- 2) Oduu durii dhaamsi isaa araada wajjin walqabatu maatiikee ykn hiriyyaakee iraa kan gaafatte dareekeef afaniin himi.

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5

- 1) **Gaaffilee armaan gadii waanuma dur beekturraa ka'ii deebisi.**
 - 1) Namoonni jimaa, tamboo, dhugaatii alkoolii maaliif fayyadamu sitti fakkaata?
 - 2) Baala sammuu hadoochan waan jedhamu dhageessee beekta yoo ta'e maal maali?
 - 3) Naannoo ati jiraattutti waan namoonni ofcimsuuf ykn ofgammachisuuf ofitti fudhatan jira yoo ta'e maal maali?

- 2) **Jechoota asiin gadii kana hiika isaan bakka galmaa isaaniitti qabaachuu danda'an tilmaami.**

a) Hadoochoaa	e) Saaxiluu
b) Mirkana	f) Oomishtummaa
c) Laamsha'u	g) Baraaramuu
d) Jeequmsa	i) Aggaame



Gilgaala 6

Dubbisa baala sammuu hadoochaa jedhu otuu dubbisaa jirtuu shaakala kana dalagi.

- 1) Miidhaan ykn dhibeen baala sammuu hadoochaarraa kan ka'e nama mudatan maal fa'i?



Baala Sammuu Hadoochaa

Baalli sammuu hadoochu qorichoota sammuu hadoochan jedhamanii sadarkaa addunyaatti fayyadamni isaanii seeraan kanneen dhorkaman, to'anno ala ta'anii kanneen omishamaniifi bifa daldala seeraan alaan kanneen daddabarfaman keessaa tokkodha. Qorichooni kun aadaa, hawaasummaa, haala jirenyaafi diinagdee biyyaa irrattis kanneen miidhaa hagana hinjedhamne qaqqabsiisanidha. Keessumaa, miidhaan baalli sammuu hadoochu fayyaa hawaasaafi diinagdee irratti fidu guddaadha. Namoonni dhimma kanaan miidhaman yeroo baay'ee ofis ajjeesu; namas ajjeesu. Amalli kun rakkoo sammuu baalli hadoochaa fidu wajjin akka walqabatus **mirkana**.

Kana malees, rakkoo kanaan qabamuun, **laamsha'ina** qaamaafii **jeequmsa** hirribaaf nama **saaxila**. Dabalataanis, dhibeewwan kan akka HIV/AIDSfi dhukkuba tiruu "hepatitisi B" jedhamuuf nama saaxila. Fayyadamtooni qorichoota kanaas baay'inaan fayyadamuu isaanii'rriaa kan ka'e sammuu isaanii irratti miidhaa guddaatu qaqqaba; umriin jirenya oomishtummaa namoota hedduus nibada. Qorichooni seeraan dhorkaa ta'an, baala sammuu hadoochaa dabalatee, kookeeyin, heeroyiin, hashish, baarbitureetiis, sedatibees, tiimboofi dhugaatii alkoolii fa'i.

Akka gabaasa Dhaabbata Fayyaa Adduunyaa bara 2013tti, adduunyaa irratti tilmaamaan namoonni miliyoona 246 ta'an qoricha dhorkaman fayyadamu. Akka gabaasichaatti, tilmaamaan namoota baala sammuu hadoochaa fayyadaman keessaa 187, 000 kan ta'an umrii isaanii otuu hinga'iin du'u; namoonni miiliyoona 162-324 umriin isaanii 15-64 jidduu jiran baala sammuu hadoochu keessumaayyuu kaanaabisifi kookeeyin fayyadamu. Biyya USA keessatti namooti 500,000 ta'an waggaan waggaan sababa baala sammuu hadoochaan lubbuu isaanii kan dhaban yoo ta'u akka waliigalaatti namoota afur keessaa tokko biyya sana keessatti alkoolii ykn tamboo ykn baala sammuu hadoochu fayyadama.

Qorichootaafi baala sammuu namaa hadoochan ilaalchisee

odeeffannoona amanamaa, baldhaafi waliigalaa ta'e Afrikaa keessa hinjiru. Haata'u malee, ragaan muraasni jiru akka ibsutti, Afrikaa dhihaafi giddu galeessaa keessatti namoonni kaanaabiis fayyadaman jiraattota naannichaa hanga dhibeentaa 12.4 niga'u. Itoophiyaa keessattis qorichoota sammuu nama hadoochan fudhachuuun akkuma biyyoota guddachaa jiranii rakkoon isaan fidan dabalaan dhufeera. Walitti dhiheenyi addunyaafi dinagdee gabaa bilisaa, rakkooowwan kunniin akka itti caalaniifi akka babal'ataniif karaa bananiiru. Biyyi Itoophiyaas bittaa warra koloneeffattootaa jalatti kan hinkufne taatullee balaa kana jalaa garuu baraaramuu hindandeenye. Rakkooowwan kun gara fuula duraatillee yaaddoo guddaa uummataa addunyaa hundaa ta'ee itti fufa. Itoophiyaa keessatti baalli sammuu hadoochaa baay'ee fayyadaman hashiishiifi kaanabiisiidha.

Walumaagalatti, rakkoon kun Itoophiyaas dabalatee akka sadarkaa addunyaatti bifa weeraraan tatamsa'uu irratti waan argamuuf, callisuun fala hinta'u. Kanaafuu, balaan kun dhaloota abdii borii irratti kan aggaameefi ajjeessaa jiru waan taheef, rakkoo kana dhabamsiisuuf qaamni mootummaa, mit-mootummaa, hawaasni bal'aan, mootummoonni biyyoota addunyaa martinuu hariiroo cimsuudhan kan irratti duulan, yeroon isaa ammadha. Hayyooni qo'annoofi qorannoo gad-fageenyaan adeemsisuudhan furmaata fiduuf akkasumas haala rakkoo kana dhabamsiisuufi ittisuun danda'amu irratti yeroo yeroodhan hubannoofi beekumsa uummataa fooyessuu qabu.



Gilgaala 7

- A) **Bu'uura hubannoo dubbisa irraa argatteen gaaffilee filannoo asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.**
- 1) Qorichoonti sammuu hadoochan:
 - A) Fayyadamni isaanii seeraan dhorkaadha
 - B) To'annoona ala ta'anii oomishamu
 - C) Daldala seeraan alaan daddabarfamu
 - D) Hunduu Deebiidha
 - 2) Itoophiyaa keessatti baalli sammuu hadoochaa maqaa hindhahamne:
 - A) Hashishii B) Kaanabiis C) Kookeeyin D) Hunda

- 3) Baala sammuu hadoochaa biyyaa biyyatti wantoonni babal'isan keessatti kan hin'ilaalamne:
- A) Walitti dhufeenya biyyootaa
 - B) Gabaa bilisaa
 - C) Bittaa koloneeffattootaa
 - D) Kooluu galtoota
- 4) Miidhaa baalli sammuu hadoochaa geessisu dura dhaabbachuuf qaamonni hirmaachuu qabu jedhamanii dubbisicha keessatti hin'eeramne:
- | | |
|-------------------|----------------------------|
| A) Mootummaa | B) Jaarmiyaa Mit-mootummaa |
| C) Hawaasa bal'aa | D) Geejjibdoota |
- 5) Miidhaa baala sammuu hodoochaa dhaabsisuuf dirqama hayyotarraa eegamu kan hintaane?
- A) Hubannoo hawaasaa cimsuu
 - B) Miidhaa baalli sammuu hadoochu geessisurratti qorannoo gaggeessuu
 - C) Bu'aa qorannoo baala sammuu hadoochaarratti argatan uummata biraan ga'uu
 - D) Namoota baala sammuu hadoochaa fayyadaman qaama mootummaaf saaxiluu
- 6) Miidhaa baala sammuu hadoochaa keessatti kan hinkaane:
- | | |
|-------------|----------------|
| A) Fayyaa | B) Hawaasummaa |
| C) Dinagdee | D) Mirqaana |
- 7) Biyyoota jimaan keessatti biqilu keessaa kan hintaane:
- | | | | |
|---------------|-------------|----------|--------------|
| A) Itoophiyaa | B) Keeniyaa | C) Yemen | D) Ameerikaa |
|---------------|-------------|----------|--------------|
- B) Gaaffilee asiin gadii bu'uura barruu dubbistee hubatteen deebisuu yaali.**
- 1) Baala sammuu hadoochaa kanneen jedhaman maal maali?
 - 2) Baalli sammuu hadoochaa bifaa weeraraan tamsa'aa jira jechuun maal jechuudha?
 - 3) Fayyadama jimaan gara USAfi Awurooppaatti ceesisaan kan jiru eenu?
 - 4) Rakkoo fayyaa fayyadamni baala sammuu hadoochaan qaqqabsiisu bareesi.

Barannoo 4: Barreessuu-Hima Salphaa

Himni idileen tokko, Afaan Oromoo keessatti matima, antimaafi gochima qaba.



Matimni hima keessatti abbaa dhimma raawwatame sana dalagedha.
Fakkeenyaaaf, hima kanaa gadii ilaali.

- Galgaloon loon bobbaase.

Himaa kana keessaatti:

Galgaloon – matima, kan adeemsa loon bobbaasuu raawwate.

loon – antima, kan dalagaan irratti raawwate.

Bobbaase - gochima, gosa dalagaa raawwatame.

Tarreen teessuma isaanii: matima, antima, xumura (M-A-X) ta'a jechuudha. Tariiba kana otoo hineegiin yoo barreffame hima dogoggoraa ykn hima afaan barreffamaa otuu hintaane kan afaan dubbii ta'a.

Antima jechuun hima tokko keessatti waan matimni dalage eenyu irratti akka tahe adda baasee kan agarsiisudha; karaa biraatiin kan dalagaan irratti raawwate irraawatama jechuudha. Fkn;

- Sarichi somba nyaate.

Hima kana keessatti jechi, “somba” jedhu antima hima kanaati.

Caasaa Afaan Oromoo keessatti gochimni dhuma himaa irratti kan argamu tahee, akka utubaa ol aanaatti ilaalamu. Sabaabiin isaas, himni gochima hinqabne jiraachuu waan hindandeenyeefi. Gochimni waan matimni dalage ifa godhee agarsiisa.

Fkn;

- Barsiisaan kitaaba dubbise.

Jechi gochima hima kanaa, “dubbise” isa jedhu. Waan barsiisaan (matimni) hojjete nutti hima. Kan dalagaan irratti raawwate yookaan kan dubbifame ammoo kitaaba (antima) ta'a jechuudha.



Gilgaala 8

- A) Fakkeenyota dhiyaatan hordofitii himoota salphaa dhihaatan keessaa matima, antimaafi gochima adda baasi.**

Fkn:

- A)** Margaan Jimaa qaama'e.

Margaa = matima

Jimaa = antima

qaama'e = gochima

- B)** Tolasaan tamboo hinxuuxne.

Tolasaa = matima

Tamboo = antima

Hinxuuxne = gochima

- C) Sirbi!**

Ati = mathima

Sirbi = gochima

- 1) Dammeen hojii gaarii hojjette.

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

- 2) Gammadaa, Gammachuu fi obboleettiin isaanii as jiru.

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

- 3) Hojjettooni hojii dhaabanii?

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

4) Nyaadhaa! maaloo!

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

5) Barattooni sadarkaa hundaa qorumsa fudhataa jiru.

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

6) Jimmi rakkataa hinqabu.

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

7) Yeroon haa deemani!

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

8) Leencichi balaa qaqqabsiisee?

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

9) Dhugaatii alkoolii hinjaalladhu.

Matima: _____

Antima: _____

Gochima _____

B) **Himoota salphaa matimaafi gochima qofa qabu barreessii jala muri.**

Fakkeenyä siif kenname hordofi.

Fkn:

A) Rabbirraan kaleessa gale.

B) Ishoo! Guddadhu!

1. _____.
2. _____.
3. _____! _____!
4. _____.
5. _____.
6. _____?
7. _____!
8. _____?

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa - Hiika Dhokataa



Gilgaala 9

A) Himoota asiin gadii kessatti hiika dhokataa jechoota jala muramanii barreessi. Fakkeenya kenname kana hordofi.

A) Namichi homaa mudaan hinqabu; hoolaadhuma. = Garraamii

- 1) Warri ollaa keenyaa guyyuma yuusu.
- 2) Oromoont sibiila.
- 3) Waa'een Caaltuu hindubbatamu; isheen qeerransa.
- 4) Abbaankoo gaachana kooti.
- 5) Jarri ollaa keenya jiraatan sun rirma.
- 6) Dubbiidhaan si eddi.
- 7) Isatti waa hinhamiin; inni gingilchaadha.
- 8) Namicha hin'amaniinaa; harki isaa dhiiga.
- 9) Margaan miilana hingalu; itti cimteetti.
- 10) Afaan isaa daadhiidha.
- 11) Margaan foon kooti; attamittan lola.
- 12) Akkas hindubbiatiin bor si dhiba.
- 13) Ani homaa hinjenne; ofumaa natti sirbaa ooltee deemte.
- 14) Afaan ishee eebicha.
- 15) Amalli isaa lafa.

Barannoo 6: Caasluga-Gaalee Maqaa



Gilgaala 10

A) Himoota asiiin gaditti dhiyaatan keessaa caasaa gaalee maqaa hammattuu keessatti dhiyaatan addaan fooyi. Fakkeenyota siif kennaman hordofi.

Gaalee miiltoon isaa maqaa ta'e; (Miiltuu sadarkaa tokkoffaa)

- A) Tolaan [saawwan aannanii lama] bite.

Mataa = mataa gaalee

Aannanii = miiltuu

Lama = murteessituu

- B) Magarsaan [mana jirenyaa] qaba.

Mana = mataa gaalee

Jirenyaa = miiltuu gaalee

- 1) Caaltuun [siree sibiila] bitatte.

Mataa = _____

Miiltuu = _____

- 2) Inni [buna dhugaatii] bite.

Mataa = _____

Miiltuu = _____

Gaalee miiltoon isaa maqibsii ta'e; (Miiltuu sadarkaa lammaffaa)

- A) Toltuun [farsoo cimaa] naqxe.

Mataa = farsoo

Miiltuu = cimaa

- 3) Abdiisaan [mana jirenyaa bareedaa] qaba.

Mataa = _____

Miiltuu = _____

- 4) Caaltuun [gurbaa Oromoo dheeraa tokko] qabattee dhufte.

Mataa = _____

Miiltuu = _____

Murteessituu = _____

Gaalee miiltoon isaa bakka/iddoo mataa gaalichaa himu; (Miiltoo sadarkaa lam-maffaa)

- 5) Inni [buna dhiqamaa Jimmaa] bitate.

Mataa = _____

Miiltoo = _____

- 6) Margaan [farsoo garbuu Baalee] namoota obaase.

Mataa = _____

Miiltoo = _____

- 7) Caaltuun [muka qoraanii gammoojji] fichtisiifatte.

Mataa = _____

Miiltoo = _____

Gaalee miiltoon isaa abbummaa mataa gaalichaa himu; (Miiltoo sadarkaa lam-maffaa)

- 8) Addunyaan [hoolaa foonii diimaa Jabeessaa] bitee dhufe.

Mataa = _____

Miiltoo = _____

- 9) Gaaddisaan [sangaa qonnaa guddaa abbaasaa sana] gabaa baase.

Mataa = _____

Miiltoo = _____

Murteessituu = _____

- 10) Eebbiseen [faaya Magartuu] godhattee dhufte.

Mataa = _____

Miiltoo = _____

Boqonnaa 4: Asoosama Dheeraa

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti:

- ❖ ergaa barruu dhaggeeffattee nihubatta;
- ❖ yaadrimee asoosama dheeraa nibarta;
- ❖ seeneffama dhaggeeffatte sodaa malee irra deebitee nihimta;
- ❖ barruu dubbiste keessaa caacculee asoosamaa nibaasta;
- ❖ fedhii barruu xiinxalanii ergaa quubsaa keessaa baasuu nihoratta;
- ❖ tuqaalee gargaaramuun himoota nibarreessita;
- ❖ gosoota jechoota hiika faallaa adda nibaafata;
- ❖ himoota sirna tuqaalee qaban nibarreessita;
- ❖ gaalee maqibsaa nijaarta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Gilgaala 1

- A. **Gaaffilee armaan gadii muuxannoo keessan irratti hundaa`uun akkaataa barsiisaan/tuun keessan isiniti himeen/himteen gareen irratti mari`adhaa. Boodas yaada keessan dareef ibsaa.**
1. Kitaaba barnootaan alatti kitaabni yookiin barruun dubbistee beektu jirra? Mee waan dubbistee beektu hiriyyoota keetti himi.
 2. Asoosama dubbistee beekta yoo ta`e, mee asoosama dubbiste keessaa kanneen yaadattu hiriyyota keetti himi.
 3. Asoosamoonni walitti himtan kun garaagarummaa qabuu? Maaliin?
 4. Gosoota asoosamaa keessaa inni seeneffama bal`aa qabu maal jedhama?
- B. **Jechoota armaan gadii hiika isaanii tilmaami. Hiika isaaniis fakkeenyaaan deeggaruun ibsi.**
1. seeneffama
 2. kalaqa
 3. namfakkii
 4. yoomessa



Gilgaala 2

Barruu siif dhiyaatu dhaggeeffachaa gaffilee armaan gadiif deebii gab-aabaa kenni. Otoo dhaggeeffachuu hineegaliin dura gaaffilee dabtara keerratti galagalfadhu.

1. Asoosamni dheeraan gosa maaliiti?
2. Asoosamni dheeraan gosoota ogbarruu keessaa kanneen kam jalatti rama-dama?
3. Asoosamni dheeraan maal bu'uura godhachuun barreeffama?
4. Mudannoon seenaa asoosama dheeraa keessa jiruun walfakkaatu essatti ar-gamuu danda'a?
5. Asoosama dheeraa keessan maaltu mul'achuu danda'a?



Gilgaala 3

Gaaffilee armaan gadii waan dhaggeeffatteefi muuxannoo keerratti hundaa`u-un deebisi.

1. Ergaan waliigalaa barruu dhaggeeffattee maali? Waan hubatte bareeffamaan gabaasi.
2. Asoosamni dheeraan waa`ee maalii ibsa? Deebii kee barreeffamaan kenni.
3. Asoosama dheeraa tokko manatti dubbisuun ergaasaa barattoota daree keef afaniin gabaasi.
- Yaad-rimee asoosama dheeraa ilaalchisuun hubannoo keessan cimsachuuf waan armaan olitti dhaggeeffachuu qayyabattan yaadannoo armaan gaditti isiniif keennameen walbira qabuun ilaala.



Yaadannoo Asoosama Dheeraa

- Ogbarruun dameelee gurguddoo lama qaba: ogbarruu barreeffamaafi afoola jedhamuun beekamu. Ogbarruun barreeffamaa kanneen barreeffamaan mul'atan yommuu ta'an kanneen akka asoosamaa, walaloofi diraamaa of jalatti hammata.
- Afoolli immoo kanneen afaniin dhalootarraa dhalootatti darbanidha. Fkn. oduu durii, mammaaksa, hibboo, tapha ijoolee, sirba, geerarsaafi kkf. Akkuma duraan kaasuuf yaalle, gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko asoosamadha. Asoosamni immoo dameelee gabaabaafi dheerratti bakka lamatti caba.



Kanaafuu, asoosamni dheeraan gosoota asoosamaa keessaa tokko ta`ee kan seeneffamaan mul`atudha.

- Asoosama dheeraan hojii kalaqa dhala nama ta`ee kan barreessaan dhugaa hawaasa keessa jiruufi muuxannoo ofisaa bu`uura godhachuun hidhata sababaafi bu`aan seenaa qindeessudha.
- Asoosamni dheeraan asoosama gabaabaa caalaa seenaa dheeraa qabaachuu ni-danda`a. Waa`ee dhimma tokkos dhalootaa hanga du`aatti seenessuuf ga`umsa qaba. Sababiin isaas, yoomessa adda addaa, namfakkii hedduu, waliddaa falli isaa yeroo dheeraa fudhatu, gargaaramuun jaargochasaa babal`ifachuuf bakkaafi yeroo bal`aa qabaachuusaati.
- Kanaafuu, asoosama dheeraan seeneffama kalaqaa jiruufi jirenya dhala nama bu`uureffachuun dhala namaan dhala namaaf qophaa`udha.

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4

Barsiisaan/tuun kee durdurii isinitti himeen/himteen qalbiidhaan caqasuun duraa duubasaa eegii hiriyyoota daree keetti afaniin irra deebi`ii himi.



Gilgaala 5

Gaaffilee armaan gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. Durdurii beektu muuxannoo kee bu`uura godhachuun akkaataatti jedhamu hordofuun barattoota daree keetti himi.
2. Durduriwwan walitti himtan kun waa`ee maalii namatti himu? Mee ergaasa walitti himaa.
3. Yaadni durduriwwan kanaa maal bu`uura godhatee kan seeneffame isiniti fakkaata? Mee akkaataa barsiisaan/tuun keessan isinitti himaniin gareen irratti mari`achuun dareef ibsaa. Yaada keessanis yaada durduricha keessa jiruun deeggaraa.

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 6

- A. **Gaaffilee gilgaala kanaa muuxannoo keessan bu`uura godhachuun ak-kaataa barsiisaan/tuun keessan isinitti himeen/himteen gareen irratti mari`adhaa. Boodas dareef ibsaa.**
1. Haala barannoo duraanii keessatti dhaggeeffattee hubatteen asoosama dheer-aan maali? Qaamolee akkamii of keessaa qaba?
 2. Asoosaama tokko keessatti qaamni raawwii garaa garaa raawwatu maal jed-hama?
 3. Seenaan aoosama tokkoo maal maal gidduu galeeffachuu danda`a?
- B. **Hiika jechoota gadii tilmaamuun fakkeenyaa deeggarii ibsi.**
1. caacculee
 2. jaargocha
 3. waldiddaa



Gilgaala 7

Gaaffilee armaan gadii callisaafi saffisaan dubbisuun bakka duwwaa guuti. Gaaffilee gilgaalichaa dubbisuu keen dura dabtara keerratti galagal-chadhu.

1. Caacculee asoosamaa jedhamanii kanneen beekama-ni _____, _____, _____, _____, _____ fi _____ dha.
2. Asoosamni tokko bilchina kan qabaatu _____ isaa hundi yoo walsimatani tokkummaatiin qindaahanidha.
3. Caacculee asoosamaa keessaa _____ akka hangafaatti ilaalamia.
4. Jaargocha jechuun seenaa raawwate qofa walduraa duubaan kan dhiy-eessu otoo hintahiin _____ sababa amanasiisaatiin deegga-ree dhiyeessuu qaba.
5. Waldiddaan walitti bu`iinsa _____ asoosama yookaan seeneffa-ma tokko keessatti qooda fudhataniiti.



Caacculee Asoosama Dheeraa

Caacculee asoosamaa jechuun qaamota asoosama tokko hiika qabeessa taasisuuf barbaachisoo ta'an ykn qaamota asoosamni tokko irraa ijaramu jechuudha. Caacculee asoosamaa jedhamanii kanneen beekamani jaargocha, namfakkii, waliddaa, yoomessa, ijoo ergaafi ijadha. Caacculeen kunneen hubannaatiif akka tahuufi malee, addaan bahanii of danda'aanii qofaa hindhaabbatan. Hundi isaanii wal irratti hirkaataniitu asoosama tokko guutuu taasisu. Kanaafuu, asoosamni tokko, bilchina kan qabaatu caacculeen isaa hundi yoo walsimatani tokkummaatiin qindaahanidha.

Caacculee asoosamaa keessaa jaargochi akka hangafaatti ilaalamia. Barreessitoonni hedduun jaargocha akka lafee dugdaa asoosamaatti ilaalu. Asoosamni tokko hunda dura seenaa nutti hima. Seenichis gaddisiisaa, gammachiisaa yookaan seenaa jaalalaat ta'uu dandaha. Seenaa nama hinhawwanneefi nuffisiisaas ta'uu nimala. Walumaagalatti, jaargocha jechuun seenaa raawwate qofa waliduraa duubaan kan dhiyeessu otoo hintahiin waanti rawwate sun sababa maaliin akka raawwates sababa amanasiisaatiin deeggaree dhiyeessuu qaba. Haaluma walfakkaatuun, namfakkiin namoota ykn waantoota seeneffama tokko keessatti qooda fudhatani dha. Wantoota yommuu jennus: humna waaqaa (bubbee, rooba, bishaaniifi k.k.f.), meeshaalee, bineensota, wantoota namoomsuufi k.k.f. dha. Namfakkiin kan barreessaan tokko dhimma barbaadu sana anaaf raawwatu jedhee nama fakkessee uumuudhaan itti dhimma bahudha. Gama kaaniin, yoomessi haala (naannoo) fi yeroo gochi seenaa tokko itti raawwatudha. Jechi yoomessa jedhu kun jechoota lama 'yoom' fi 'eessa' jedhan irraa dhufe. Yoom kan jedhu yeroo gochi seeneffama tokkoo itti raawwatame yoo mul'isu, eessa kan jedhu immoo bakka/iddoo seenaan tokko itti raawwatame agarsiisa.

Dabalataanis, waliddaa jechuun walidhabbi ykn walitti bu'iinsa jechuudha. Waliddaan, walitti bu'iinsa namfakkilee asoosama yookaan seeneffama tokko keessatti qooda fudhataniiti. Kanamalees, ergaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokko yoo ta'u dhaamsa handhuuraa seeneffama tokkooti. Dhaamsa barreessaan seeneffama tokko keessatti dabarsuu barbaadedha. Dhumarrattis, asoosamni ija ittiin seeneffamu qaba. Iji kallattii yookaan bakka seenaan tokko irraa ibsamudha. Kallattii seenaan tokko irraa himamu agarsiisa. Asoosamni kamiyuu kallattii irraa ibsamu qaba. Seenaa asoosamichaa dubbisatti kan himus niqaba. Gabaabumatti, caacculeen asoosamaa kun hundi waliin ta'un asoosama guutuu tokko ijaaru.



Gilgaala 8

A. Dubbisa dubbisterratti hundaa`uun jechoota roga “A” jala jiran hii-ka faallaa isaanii roga “B” jala jiran wajjin walitti firoomsi. Deebii kees sababaan deeggari.

A

1. qofaa
2. tokkummaa
3. waldiddaa
4. ijaaruu
5. hangafa
6. guutuu
7. hawwataa
8. deeggaruu
9. walsimannaa
10. bilchaataa

B

- A. quxusuu
- B. nuffisiisaa
- C. kichuu
- D. hir`uu
- E. diiguu
- F. to`achuu
- G. garaagarummaa
- H. cimsuu
- I. waliin
- J. mormuu
- K. waldhabdee
- L. waliigaltee
- M. qananii

B. Gaaffilee armaan gadii barreeffamaa dubbisterratti hundaa`uun dee-bisi.

1. Yaada barruu dubbistee gabaabsuun barreeffamaan ibsi.
2. Akka yaada barruu dubbisteetti caacculeen asoosamaa hundi asoosama tokko keessatti argamuun asoosamichaaf faayidaa akkamii qaba?



Gilgaala 9

Asoosama itti aanee jiru callisaan, suutaafi gadifageenyaaan dubbisuun caacculee asoosamicha adda baasi. Deebii kees kan hiriyyoota kee waliin dorgomsiisi; boodas dareef ibsi.

1. Namfakkiilee asoosamicha keessatti argaman tarreessi.
2. Bakki seenichi itti raawwate eessa?
3. Waldiddaan asoosama kanaa eenyuufi eenyu gidduutti uumame?
4. Ergaan asoosamicha maali?



Yaa Bada Jirenyaa!

“Yaa baraa! Finfinnee keessatti jirenyi akkas ulfaata jedhee takkaa yaadee hinbeeku. Daldaloonni biyya kanaa maqaa gabaa walabaatiin jirenya nutti hadheessaa jiru. Namni hunduu jirenyi humnaa ol itti taanaan lafa baqaa barbaaddataa jira. Anoo maalan qabaayiin eessa dhaqa?” jedhee Qajeelaan yaada buusee baasa. Namni kan kooti jedhee guyyaa tokkoof abdatullee hinjiru. Hiriyaasaa Galaanaa waliinis erga addaan bahaanii wagga hedduu lakkofsisianniiru. Lamaanuu magaala Finfinnee keessa haa jiraatani malee walarganii hinbeekani.

Galaanaan kutaa bulchinsa Gullallee keessatti mana daldalaan banatee nama qabeenyaan of gahee jiruudha. Haata`umalee, Qajeelaaf jirenyi akka Galaanaa hinmilkofneef. Maatii isaas nyaachisee, manas kireeffatee jiraachuun waan daran isatti ulfaateef Finfinnee dhiissee baadiyaatti galuuf murteeffate. Deemsa karaa eegalee otoo baay`ee hinfagaatiin nama bara hedduuf addaan bahe Galaanaa waliin walarge. Ijasaa amanuu hindandeenye; lamaanuu naasuun bakka dhaabbatanitti goganii hafani. Akkuma ta`an ta`anii ija mararteen wal ilaala walitti marmanii nagaa walgaafatani. Qajeelaan haadha warraa isaa Beektuufi ilmasaa Caalaa waliinis walbarsiise. Lachuu hojii Waaqaatti raajamanii walarguu isaaniitti akka baay`ee gammadan walitti himan.

Boodas, Galaanaan hiriyyaasaa Qajeelaadhaan maatiifi meeshaa garaa garaa qabatee eessa akka deemaa jiru gaafate. Qajeelanis jirenyi itti hammannan akka Finfinnee gara baadiyaa Giinciitti baqachaa jiru itti hime. Galaanaanis yaada isaatti raajamuun gaddis itti dhagahamee “maal akkam?” jedhee gaafate. Qajeelanis waan hunda yaalee dadhabee jirenyi humnaa ol itti taanaan akka kana murteesse itti hime. Galaanaanis akkas isaan jedhe “Rakkachuu dandeessa, garuu ammoo baqachuu maaltu fide? Hinta`u, waan taanu waliin taana malee magaala kanaa baatee hindeemu. Waan sibarbaachisu anuu singargaara obboleessa koo, amma ofirra deebi`i” jedhe. “Yaa Galaanaa! bubbii akka ati jettu laayyoo miti maaloo nadhiisi bakka nagaheeru anatu beeka. Anis karaa koon deema atis karaa kee deemi. Waa hundaafuu baga walagine inni ati jettu garuu waan ta`u miti” isaan jedhe. Galaanaan, “Jirenya hinbaqtanii jala dhaabbatu malee, akkam baqatta? hinta`u” jechuun morme. Qajeelaanis dabareesa, “Ani murteeffadheera waan ati jettuun duubatti hindeebi`u” jechuun daandiisaa itti fufe.

Barannoo 4: Barreessuu-Akaakuufi tajaajila tuqaalee



Gilgaala 10

Shaakala tuqaalee gargaaramuun himoota barreessuu

A. **Gaaffilee armaan gadii akkaataa barsiisaan/tuun keessan isinitti himeen/himteen gareen irratti mari`adhaa.**

1. Tuqaalee xumuraa boqonnaa tokko jalatti barattee turte. Mee tuqaalee sanaafi kanneen biroo waan beektu tarreessi.
2. Tuqaaleen barreeffama keessatti mallattoo barbaachisaadhaa? Maaliif?
3. Hima gaaffii tokko yeroo barreessitu xumurarratti mallattoo isa kam gargaaramta?
4. Hima himamsaa yeroo goolabdu tuqaa kamitti dhimma baata?

Akaakuufi Tajaajila Tuqaalee



Mee yaadannoo armaan gadii yaada olitti kennitaniin walbira qabaa ilaala. Tokkoo tokkoo tuqaalee jalattis fakkeenya kenname bu`uura godhachuun fakkeenya mataa keessanii dabaalaa kenna. Erga hubattanii dabtara keessan irrattis barreeffadhaa.

Tuqaaleen mallattoowwan barreeffama keessatti iddo olaanaa qabaniidha. Yoomiifi eessatti tuqaaleetti akka fayyadmurratti beekumsi qabnu ergaa barreeffamaan dabarsuu barbaanurratti dhiibbaa guddaa qaba. Kunis haalaan dhimma itti bahuun barbaachisaa ta`usaa nuhubachiisa. Ta`uu baannaan garuu ergaan dabarsinu maquu danda`a. Tuqaaleen walakkaattis ta`e dhumarratti dhufuu kan danda`an yommuu ta`an hundi isaanii barreeffama keessatti waliin yookiin qofaa qofaatti dhufuu tajaajila garaa garaa kenu. Kanneen kanas haala itti aanee jiruun fakkeenya waliin tokko tokkoon ilaalla.

1. Qoodduu (,)

Akaakuun tuqaalee kanaa kanneen keessoo himaatti argaman keessaa isa tokko. Qoodduun tajaajila hedduu kan qabu yoo ta`u haala armaan gadiin adda baasna.



1.1 Waantota hima tokko keessatti tarreffaman adda baasuuf tajaajila.

Fkn. a. Tolasaan, Warqituun, Biiftuufi Mangashaan kaleessa waliin dubbisaa turan.

- b. Dhalli namaa jiraachuuf nyaata, dhugaatii, uffata, qilleensaafi mana barbaada.

1.2 Guyyaafi bara addaan baasa.

Fkn. a. Boonsaan Hagayya 20, 1989 dhalate.

- b. Fulbaana 5, 2011

1.3 Nama ergaan darbu sun kallattiin ilaallatu addaan baasuuf tajaajila.

Fkn. a. Badhaasaa, hara`a waliin dubbisuu qabna.

- b. Toltuu, hojiin hojette boonsaadha.

1.4 Ciroowwan of danda`oofi hirkatoo adda baasuuf.

Fkn. a. Otoon ishee ta`ee, mana barumsaa hinhusu.

- b. Hanga fedhe barattuullee, dubbisuu hindhiisiin.

1.5 Walqabsiistota himoota walqabsiisan booda gala.

Fkn. a. Boontuun yeroo hundaa nidubbifti. Waan ta`eefis, tokkoffaa baate.

- b. Naasir yeroo haalaan kabaja. Haata`u malee, hojii manaa hinhojjetu.

1.6 Ibsitoota maqaa duraan dhahame jechoota kanneen birooraa addaan baasee agarsiisa.

Fkn. a. Galaanaan, abbaan manaa Yaadashii, kaleessa gara Finfinnee deeme.

- b. Samiiraan, obboleettiin koo, daldaltuu cimtuudha.

1.7. Seensistoota hima jalqabsiisan booda gala.

Fkn. a. Akka yaadaatti, lammiiin barate biyyaaf gaariidha.

- b. Akka kootti, lammiiin lammii hinmiidhu.



2. Buufata Xiqqaa (Qoodduu Jabaa) (;)

Buufanni xiqqaan tajaajilaan qoodduutii ol yoo ta'u tuqaatiin garuu gadi. Kanaafuu, bakka lamaan isaanii galuun tajaajilaaf oola.

1.2 Ciroowwan ofdanda` oo kan qabsiistuu of keessaa hinqabne lama gidduu galuun tajaajila.

Fkn. a. Namoonni deeman; isheen achitti hafte.

b. Ani hinfayyu; ati hingaltu jette jaartiin.

1.3 Qabsiistota kanneen akka kanamalee, itti dabalee, ta'uu baatus, kanar- raa kan ka`eefi kkf dura galuun tajaajila.

Fkn. Ganamaan ka`ee mana barumsaa dhaquufan ture; haata`umalee, barumsi hinjiru.

1.4 Himoota qoodduu of keessaa qaban waliin galuun tajaajila.

Fkn. Beeladni manaa kottee-duudaa: harree, gaangee, gaalaafi farda; loon: sangaa, dhaltii, raadaafi jibicha; bushaa`ee: re`eefi hoolaa; kanneen biroo: indaaqqoo sareefi adurree fa`i.

1.5 Yaadolee walitti hirkatanii deeman adda baasuuf

Fkn. Afaan faayidaa adda addaa dhala namaaf qaba:

1. Meeshaa walquunnamtii ta`ee tajaajila;
2. Eenyummaa saba tokkoo adda baasee agarsiisa;
3. Guddina ogbarruufis bu`a qaba.

1.6 Yaada tokko dabalataan ibsuuf

Fkn. Dubbisuun gaariidha; qabxii gaashaa argachuuf gargaara.

3. Mallattoo waraabbii

Tuqaaleen waraabbii agarsiisan: mallattoo waraabbii dachaafi waraabbii qeenteetti qoodamu.

Haata`umalee lamaanuu bakka garaa garaatti tajaajilu.

3.1 Mallattoo waraabbii dacha (“ ”)



3.1.1 Yaada namootaaakkuma jirutti kallattiin yeroo fudhannu itti gargaaramna.

Fkn. Biqilaan “Daandii milkaa’ inaa keessaa tokko ciminaan hojj-echuudha” jedhe.

3.1.2 Jecha ykn gaalee waa`een isaanii dubbataamaa jiruu agarsiisuuuf tajaajila.

Fkn. Jechi ‘ogbaruu’ jedhu Afaan Ingliziitiin jecha “Literature” jedhu bakka bu`a.

3.2 Mallattoon waraabbii qeentee (‘ ’)

3.2.1 Isa dachaa keessatti waraabbiin kan biraan jiraachuusaa agarsiisuuuf gala.

Fkn. Barsiituun Afaan Oromoo, “asoosama ‘Dhaamsa Abbaa’ jedhu boritti dubbisaa koottaa!” nuun jette.

4. Tuqlamee (:)

Tuqlameen, akkuma maqaa isaa tuqaa lama kan irraafi jalatti argamudha. Tajaajila isas fakkeenyaa deeggarree haa ilaallu.

4.1 Ciroo of danda`aa yookiin hima tokko booda galuun yaada dubbisaa gara waantota tarreffamaniitti qajeelcha. Haala kanaan yaada sittan hima jedhu qaba.

Fkn. Sirni tuqaalee yaada xumuraaf oolan sadiidha: mallatto tuqaa, mallatto gaaffifi mallatto raajeffannoo.

4.2 Ciroo of danda`aa lama gidduu seenuun inni boodaa cuunfaa isa duraa ta`usaa agarsiisa.

Fkn. Waliin jiraachuun dirqamaan miti: jaalalaani.

4.3 Sa`aatifi daqiiqaa addaan baasa

Fkn. Barumsi kan eegaluu ganama sa`a 2:30 irrattidha.

4.4 Safara iskeelii agarsiisa.

Fkn. 1:1000

4.5 Reeshiyoo agarsiisa.

Fkn. Mana barumsaa keenya keessatti reeshiyoon barsiisotaafi barat-tootaa 1:50

5. Tuttuqaa (...)

Tuttuqaan irra dedeebii tuqaati.



5.1 Waantota tarreffaman keessaa kan hafe jiraachuusaa agarsiisa.

Fkn. Ispoortiin jabina qaamaaf, fayyaaf, ulfina hiri`isuufi...bay`ee nama gargaara.

5.2 Otoo haasa`anii afuurri addaan nama cituu agarsiisa

Fkn. ma ... maal jette?

6. Hammattuu ()

Hammattuun akaakuu tuqaa keessaa tokko ta`ee tajaajila adda addaa qaba.

1.1 Yaada dursee dhiyaate tokkoratti odeeffannoo dabalataa kennuuf tajaajila.

Fkn. Boru (Sanbata) ganama walagarra.

1.2 Odeeffannoo dursanii quba-qabsiifaman cimsuufi addan baasuuf gargaara.

Fkn. Nyaanni aadaa (1) caccabsaa, (2) cunboofi (3) marqaa fa`i.

7. Sarara dheeraa (—)

1.1. Sararri dheeraan tajaajila ergaa darbaa jiru giddu tasa yaanni biraa seenuu agarsiisa.

Fkn. Sababiin barumsa barachuu kootii—akkuman yeroo darbe siin jedhe—jirenya koo jijjiuruufi.

1.2. Yaanni itti aanu cuunfaa yaada dursee dhiyaatee ta`uu isaa agarsiisuuf gala.

Fkn. Bishaan, qilleensiifi aduun barbaachisaadha—guddina biqiltuuf murteessaadha.

8. Sarara xiqqaa (-)

1.1. Sararri xiqqaan jechoota tishoo/diiggalaan gidduu seenuun tajaajila.

Fkn. mata-duree, harka-fuudhaa, bakka-bu`aa

1.2. Lakkofsa diiggalaan gidduu nigala. Fkn, kudha-sadii, soddomii-lama, jaatamii-shan

1.3. Jechi tokko sarara tokkoratti kan hindhumneefi gara sarara itti aanuutti ce`uu isaa agarsiisuuf dhumarra gala.

Fkn. Barattooni hundi kaayyoo isaanii galmaan ga`achuuf nuffiifi dadhab-bii tokko malee barnoota isaanii hordofuutu irra jira.

Walumaagalatti, tuqaaleen ergaa barreffama tokkoon darbu haala barbaadameen dubbisaa bira akka ga`uuf gumaacha guddaa taasisa. Kanaafuu, haala danda`ameen, tuqaaleen hedduu ta`anillee, kan yeroo baay`ee barreffama keessatti irra dedeebiin mul`atan kanneen armaan olitti ilaalleefi kanneen bo-



qonaa tokko keessatti baratteedha. Waan ta`eefis, kanneen kana qalbifachuun barreeffama keessatti itti fayyadamuun ergaa barreeffama keenyaa hiika qabeessa taasisa.

- a. Gaaffilee armaan gadiif tuqaalee barbaachisaa ta`an bakka galuu qabutti galchuun agarsiisi.**
 1. Jamiilaan kaleessa eessa ooltee
 2. Caalaan yeroo mana barumsaatii galu harmee isaa akka hojii manaa gargaaru itti himeera
 3. Barattoota kutaa keenyaa keessaa kan akka Toltuu Jamaal Samiiraa Haayimaanot Gadaa Biqiltuu fi Malkaamuu barumsa jaallatu hinjiru
 4. Abbaan Saaqaa ilmi isaa tokkoffaa baanaan ishoo ilmaa koo bay`een sitti boone jedhe
 5. Aadaan mul`istuu saba tokkooti
 6. Namoonni kaleessa mana barumsaa hindhufne gadi bahaajedhe itti gaafata-maan mana barumsaa
 7. Barumsi dhala namaaf gaariidha jijiirraa amalaa argamsiisa
- b. Himoota tuqaalee garaa garaa ofirraa qaban 8 barreessuun hiriyyoota kee waliin wal jijiiruun waliif ilaalaa.**

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa-Jeckoota Hiika Faallaa



Gilgaala 11

Shaakala akaakuu jeckoota hiika faallaa.

Jeckoota Hiika Faallaa – kun walitti dhufeenyaa jeckoota walmorkatan lama jidduu jirudha. Walitti dhufeenyaa jeckoottaa kana bakka garaa garaatti quoduun ilaaluu dandeenya. Isaanis faallaa sadarkeessaa, faallaa qaraa, faallaa waliinlaafi kkf. ta`uu danda`u.

Faallaa Sadarkeessaa- jeckoota waliin madaaluuf tajaajilaan dhiyeessuun kanatu xiqqa, kanatu guddaafi kkf jechuun addaa addummaa jiru agarsiisuudha. Fakkeenyaaf,

dheeraa	x	gabaabaa
bal`aa	x	dhiphaa
furdaa	x	qallaa
bareedaa	x	fokkisaa

- Mee haala fakkeenya olitti kennameen atis fakkeenya dabalataa ketti.

- _____
- _____
- _____
- _____

Akkuma fakkeenyicharraa hubatamuu danda`u jechoonni dhiyaatan `kamtu kamirra` jechuun kanneen ilaalamaniidha. Waantonni haaluma qabatamaa jiran keessatti yookiin waantotuma dorgoman waliin ilaalamuu qabu. Kana jechuun inni isa tokko waliin dorgomee gabaabaa ta`e isa biraan waliin yommuu dorgomummoo dheeraa ta`uu danda`a jechuudha.

Faallaa Qaraa- kun immoo jechoota waantota duuchaan faallaa walii ta`an agar-siisa. Fakkeenyaaf,

jiraa	x	du`aa
dhiira	x	dhalaan
samii	x	dachee

- Fakkeenya kennamerratti hundaa`uun atis fakkeenya ketti.

- _____
- _____
- _____

Jechoonni akka fakkeenyaatti dhiyaatan kunniin faallaa qaraati.

Faallaa Waliinlaa – gosti faallaa kun immoo waantota waliin ilaaluun garaa garummaa issaan gidduu jiru addaan baasuudha. Fakkeenyaaf,

abbaa warraa	x	haadha warraa
abbaa	x	haadha
obboleettii	x	obboleessa

- Fakkeenya kennname bu`uura godhachuun atis fakkeenya kenni.

- _____
- _____
- _____

Walumaagalatti, jechoonni hiika faallaa qaban kan madaalan, kan waliin ilaalaniifi kan tasuma walhinagarre jechuun sadarkaa isaanii kaa`uu dandeenyaa.

- A. **Jechoota gabatee armaan gadii keessatti waliin makamanii dhiyaatan kan-neen faallaa walii ta`an waliin walitti firoomsuun haala ittiin waliif faallo-manis ibsi.**

Lakk.	J e c h o o t a faallaa	Firoomsuu	Jechoota faallaa	Haala ittiin walii faalloman
1	Kormaa		fudhachuu	
2	dargaggeessa		Diilallaa`aa	
3	Bituu		Salphaa	
4	Dukkana		goromsa	
5	Kennuu		Ifa	
6	Ho`aa		Jaarsa	
7	Ulfataa		gurguruu	

Gaaffilee armaan gadii haala barsiisaan/tuun keessan isinitti himeen/himteen gareen irratti mari` adhaa. Boodas, waan irratti mri` attan dareef ibsaa.

1. Jechoota faallaa walii ta`uu danda`an yoo xiqlaate kudhan tarreessi.
2. Jechoonni tarreessite kun maalirratti hundaa`un faallaa waliif ta`an? Gosoota hiika jechoota faallaatti adda baasii agarsiisi.

Barannoo 6: Caasluga: Gaalee Maqibsaa



Gilgaala 12

Shaakala gaalee maqibsaa

- A. Barannoo boqonnaa duraanii keessatti gaalee maqaa baratteetta. Amma immoo gosoota gaalee keessaa isa biraa gaalee maqibsaa barachuuf deemta. Kanaafuu, jechoota armaan gadii qalbifadhuu ilaali.
- a) guddaa
 - b) cimaa

- c) diimtuu
- d) dansaa
- e) qulqulluu

1. Jechoota armaan oliirraa maal hubatte?
2. Jechoonni olii kun gaalee maqaa waliin walfakkaatuu?
3. Mee waan isaan agarsiisan hiriyyoota kee waliin irratti mari`adhu.

Hubachiisa: Jechoonni armaan olii hundi maqibsootadha. Qofaa isaanii mataa gaalee maqibsaatis. Kana jechuun bakka jiran sanatti miseensota dabalachuu caasaa isaan irra guddaa ta`e tokko ijaarachuu danda`u jechuudha, Mee fakkeenya itti aanee jiru ilaali.

guddaa

- a) **mana** guddaa
- b) *baay`ee mana* guddaa

cimaa

- a) **barumsaan** cimaa
- b) *akka obboleettiisaa barumsaan* cimaa

diimtuu

- a) **intala** diimtuu
- b) *akka haadha ishee intala* diimtuu

dansa

- a) **jireny** dansaa
- b) *baay`ee jireny* dansaa

qulqulluu

- a) **bishaan** qulqulluu
- b) *akkamalee bishaan* qulqulluu

Fakkeenyota armaan olii keessatti jechoonni **guddaaa, cimaa, diimtuu, dansaa fi qulqulluu jedhan** miseensota garaa garaa ofitti fudhachuun gaalee maqibsaa ijaaratani jiru. Miseensonni kunis **miiltoofi murteessituu** isaaniiti. Miiltoowwan kanneen

gurraacheffaman yommuu ta`an murteessitoonni immoo warra dalga hirkatanii barreffamanidha. Walumaagalatti, gaaleen maqibsa maqibsa mataa ta`eefi walta`insa maqibsaafi gareewwan jechootaa kanneen birooraa ijaaramuu danda`a. Mataan gaalichaa caasicharraa gama mirgaatti kan argamuufi keessa hafuu kan hindandeenye yoo ta`u, miseensonni isaa garuu gama bitaatti argamuufi keessaas hafuu nidanda`u.

- B. Fakkeenya armaan oliirratti hundaa`uun gaalee maqibsa miiltoofi murteessituu garaa garaa ofirraa qabu kudhan barreessuun barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.**

- a) _____
- b) _____
- c) _____
- d) _____
- e) _____
- f) _____
- g) _____
- h) _____
- i) _____
- j) _____

Boqonnaa 5: Simannaa Keessummaa

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaa irratti:

- ☒ ergaa barruu dhaggeeffattee afaaniin nihimta;
- ☒ durdurii Oromoo afaaniin himuu nidandeessa;
- ☒ barruu dubbisaaf dhiyaate keessaa odeeffannoowwan murtaa'oo ta'an yeroo gabaabaa keessatti himuu nidandeessa;
- ☒ himoota dachaa nibarreessita;
- ☒ jechoota hiika diigalaa qaban dubbachuufi barreessuu keessatti ni fayyadamta;
- ☒ himoota garagaraa siif dhihaatan keessaa gaalee gochimaa adda baastee agarsiisuu nidandeessa;
- ☒ gaalee gochimaa barreessuu nidandeessa.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Gilgaala 1

A) Gaaffilee asiin gadiirratti mee yaadakee kenni.

1. Mana nama beektan ykn hinbeekne tokko maatii kee wajjin dhaqxee simatamtanii beektuu? Waa'ee simannichaa maal yaadatta?
2. Mana keessan namni maatiinkee hinbeekne ykn beekan dhufanii simannaan yommuu ta'uuf argitee beektaa? Attam akka ture daree keetti himi.
3. Aadaan ati keessatti guddatte nama hinbeekne tokko akka simattee nyaataafi waan isa barbaachisu kennituuf nigorsaa?
4. Namoonni walbeekan yeroo akkamii keessummaa waliif ta'u?

B) Jechoota armaan gadii kana hiika isaanii tilmaami.

- a) Faara
- b) Affeerraa

- c) Mana Sagadaa
- d) Akka Tasaa
- e) Michummaa
- f) Dinqisiifanna



Gilgaala 2

Waan siif dubbifamu dhaggeeffachaa bakka duwwaa barruu asiin gaditti dhiyaate guuti.

Keessummaa Simachuu

Yaadrimeen keessummaa simachuu jedhu, barruu kana keessatti hiikni isaa, namoota kanaan dura beeknus ta'e hinbeekne gaafa arginu _____ (1) faara hiikkataa, afeerraa soorataafi eenyummaa nama simatamu sanaaf _____ (2) kennuu waan jedhu of keessatti qabata. Namoonni akkuma aadaa isaaniifi haala keessa jiraniin _____ (3), _____ (4), mana sagadaatti, lafa boo'ichaatti, bakka gabaatiifi iddoowwan wal'argan kamittiyyuu keesumsummaadhaan walsimachuu danda'u. Namni keessummaa ta'ee simatamuu danda'us nama dursanii _____ (5) ykn _____ (6) ta'uu danda'a. Namni tokko otuu karaa deemuu aduun itti dhihee ykn _____ (7) karaarra otuu deemuu _____ (8), ykn sababa kamiinuu haalli keessa gale isa _____ (9), ofisaan ykn karaa namaa gara mana nama walhinbeekne tokkootti goree keessummaa mana sanaa ta'uu danda'a. Gama biraanimmoo, sababa _____ (10) fi _____ (11) namoonni walbeekan gara mana waliitti walaffeerranii, ykn affeerraa malee haalli jiruufi jereenyaa akka tasaa waliitti isaan fidee keessummaa walii ta'uu danda'u. Keessummummaan namoota walbeekan jidduutti yeroo _____ (12), _____ (13), ... simatamummaa uuma.



Gilgaala 3

Barruu dhaggeeffatte bu'uura godhadhuutii gaaffilee asitti aananii jiran deebisi.

1. Akka barruu siif dubbifamerra hubateetti keessummaa simachuun maal maal ofkeessatti qabata?
2. Keessummaa simachuun eessatti ta'uu qaba?
3. Kan akka keessummaatti simatamuu qabu namaakkamiiti?
4. Keessummummaan walsimachuun maal fayyada?
5. Kessummummaan milkaa'aa akka ta'uuf wanti beekuun barbaachisaadha jedhame maali?

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4

- 1) Walaloo sirba masqalaa asiin gaditti dhiyaate barsiisaakee hordofii afaanii jedhi.**

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Barii masqalaa

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Firat walbaraa

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Daamaraa muree

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Okkoo sibiila

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Yoo anaa malee

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Ormoo hinsimiidha

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Masqala barii

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Babbareedakoo

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Koo nagaafadhu

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Firaaf qomookoo

Hiyyoo hoo yaa hiyyoolee ----- hiyyo

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5

A) Gaaffilee armaan gadii muuxannoo keerraa ka'ii deebisuu yaali.

- 1) Namoonni fira siif ta'an ykn fira siif hintaane mana maatiikee dhufanii keessumeeffamanii beekuu?
- 2) Namni gaafa keessummummaan walsimatu o'isee afaniin nagaa walgaafatee haasa'uu wayyamoo haasa'aa dhiisee affeerraadhihaate sooratee qofa adda bahuu?
- 3) “Afaan gaariin afaa gaarii caala” jechuun maal akka ta'e tilmaamuu dandeessaa?

B) Jechoota asiin gadii kana hiika isaan bakka galmaa isaaniitti qabaachuu danda'an tilmaami.

- a) Horii
- b) Geejjiba
- c) Aarsaa

- d) Buufachuu
- e) Imala
- f) Miiltoo
- g) Oofuu
- h) Waawuu
- i) Garasaa
- j) Dallansuu
- k) Hayyama



Gilgaala 6

Dubbisa afaamoo afaan toluu jedhu dubbisaa bakka duwwaa gabatee armaan gadii guuti.

Gaaffii imalaan nabulchaa jedhuuf deebii kennamuufii	Akkaataa Keessummaa'uu
Deebii tokkoffaa	
Deebii lammaffaa	
Deebii sadaffaa	



Afaanmoo Afaa Toluu?

Akka har'aa kana geejjibni lafarraa, qilleensarafi galaanarraa otuu hinjiraatiin dura dhalli namaa bakka tokkoo gara bakka biraatti kan soso'aa ture miila isaan ykn horii tajaajila geejjibaa kennanitti gargaaramee ture. Geejjibni miilaan ykn horiidhaan taasifamu kun immoo keessummaa gaafa

bakki itti soso'an fageenya qabaatu, baay'ee dadhabsiisaafi yeroo tokko tokkommoo dhibeef saaxilamuurraa kan ka'e aarsaa lubbuu kan nama gaafatu ta'a. Namoonni bakkaa bakkatti akkaataa kanaan gaafa soso'an, keessummaa saba Oromoo biratti, hanga gaafa lafa ga'uuf manaa bahan sana gahanitti, namoota dursanii beekan ykn hinbeekne kamiyyuu bira buufatanii buluun ganamaan immoo ka'anii adeemsa isaanii itti fufu. Karaan adeemamu kun yeroo tokko tokko guyyoota, yeroo biraan immoo torbanootaafi ji'oota lakkooftisuu danda'a.

Namoonni otuu karaa mataa isaanii imalaan jiranii aduun itti dhiitee mana nama hinbeekneetti ykn dursanii beekaniitti goranii akka isaan bulchan gaafa gaafatan, deebiin isaan argachuu malan waan sadii ta'uu danda'a. Tokko, 'lakki siifi miiltoowwan kee bulchuu hindandeenyu' jedhamanii mana biraan akka gaafatan itti himama. Taateen jalqabaa kun aadaa Oromoo keessatti fudhatama hinqabu; Oromoon keessummaa simachuun beekama. Nama rakkatee mana isaa buluuf itti goree maaloo nabulchi jedhu "Lakki deemi sinbulchu" hinjedhuun. Imalaan jalqaba mana buluuf gaafatu bira gaafa ga'u, "Jarana! Warrana! Mee nubulchaa aduun nutti dhihee" jedhee gaafata; miiltoowwanis qabaachuu danda'a; horii oofee deemu wajjin. Warri manaas akka aadaa Oromootti akkas jedhu; "bulaakaa manni kan Waaqi". Garuu, darbee darbee namni aadaafi duudhaa waliin jireenyaa saba sanaa ala ta'ee deebii waawuu jedhu deebisus hinjiraatu jedhanii yaaduun hindanda'amu. Haaluma kanaan, imalaan bakka deebii 'waawuu sinbulchinu' jedhu argatutti garasaa beekee filannoo biraan barbaadda.

Deebiin inni lammaffaa imalaan argachuu danda'u, deebii simannaadhaan 'buli' jedhu ykn didee 'sinbulchuu' jedhu otuu hintaane jidduu dhumatti fedhii ala dallanaa ykn mufataa akka imalaan bulu hayyamudha. Namoonni akkasii fedhiin ala keessummaa simatan waan ta'eef eessaa dhuftan? eessa deemtu? maaliif deemtuufi? kan biroo dhimma dubbii ta'ee waan nama kessummaa ta'e wajjin dubbachuu danda'amu kamiyyuu hinhaasa'an. Namoonni akkasii imaltootaaf soorataafi bakka ciisaa kennisiisuu nidanda'u; garuu mana isaanii keessatti keessummaa isaanii kana wajjin hinhaasa'an. Imaltoonis miira nama isaan simate kanaa yommuu argan

bilisa ta'anii dudubbachuufi waan isaanii dhihaate soorachuu hindanda'an. Rakkatanii gara mana nama kanaa dhaquu isaaniillee ni gaabbu. Oromoona namoonni akkasiifi amalli akkasi jiraachuu ni danda'a jedhee waan yaaduufis gorsa akkas jedhu namoota saniifkenna; "afaan gaariin afaa gaarii caala." Keessummaa simattee waan nyaachiftee obaaftu yoo dhabdeyyuu, bakka gaarii aftee ciibsitu yoo dhabdeyyuu, garuu afaan jaalalaafi haala keessummaan itti gammaduun yoo simattee isa kanatu caala ergaa jedhu ofirraa qaba.

Inni sadaffaan, imalaan gara mana nama Oromoo ta'eetti goree nabulchaa gaafa gaafatu deebiin inni argachuu danda'u, "maaloo koottaa seenaa; manni kan Waaqaati" jedhamanii akka malee gammachuudhaan simatamuudha. Namoonni akkasi gaafa keessummaan gara mana isaanii dhaqan, dafanii bishaan miilla isaanii ittiin dhiqatan dhiheessu, buna danfisu, nyaata manaaf qophaa'eerra caalaa mi'eessanii dhiheessu, bakka ciisaa gaaromsanii qopheessuufi kkf taasisu. Affeerraa nyaataa wajjinis, haasa'aa seenaa beekamaa, baacoowwaniifi dhimma irratti dubbatamuu qabu kamiyyuu haasa'u. Bakka tokko tokkotti immoo, sababa simannaakkasiirraan kan ka'e namoonni firummaa addaa qopheessanii gara fuula duraatti fira waliin jedhanii walgaafatu, walitti deemu, rakkooowan irratti walbira dhaabbachuun jirenya hariiroo gaarii qabu walfaana itti fufu.



Gilgaala 7

Gaaffilee kanaa gadi jiran bu'uura dubbisichaan deebisi.

- 1) Afaan gaariin afaa gaarii caala yaanni jedhu maali?
- 2) Simannaa gaariin bu'aan isaa maal ta'uu danda'a?
- 3) Namoonni nama rakkatee kessummummaa dhufe jalaa callisanii eessaa dhuftee, eessa deemtaa, maaliif deemtaa kan hinjenne kan isaan taasisu maali?
- 4) Imaltoonni rakkatanii gara mana namaa dhaquu isaaniillee ni gaabbu kan jedhame; sababiin gaabbii isaanii maali?

- 5) Afaamoo afaan toluu gaaffii jedhuuf Oromoonee deebii maal qaba jettee yaadda? Ragaan kee mail?



Gilgaala 8

Bu'uura hubannoo dubbisa irraa argatteen gaaffilee sirrii ta'an "dhugaa" kanneen sirrii hintaanemmoo "soba" jedhii deebisi.

- 1) Geejjibni qilleensarrraa, galaanarraafi lafarraa otuu hindhufiin dura imalli hinturre.
- 2) Geejjibni miilaafi horiin taasifamu kanneen hammayyaa caalaa hawwataafi saffisaa ture.
- 3) Akka aadaatti Oromoonee nama nabulchi jedhee gaafatuuf waawoo jedhee yommuu deebisu hagam akka qaroomeeru agarsiisa.
- 4) Namoonni aadaa Oromoo keessatti guddatanii keessummaa nabulchi jedhee isaan gaafatuuf bulchuu didan ni jiraatu.
- 5) Namni keessummaa ta'ee mana nammaa dhufu nama dursaanii beekan ta'uu qaba.
- 6) Namni keessummaa simatee eessaa dhuftan, eessa deemtu, maaliif deemtuufi kkf hingafanne akka isaan hinmuddamne yaadeefiiti.
- 7) Imaltoonni deebiiwan gaaffii nabulchaa isaanii keessaa inni sadaffaa, mamaaksa Oromoonee "afaan gaariin afaa gaarii caala" jedhu wajjin kan walsimu.
- 8) Deebiin inni sadaffaa imaltoonni argachuu danda'an fakkeenya namoota afaani in kokkolfaa nama miidhaniiti.
- 9) Deebiin inni tokkoffaa imaltootaaf kennamu deebii namoota aadaa Oromoonee beekneeti.
- 10) Namoonni imalaadhaan "bulaakaa manni kan Waaqi" jechuu danda'an warra duureyyii ta'anidha.

Barannoo 4: Barreessuu-Himoota Dachaa



Gilgaala 9

A) **Himoota dachaa asiin gadii matimaafi gochima isaanii adda baasii agar-siisi. Fakkeenya kenname hordofii barreessi.**

a) Yaadaniin gabaa deemtee galte.

Mathima = Yaadanii

Gochima = deemte, galte

1) Badhaasaan mana bitee obbeleessaaf kenne.

Mathima = _____

Gochima = _____

2) Obbo Araarsoon magaalaa dhaqee dhugee machaa'e.

Mathima = _____

Gochima = _____

3) Bokkaan roobee manoota hedduu jigse.

Mathima = _____

Gochima = _____

4) Margaan foon dheedhii nyaatee dhibame.

Mathima = _____

Gochima = _____

5) Abdiisaan Finfinneetti dhalatee guddate.

Mathima = _____

Gochima = _____

6) Toltuun Yuunivarsiitii Jimmaatti barattee eebbfamte.

Mathima = _____

Gochima = _____

- 7) Horiin Booranaa bishaan dhabanii dhumani.

Mathiam = _____

Gochima = _____

- 8) Boruun sangaa foonii bitee qale.

Mathima = _____

Gochima = _____

- 9) Ammayyuun barnoota eegale dhaabee gale.

Mathima = _____

Gochima = _____

- 10) Gaaromeen nyaata qopheessitee daftee dhiheessite.

Mathima = _____

Gochima = _____

- B) **Himoota dachaa asiin gadii keessaa himoota salphaa baasi. Fakkeenyaa siif kenname hordofi.**

Fkn;

- a) Gammadeen Aggaarootii buna bittee Finfinnee geessitee gurgurte.

- 1) Gammadeen Aggaarootii buna bitte.
- 2) Gammadeen buna Finfinnee geessite.
- 3) Gammadeen buna Finfinneetti gurgurte.

- 1) Fufaan barnoota xumuree hojii eegale.

a) _____

b) _____

2) Amanuun Kooviidii dhukkubsatee fayye.

a) _____

b) _____

3) Eebbisaa Jimma gadhiisee Finfinnee gale.

a) _____

b) _____

4) Caaltuun ganamaan kaatee ciree qopheessitee nyaattee gara mana barumsaa deemte.

a) _____

b) _____

c) _____

d) _____

5) Ganamaan ka'ii koottu.

a) _____

b) _____

6) Dammalaash hojii manaa Afaan Oromoo xumuree dhufe.

a) _____

b) _____

7) Almaaz Finfinneetti galtee furdatte.

a) _____

b) _____

8) Karaan Konkolaataa baadiyyaa sun caccabee bade.

a) _____

b) _____

9) Lolaan mana isaanii cabsee galee waan baay'ee balleesse.

a) _____

b) _____

c) _____

10) Hambisaan buna dhugee deeme.

a) _____

b) _____

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa - Hiika Jechoota Diigalaa



Gilgaala 10

Hiika jechoota digaalaa asiin gadii dalagi. Fekkeenyä dhiyaate hordofii barreessi.

Fkn;

Jechoota Walitti Dhufan

Jecha Uumame

Hiika

a) Adda + addaa	addaddaa	kan walinfakkaanne, garaagar
1) As + aanaa	asaanaa	_____
2) Bor + oolee	boroolee	_____
3) Fuula + dura	fuuldura	_____
4) Mataa + jaboo	matajaboo	_____
5) Bor + tolaa	bortolaa	_____
6) Miila + jala	miiljala	_____
7) Waaqa + wayyaa	waaqwayyaa	_____
8) Kennaa + isaa	kennasaa	_____
9) Waaqa + uumaa	waaqumaa	_____
10) Saree + diidaa	sardiida	_____

Barannoo 6: Caasluga-Gaalee Gochimaa



Gilgaala 11

- A) Fakkeenya siif kenne bu'uura godhachuun gaaffilee armaan gadii dalagi.

Fkn;

a) Yoomiif meetira kuma kudhaniin madaaliyaa warqee fudhate.

Gaalee gochimaa = [meetira kuma kudhaniin madaaliyaa warqee fudhate]

- 1) Obbo Tolaan bullukkicha Toltuuf kenne.
-

- 2) Gaaddisaan rasaasaan rukutame.
-

- 3) Gurmuun waa'ee dhimmichaa obboleettii isaatti imaanaa kenne.
-

- 4) Barattooni Yuunivarsiitichaa hunduu aritiidhaan bahan.
-

- 5) Biqiltuun Yuunivarsiiticha keessaa gaariidha.
-

- 6) Wanti dhedheeraan sun muka.
-

- 7) Jarreen bosona ciran.
-

- 8) Barattooni gara maatiitti bor galu.
-

B) Himoota gilgaala 11 ‘a’ keessaa mataafi miilttoo gaalee gochimaa adda baasii barreessi. Fakkeenyä dhihaate hordofii dalagi. Fkn;

a) Yoomiif meetira kuma kudhaniin madaaliyaa warqee fudhate.

Mataa gaalee= fudhate

Miilttoo sadarkaa tokkoffaa = madaaliyaa warqee

Miilttoo sadarkaa lammaffaa = meetira kuma kudhaniin

1) Obbo Tolaan Toluuuf bullukkoo kenne.

Mataa gaalee = _____

Miilttoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miilttoo sadarkaa lammaffaa = _____

2) Gaaddisaan rasaasaan rukutame.

Mataa gaalee = _____

Miilttoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miilttoo sadarkaa lammaffaa = _____

3) Gurmuun waa’ee dhimmichaa obboleettii isaatti imaanaa kenne.

Mataa gaalee = _____

Miilttoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miilttoo sadarkaa lammaffaa = _____

4) Barattooni Yuunivarsitichaan hunduu aritiidhaan bahan.

Mataa gaalee = _____

Miilttoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miilttoo sadarkaa lammaffaa = _____

5) Biqiltuun Yuunivarsiticha keessaa gaariidha.

Mataa gaalee = _____

Miilttoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = _____

- 6) Wanti dhedheeraan sun muka.

Mataa gaalee = _____

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = _____

- 7) Jarreen bosona ciran.

Mataa gaalee = _____

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = _____

- 8) Barattoonni gara maatiitti bor galu.

Mataa gaalee = _____

Miiltoo sadarkaa tokkoffaa = _____

Miiltoo sadarkaa lammaffaa = _____

Boqonnaa 6: Aadaa

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti:

- ☞ yaada barruu dhaggeeffattee waan beektuun walbira qabdee madaalta;
- ☞ aadaa saba kee barattoota daree keetti himta;
- ☞ mataduree siif kennamerratti sodaa malee falmii nigaggeessita;
- ☞ barruu dhiyaate dubbisuun yaada isaa niibsita;
- ☞ gahee aadaan eenyummaa namaa keessatti qabu nidinqisiifatta;
- ☞ hima ciroo ofdanda`aafi hirkataa ofkeessaa qabu nibarreessita;
- ☞ jechoota garaa garaarraa jecha makoo ni`uumta;
- ☞ gaalee durduubee nibarta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Gilgaala 1

- A. **Gaaffilee armaan gadii otoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura muuxannoo keessan bu`uura godhachuun gareen irratti mari`adhaa.**
1. Naannoo jiraattutti nyaanni ykn uffanni guyyaa kabajaaf oolu kan akkamiiti?
 2. Kanaan dura jecha “aadaa” jedhu dhaggessee beektaa? Sabni tokko aadaalee akkamii qabaachuu danda`a?
 3. Mee aadaa kee keessaa kan baay`ee jaallattu hiriyyoota keetti himi.
- B. **Hiika jechoota armaan gadii muuxannoo keerratti hundaa`uun hiika isaanii tilmaamuun fakkeenyaaan deeggarii ibsi.**
- | | |
|------------------|--------------|
| 1. mara | 3. eeruu |
| 2. calaqisiistuu | 4. sooratamu |



Gilgaala 2

Baroeffama barsiisaan/tuun kee siif dhiyeesse/dhiyeessite dhaggeeffachaa iddo duwwaa siif kenname guuti. Otoo dhaggeeffachuu hinjalqabiin dura gaaffilee dabtara keerratti galagalfadhu.

1. Sabni tokko saba isa biraarraa, biyyi tokkos biyya isa biraarraa karaan ittiin adda bahee beekamu hedduun jiraatus _____ n isa tokkodha.

2. Aadaawwan uummatni qabu keessaa muraasa kaasnee yoo ilaalle _____, _____ fi _____ eeruun nidanda'ama.
3. Sabni kamuu _____ mataa isaa qaba.
4. Nyaanni aadaa Oromoo baayyeen isaa _____ of keessaa qaba.
5. Nyaata aadaa Oromoo beekaman keessaa: _____, _____, _____ fi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama.



Gilgaala 3

- A. Barruu dhaggeeffatte irratti hundaa`uun gosoota nyaata aadaa roga “A” jalatti tarreeffaman hiika isaanii roga “B” jalatti barreeffamaniin walitti firoomsi.

A

B

- | | |
|----------------|--|
| 1. waaddii | A. Akaayii garbuu dhadhaan sukkuumame |
| 2. ancootee | B. Aannan raafamee dhadhaan keessaa bahe |
| 3. baaduu | C. Nyaata garbuufi dhadhaarraa hojjetamu |
| 4. marqaa | D. Buddeen dhadhaafi qullubbii adiin itti dibame/ daabbo dhadhaa keessa cuuphame |
| 5. caccabsaa | E. Buna duudaa dhadhaadhaan ibiddarratti bilchaate |
| 6. cororsaa | F. Foon jaji'amee abiddaan waadamu |
| 7. qorii | G. Hundee biqiltuu hancootee |
| 8. cuukkoo | H. Nyaata dhadhaan/sunqoon laafee hojjetamu |
| 9. cumboo | I. Buddeen/maxinoo dhadhaan mi`eessituun tolee itti dibame |
| 10. irra dibaa | J. Nyaata kofii xaafii diimmaarraa furdatee tolfaamu |
| 11. laaffisoo | K. Daakuu garbuu/qamadiirraa bishaan danfaan abiddarratti kan bilchaatu |
| 12. cuuphaa | L. Maxinoo xaafii diimaarraa dhadhaatti caccabee hojjetamu |
| 13. buna qalaa | M. Dhadhaa baqee nyaatatti nam`u |
- B. Gaaffilee armaan gadii barreefama dhaggeeffatterratti hundaa`uun erga deebistee booda garee miseensa nama sadii qabuun irratti mari`adhaa. Boodas deebii keessan dareef ibsaa.
1. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu gosa nyaata aadaati?
 - A. bokkuu

- B. wandaboo
C. cumboo
D. ateetee
2. Faayidaan aadaan saba tokkoof qabu maali?
- saba tokko isa biraarrraa adda baasee mul'isa.
 - sabni tokko saba isa biraan kan caalu ta'uu mul'isa.
 - sabni aadaa hinqabne akka irraa baruu gargaara.
 - hunduu deebiidha.
3. Nyaanni aadaa akkamiin qophaa'a?
- adeemsa nyaanni hammayyaa ittiin qophaa'u hordofee
 - adeemsa nyaanni aadaa ittiin qophaa'u hordofee
 - adeemsa hordofee qophaa'u beekamaa ta'e hinqabu
 - nyaata aadaaf adeemsa hordofuu barbaachisaa miti
4. Gosooni nyaata aadaa sabni garaa garaa qabu:
- baay'eedha waan ta'eef yeroo tokkotti eeruun nama rakkisa.
 - baay'ee muraasa waan ta'eef yeroo tokkotti eeruuf nama hinrak-kisu.
 - sabni hundi nyaata aadaa waan hinqabneef kan warra qabuu eeruun nidanda'ama.
 - haala walqixa ta'een ilaaluun rakkisaadha.
- C. **Gaaffilee armaan gadii muuxannoo kee dubbisa dhaggeeffatte waliin walqabsiisuun deebisi.**
- Gosoota nyaata aadaa Oromoo keessaa isa kam beekta? Akkamitti baruu dandeesse?
 - Ergaa barreeffamichaa gabaabsuun barreeffamaan ibsi.
 - Nyaata aadaa saba kee biratti beekamaa ta'e tokko maatii kee gaafachuun barattoota daree keef afaaaniin gabaasi.

Barannoo 2: Dubbachuu-Fakkii ilaaluun dubbachuu



Gilgaala 4

Fakkilee armaan gadiirratti hundaa'un gaaffilee itti aanaanii jiranirratti haala barsiisaan/tuun keessan isin qajeelcheen/qajeelchiteen gareen irratti mari`adhaa; booda barattoota daree keessaniif ibsaa.

1. Fakkiileen armaan gadii maal agarsiisu?
2. Maqaan fakkiilee kanaa maal maali?
3. Fakkiilee kana keessaa kan sirriitti beektu isa kami?
4. Fakkiilee kana keessaa akkaataa hojii isaa kan beektu qabdaa? Mee hiriyyoota keetti himi.



1



2



3



4



5



6



Gilgaala 5

Qajeelcha barsiisaa/tuu hordofuun yaada armaan gaditti eerame lamaanirratti gareen qoodamuun adeemsa isaa hordofuun falmii gaggeessaa.

- A) Nyaata aadaa nyaachuurra nyaata hammayyaa nyaachuutu gaariidha.
- B) Nyaata hammayyaa nyaachuurra nyaata aadaa nyaachuutu gaariidha.

Adeemsa falmiin ittiin gaggeeffamu

Falmii dura



- mataduree falmiif kennamerratti ragaa walitti qabachuu
- yaadolee ijoo ta`an gaggabaabsuun waraqaarratti qabachuu
- akkaataa dubbii ittiin gaggeessan shaakaluu

Yeroo falmii

- bakka qabachuu
- nagaa gaafachuu
- dabaree ofi eeguun mata duree ofiirratti yaada kennuu
- yaada ofi ragaa qabatamaa ta`een deeggaruun namoota amansiisuuf carraaquu
- yeroo kenname haalaan itti fayyadamuu
- yaada namoota garee faallaa kabajuu

Falmii booda

- Gaaffileen yoo jiraatan fudhachuun deebisuu
- murtii abbaa seeraa kabajaan fudhachuu
- xumurarratti galateeffachuu

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 6

- A. **Gaaffilee armaan gadii otoo dubbisatti hinseeniin dura muuxannoo keessan irratti hundaa`uun sadii, sadii ta`uun irratti mari`achuun da-reedhaaf dhiyeessaa.**
1. Nyaanni aadaa hawaasa kee biratti beekaman kanneen akkamiiti?
 2. Nyaata aadaa beektu tokko akkaataa itti hoijjetamu hiriyyoota keetti himi.
 3. Nyaanni aadaa yoom yoom qohphaa`a?
- B. **Otoo dubbisa hindubbisiin dura hiika jechoota armaan gadii tilmaami; tilmaammii kees fakkeenyaan ibsi.**
1. cuukkoo
 2. duqqusii
 3. kororimaa



Gilgaala 7

Gaaffilee armaan gadii otoo gara dubbisaatti hinseeniin dura dabtara keer-ratti galagalfachuun dubbisii qalbifadhu; sana booda dubbisicha callisaafi saffisaan dubbisaa deebii gabaabaa kenni.

1. Keeyyanni seensaa barreffama kanaa waa`ee maalii ibsa?
2. Nyaanni cuukoo maalirraa hojjetama?
3. Namni cuukkoo hojjetu of eegganno akkamii gochuu qaba?
4. Cuukkoon qulqullinaan hojjetame yeroo hammamiif turuu danda`a?
5. Yaadni waliigala barreffamichaa maali?



Qophii Cuukkoo

Cuukkoon gosoota nyaata aadaa Oromoo keessaa isa tokkodha. Gosti nyaataa kun kan qophaa`us yeroo hundaa otoo hinta`in guyyaa ayyaanaa, yeroo nama gaafachuu deeman, yeroo namni karaa deemuufi yeroo keessumman kabajaa namatti dhufudha. Cuukkoon nyaata baay`ee mi`awaafii hawwataa yommuu ta`u adeemsa armaan gadii hordofuun hojjetanii nyaachuun nidanda`ama.

Cuukkoon garbuufi dhadhaarraa mi`eessituwwan adda addaa dabalatee hojjetama. Cuukkoo hojjechuuf jalqaba garbuu qulqulluu ta`e fattaganii akka bassoof ta`utti akaawutu barbaachisa. Erga akaawamee boodas qolasaar irraa kaasuun sirriitti bulleessanii daaksisuudha. Erga daakamees haalaan gingilchuun qulqulleessuun murteessaadha. Itti aansuunis, daakuu hamma barbaadnu meeshaa golboo gogaa ta`erra (kan bishaan hinqabnerra) hammaarree naqanna. Daakuu sanattis soogidda daakamaa, ogiyoo daakamaafi miximixxa (duqqusii) muraasa itti dabaluun waliin makna. Erga sirriitti waliin maknee booda, dhadhaa urgeessituu garaa garaan baqee taa`eeru ho`isuun daakuufi mi`eessitoota waliin makne sanatti naqnee sirriitti meeshaa jabina qabuun sukkuumna. Daakuun sun hamma dhadhaa quufee sirriitti jiidhee waliin makamutti haalaan walfakteessuun barbaachisaadha. Dhumarrattis dhamdhamuun waan hanqate itti daballee irra deebinee sukkuumuun erga xumurree booda

meeshaa gogaatti naqnee olkeenyee fal'aanaan fuudhaa yeroo dheeraaf itti fayyadamuu dandeenyaa.

Walumaagalatti, namni cuukkoo hojjechuu barbaadu tokko adeemsa armaan olii keessa darbuun dirqama. Kana malees, yeroo hojjennu bishaaniifi meeshaa bishaan tuqe tuqsiisuun akkasumas harkaan tuttuquun sirrii miti. Cuukkoo qulqullinaan yoo hojjechuu baanne yeroo gabaabaa keessatti baduu danda'a. Garuu, tuttuqaa kanarraa walaba taanaan yeroo dheeraaf nyaata turuu danda'udha.



Gilgaala 8

Gadifageenyaan Dubbisuu

- Gaaffilee armaan gadii dubbisicha erga irra deebitee suutaafi gadifageenyaan dubbistee booda deebisi.**
 - Cuukkoon nyaata aadaa eenyuuti?
 - Cuukkoo hojjechuuf maal maaltu nama barbaachisa?
 - Cuukkoo namni hojjetu adeemsa akkamii keessa darbuu qaba?
 - Garbuun cuukoof oolu haala kamiin qophaa'a?
 - Cuukkoon yeroo akkam akkamii hojjetama?
- Gaaffilee armaan gadii odeeffannoo dubbisicharraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebii kee erga barreffamaan deebistee booda, dareef dhiyeessi.**
 - Aadaa saba ofii baruun barbaachisaadhaa? Maaliif?
 - Dhaloonni ammaa aadaa saba isaa baree itti fufsiisuun danda'uuf maaltu irraa eegama?
 - Naannoo ati jirtutti hawaasni nyaata aadaa bal'inaan itti fayyadamaa jiraa? Yoo itti fayyadama ta'e kanneen kam? Yoo itti hinfayyadamu ta'e immoo maaliif?
 - Mee nyaata aadaa saba kee keessaa tokko akkaataa itti hojjetamee nyaata-mu duraa duubasaa eeguun barattoota daree keetti himi.
 - Nyaata aadaa saba kee biratti beekamaa ta'e tokko maatii kee gaafachuun adeemsa ittiin hojjetamu barreessii dhiyeessi.

Barannoo 4: Barreessuu-Ciroo hirkataafi ofdanda`aa



Ciroo hirkataan kan ofi isatii guutuu hintaanedha. Kunis hirkachiistota kanneen akka osoo, yoo, silaa, waan, erga, yommuufi kkf. ofirraa qabudha. Ciroo hirkataan yaanni isaa guutuu ta`uuf ciroo of danda`aa barbaada. Ciroo of danda`aniis akkuma maqaasaa of danda`ee kan dhaabbatudha.

Fakkeenya armaan gadii qalbifadhuu ilaali.

1. **Yoo har`a mana barumsaa hafte**, qormaatatu si darba.
 2. **Erga gabaa geenyee**, roobni robe.
 3. **Otoo gaarii taatee**, nama hinhamattu.
 4. **Otoo sirriitti figdee**, ni injiffatta.
 5. **Namni dubbisu**, qabxiinsaa gaariidha.
- Fakkeenya kanarraa maal hubatte?

Akkuma argite himoota armaan olii keessatti kanneen gurraacha`anii barreeffaman ciroo hirkataa yommuu ta`an, kanneen hingurmaachofne immoo ciroo ofdanda`hoodha. Ciroon hirkataan otoo ciroo ofdanda`aa hindabalannee ergaa guutuu dabarsuu hindanda`u.



Gilgaala 9

- A. **Fakkeenya armaan olii bu`uura godhachuun qaama himoota armaan gadii ciroo hirkataa yeroo tokko jala sararuun isa of danda`aa immoo yeroo lama jala sararuun agarsiisi.**
 1. Waan beela`eef, laaqana nyaate.
 2. Yoo gara biyyaa deemte, nagaa itti naahimi.
 3. Dhufuu barbaadnaan, karaan banaadha.
 4. Kan hinqaanofne, nama qaanessa.
 5. Ijji gamnaa, dursee boo`a.
- A. **Himoota ciroo hirkataafi ciroo ofdanda`aa of keessaa qaban 10 ijaaruun barasiisaa/tuu keetti agarsiisi. Qaama himoota ijaartees ciroo hirkataafi ofdanda`aatti adda baasii agarsiisi.**
 1. _____
 2. _____

3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____
9. _____
10. _____

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa-Jechoota makoo



Gilgaala 10

Shaakala jechoota makoo

Boqonnaa duraanii keessatti jechoonni garaa garaa lama walitti dhufuun haala ittiin jechi haaraan uumamuu danda`u baratteetta. Fakkeenyaaf, jechoonni diiggalloon/tishoon haala ittiin uumaman mee fakkeenya kennuun waan yaadattu ibsi.

Amma immoo tooftaa jechoonni ittiin uumamuu danda`an keessaa tokko kan ta`e jechoota makoo baratta. Kanas haala armaan gadiin ilaalla.

A. Fakkeenya armaan gadii qalbifachuun ilaaliit waan irraa hubattes ibsi.

Fkn. mana + jala = mala

mataa + kaaba = makaa

laga + qoree = garee

biyya + fira = bira

- Mee atis fakkeenya kana fakkaatu kenni.
- Fakkeenya armaan oliirraa maal hubatte? Jechoonni uumaman maalirraa akka ta`an agarsiisi.
- Akkuma hubatte qaamolee jechaa garaa garaa jechoota adda addaa lamarraa walitti fiduun jecha haaraa kan hiikan adda ta`e uumuun nidanda`ama. Kunis, adeemsa jechoota haaraa uumuu keessaa tokko yoo ta`u, jechoota makoo jedhama.

B. Fakkeenya armaan olii bu`uura godhachuuun jechoota armaan gadiirraa qaamolee jechaa adda addaa walitti fiduun garee nama sadii ofkeessa

qabuun jecha biraa uumaa.

1. gosa + haala = _____
2. qabee + laga = _____
3. daree + beela = _____
4. gale + nagaa = _____
5. kufe + fuute = _____

C. Jechoota garaa garaa lama dursii barreessii lamaanirraa qaama adda addaa fudhachuuun jecha haaraa 5 uumii barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Barannoo 6: Caasluga-Gaalee Durduubee

Barannoo duraanii keessatti gaalee maqibsii baratteetta. Mee waa`ee gaalee maqibsii waan yaadattu fakkeenyaa fudhachuuun afaaniin ibsi. Eeyyee, amma immoo gosa gaalee keessaa tokko kan ta`e gaalee durduubee baratta.

- Mee fakkeenyaa armaan gadii ilaali.
- a. uleedhaan
- b. mukatti
- c. gara manaa
- d. mana jala

Fakkeenyi (a-d) armaan olitti dhiyaatan gaaleewwan durduubeeti. Gaaleewwan kanaaf mataan kanneen gurraacheffamanidha. Isaan kunis kanneen a fi b irra jiran durdubeewwan hirkatoo yommuu ta`an kanneen c fi d irratti kennaman immoo durdubeewwan ofdanda`oodha.

Gosoонni durduubee kun lamaanuu mataa ta`uun caasicha gaggeessuuf humna qabu. Bakki argaminsa isaanii caasicharraa gama bitaafi gama mirgaati. Kallattii kana lammaniin argamuu danda`uun isaaniis gaaleewwan kan birooraa adda isaan taasisa. Haata`u malee, durdubeewwan gama bitaan argaman gama mirgaan argamuuf carraa hinqabani.

Durduubee hirkatoofi ofdanda`ooni mataa ta`anii erga takkaa argamuu nidanda`u. Hoggansi isaanii garuu irraa jala qaba.

**Fkn. a. gara biyyaatti****b. waa`ee kootiif**

- Caasaa gaalee durduubee akka fakkeenyatti dhiyaatan keessatti durduubee ofdanda`oo (gara, waa`ee) kan argaman yoo ta`u, durduubee hirkatoon (-tii, -tiif) jedhanis jiru. As keessatti kanneen ofdanda`oo ta`an (gara, waa`ee) kan jedhan gaaleewwan durduubee '**biyyatti fi kootiif**' jedhu hogganu. Gaaleewwan kaan milttoo ta`u jechuudha.
- Kana booda, durduubeewwan hirkatoon {-tti fi -tiif} jedhan dabaree isaanii mataa ta`uun '**biyyaa fi koo**' hogganu. Haaluma kanaan durduubeewwan caasaa miseensa isaaniitiif dura bu`aa ta`u.
- Mee fakkeenyा kennamerratti hundaa`uun atis fakkeenyा dabalataa kenni.

Gilgaala 11

A. Gaaleewwan armaan gadii keessaatti durduubee ofdanda`oofi hirkatoo ta`an nama lama ta`uun mari`achaa addaan baasaa agarsiisaa. Waan irratti mari`attanis dareef ibsaa.

1. harkaan _____
2. mataatti _____
3. manarrraa _____
4. erga bitee _____
5. waliin deeme _____

B. Gaalee durduubee ofdanda`aafi hirkataa ofirraa qabu qofaa qofaatti shan barreessuun barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.

1. Gaalee durduubee ofdanda`aa ofirraa qaban:

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

2. Gaalee durduubee hirkataa ofirraa qaban:

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

Boqonnaa 7: Barnoota Hammato

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti:

- ﴿ baruu dhaggeeffachuun yaada isaa cuunfuun niqopheessita;
- ﴿ dhimma siif kenname irratti ofitti amanamummaan dubbii nigaggeessita;
- ﴿ kaayyoo baruu dubbistee addaan nibafta;
- ﴿ qaamota keeyyataa addaan nibafta;
- ﴿ akaakuu hiika jechoota waliin deemanii addaan nibafta;
- ﴿ ciroofi akaakuu isaa addaan nibaafatta.

Barannoo 1: Dahaggeeffachuu



Gilgaala 1

A. **Otoo baruu barsiisaa/tuu keessaniin isiniif dhiyaatu hindhaggeeffatiin dura gaaffilee armaan gadii muuxannoo keessan bu`uura godhachuun gareen irratti mari`achuun deebisaa. Boodas, dareef ibsaa.**

1. Fakkii armaan gadii ilaaluun waan hubatte nama si cinaa jiru wajjin irratti mari`achuun boodas kutaaf dhiheessaa.
2. Namoonni naannoo kee jiraatan waan ittiin walfakkaataniifi adda adda ta'an maal fa`i?
3. Biyya tokko keessa aadaan garaa garaa jiraachuu nidanda`aa? Akkamitti?
4. Barruun dhaggeeffachuuf deemtu waa`ee maalii sitti fakkaata? Mee til-maami.



B. Otoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura jechoota himoota gadii keessatti gurmaacheffamanii jiran akkaataa galumsaan hiika isaanii tilmaamuun walitti himaa.

1. Biyyi keenya biyyoota **aad-hedduummaan** beekaman keessa tokko.
2. Namni waliin biyya tokko keessa jiraatu dhimma biyyaarratti waliin **qooddachuu** qaba.
3. Namni kamuu aadaa isaa **kunuunfachuu** qaba.



Gilgaala 2

Barreefama barsiisaan/tuun kee siif dhiyeessan callisaan dhaggeeffachaa gaaffilee dhiyaataniif bakka duwwaa kenname guutuun deebisi. Dursii gaafilee dabtara keerratti galagalfadhu.

1. Aad-hedduummaan sabaafi sablammii _____ keessa jiraatan gidduutti danoomina aadaa kan agarsiisudha.
2. Sabni aadaa garaa garaa qabu jirenya isaa keessatti walitti dhufee _____ waanti isa daangessu hinjiru.

3. Sabni aadaa garaa garaa qabu waliin jiraachuuratti _____ hinqabu.
4. Aadaaleen saboota garaa garaa kunis _____ waliin jiraachuu nidanda`u.
5. Biyya aad-heddee taate keessa sabni jiraatu aadaa garaa garaa qabaachuuusaatiin _____ hinjiru.



Gilgaala 3

- A. **Gaaffilee armaan gadii barreeffama dhaggeeffatterratti hundaa`uun yoo yaanni isaa sirrii ta`e Dhugaa dogoggora yoo ta`e immoo Soba jechuun sababa waliin deebisi.**
1. Jechi aad-hedдуммаа jedhu jechoota `addaa`fi `hedduu` jedhanirraa dhufe.
 2. Aad-hedдуммаан danoomina aadaa agarsiisa.
 3. Sabni aadaa garaa garaa qabu biyya tokko keessa waliin jiraachuu hindanda`u.
 4. Sabni aadaan isaa garaa gara ta`e mana amantii tokko waliin fayyadamuu hindanda`u.
 5. Namni aadaa garaa garaa qabu walqixxeedha jechuun nama rakkisa.
 6. Sabni aadaa garaa garaa qabu biyya tokko keessa jiraachuun akka carraa badaatti ilaalamaa.
- B. **Dubbisa dhaggeeffattan muuxannoo keessan waliin walqabsiisuun gaafilee armaan gadiirratti haala barsiisaan/tuun keessan isin qajeelchaniin gareen mar`iachuun deebii kennaa.**
1. Ergaan barreeffama mataduree aad-hedдуммаа` jedhu jalatti dhaggeefattee maali?
 2. Barreeffamni aad-hedдуммаarratti dhaggeeffatte kun beekumsa kanaan dura daneenya aadaa ilaalchisuun qabduun wal-siif simateeraa? Moo garaa gara? Beekumsa /odeeffannoo haaraa maalan dabaldheera jettee yaadda?
 3. Barreeffamni dhaggeeffatte kun haala qabatamaa biyya keenyaan kan walsimudhaa? Sabaafi sablamiin aadaa garaa garaa qaban biyya keessa jiraatanidhaa? Mee fakkeenyaan deeggarii ibsi.

4. Mana barumsaa akkasumas hawaasa keessatti namota aadaa garagaraa qaban wajjin walitti dhufeenya qabdu fayyaaleessa gochuuf gaheen kee akkasumas gaheen kanneen biroo maal ta'uu qaba jettee yaadda? Fakkeenyaa deeggarii ibsi.

Barannoo 2: Dubbachuu-Dubbii gaggeessuu



❖ Yaadannoo armaan gaditti kenname haalaan dubbisuun gaaffii gil-gaala 4 jalatti kenname adeemsicha hordofuun hojjedhu.

Adeemsa Dubbii idilee gaggeessuu

Kutaa 1: Qabiyyee karoorfachuu /qopheeffachuu

1. Kaayyoo murteeffachuu
2. Meshaalee qopheeffachuu
3. Madda garaa garaa dubbisuun/gaafachuu
4. Qabxiilee dubbichaaf murteessoo ta'an duraa duubaan qindeeffachuu
5. Irra deddeebi`uun akkataatti dhiyyeessan shaakaluu

Kutaa 2: Qabiyyee dhiyyeessuu

1. Jamaa (dhaggeeffattoota/daawwatoota/hirmaattota) waliin walquun-namtii ijaa taasisuu
2. Sagalee jamaan hundi dhagahuun ofitti amanamummaan dubbii gaggeessuu
3. Qalbii jamaa dubbiin to`achuu
4. Jamaan yoo gaaffii qabaate fudhachuun deebisuu
5. Galateeffachuuun xumuruu.



Gilgaala 4

Muuxannoo kee bu`uura godhachuun, namoota garaa garaa gaafachuufi madda adda addaa dubbisuun (kitaabarraa, barruuleerraa, gaazexaarraa, interneetiirraa/marsariitiifi kkf.) biyya sabaafi sablammiiin aadaa garaa garaa qabu keessa jiraatu keessatti haala kamiin jaalalaafi kabajaan aadaa ofi kunuunfatanii waliin jiraachuun akka danda`amu ilaachisuun dubbii gaggeessi. Dubbii kees muuxanno biyyoota biroo fakkeenyaa fudhachuun deeggari.

Barannoo 3: Dubbisuu-Saffisaan yaada waliigalaaf dubbisuu



Gilgaala 5

- A. Gaaffilee armaan gadii otoo dubbisuu hineegaliin dura muuxannoo keessan bu`ura godhachuun nama lama ta`atii irratti mari`adhaa. Boodas, yaada keessan dareef ibsaa.
1. Mana barumsaa keessatti barattonni argaman kanneen akkamiiti? Walfakkaatu moo garaa gara? Maaliif?
 2. Namni hundi barumsa barachuuf mirga qabaa? Akkamitti?
 3. Carraan barumsaa namoota hundaaf kennamuu qaba jettee yaaddaa? Maaliif?
 4. Mee fakkii armaan gadii ilaaluun barattoonni achi keessatti argaman kanneen akkamii akka ta`an ibsi. Yaadni barreeffama dubbisuuf deemtuus waa`ee maalii akka ta`e fakkicharraa tilmaami.



B. Otoo gara dubbisuutti hinseeniin dura hiika jechoota armaan gadii tilmaamuun fakkeenyaan deeggarii agarsiisi.

1. seenduubee
2. haalduree
3. loogii



Gilgaala 6

Dubbisa armaan gadii ariitiin dubbisaa gaaffilee armaan gadii barreffamaan deebisi. Otoo dubbisuu hinjalqabiin gaaffilee dabtara keerratti barreffadhu.

1. Barnoonni aad-hedдуммаа carraa barumsa walqixa ta`e kan kenuu barattoota kanneen kamiif?
2. Akka barnoota aad-hedдуммааatti dhalli namaa kamuu maaliin ilaalameti kan carraa barnootaa walqixa ta`e argachuu qabu?
3. Akka yaada barnoota aad-hedдуммааatti manni barumsaa kan eenyuuti?
4. Barnoonni aad-hedдуммаа barattootaaf carraa barnootaa kennuutti dabalee maaltu akka kabajamuuf taasisa?
5. Akka barnoota aad-hedдуммааatti namni kamuu carraa barnoota mana barumsaa tokko keessatti barchuu kan argachuu qabu maal maleedha?



Barnoota Aad-hedдуммаа

Barnoota aad-hedдуммаа barattoota aadaan, bifaan, amantaan, sanyiin, afaniin, saalaan, qabeenyaan, **deeggarsa addaa barbaadaniin** (kanneen kennaa addaa qaban, kanneen qaama miidhamoo ta`an, kanneen dandeettii addaa qaban) fi kan kana fakkaatuun osoo addaan hinbaasiin karaa dimokiraataawaa ta`eefi walqixxummaan seenduubeen garagaraa kun **daree keessatti akka mirkanaa'uuf** kan carraa kennudha.

Barnoonni aad-hedдуммаа walqixxummaa barattootaa gama carraa barnoota walqixa ta`e argachuun deeggarsa guddaa taasisa. Dhalli namaa kamuu namummaa isaatiin ilaalametee haalduree biroo malee akka daree barnootaa keessatti waan argachuu qabu argatu cimsee kan leellisudha. Akka yaada

barnoota aad-heddummaatti manni barumsaa kan garee muraasaa otoo hinta`iin kan dhala namaa hundaati. Kunis, bakkatti namni barachuu danda`u hundi keessatti qooda fudhachuun beekumsa barbaachisaa ta`e gabbifatudha. Kanaafuu, namni kamuu loogii tokko malee carraa barnoota mana barumsaa tokko keessatti barachuu argachuu qaba.

Akka waliigalaatti, barnoonni aad-heddummaa barattooni mirga gama barumsaan argachuun qaban qofa akka argatan kan tumsu miti. Dabalataanis, barattoota gidduutti afaan, aadaan gabaabummatti eenyummaan isaanii barsiisotaafi barattoota gidduutti, barattootaafi barattoota gidduutti, barattootaafi miseensa mana barumsaa mara gidduutti akkasumas sirna barnootaa keessatti, xiyyeffannoo argachuun kabajaan waliin jiraachuun barbaachisaa ta`usaa kan amanudha.



Gilgaala 7

- A. **Dubbisa armaan olii suutaafi gadi fageenyaan dubbisuun gaaffilee ar- maan gadiif deebii sirri ta`e filadhu. Deebii kees sababaan deeggari.**
1. Dubbisicha keessatti gaaleen gurraacheffamee barreffame **deeggarsa addaa barbaadaniin** jedhu maal agarsiisa?
 - A. Barattoota kennaa addaa qaban
 - B. Barattoota qaama miidhamoo ta`an
 - C. Barattoota dandeettii addaa qaban
 - D. Hunduu deebiidha
2. Keeyyata jalqabaa hima xumuraa keessatti gaaleen gurraacheffamee barreffame **daree keessatti akka mirkanaa'uuf** jedhu maal ibsa?
 - A. Barattooni bakka garaa garaarraa dhufan daree tokko waliin quoddachuu
 - B. Barattooni aadaa adda addaa qaban daree tokko waliin kan hinquoddanne ta`uu
 - C. Garaa garummaa barattoota gidduu jiru babal`isuu
 - D. Barattooni hundi amalaan adda adda ta`uu
3. Akka yaada dubbisichaatti manni barumsaa kan garee muraasaa qofa miti

yommuu jedhu maal jechuusaati?

- A. Manni barumsaa kan warra qabeenya qabaniiti
 - B. Manni barumsaa kan warra qaamni isaanii fayyaa ta`eeti
 - C. Manni barumsaa kan dhala namaa ta`e hundaati
 - D. Manni barumsaa abbaa hinqabu
4. Akka dubbisichaatti barnoonni aad-hedduummaa barattoonni mirga gama barumsaan argachuu qaban qofa akka argatan kan tumsu miti yoo jedhu maal jechuusaati?
- A. Barattoonni akka carraa barumsaa argatan kan deeggarudha
 - B. Barattoonni carraa barumsaa argachuutti dabalee dhimma biraan-is nideeggara
 - C. Barattoonni mirga barattoonni barumsarratti qaban deeggara
 - D. Barattoonni akka barbaadanitti barachuu isaanii nijajjabeessa
5. Akka barnoota aad-hedduummaatti dhimmi barattootaa eessa essatti xiyyeffannoo argachuu qaba?
- A. Barsiisotaafi barattoota gidduutti
 - B. Barattootaafi barattoota gidduutti
 - C. Barattootaafi miseensa mana barumsaa mara gidduutti
 - D. Sirna barnootaa keessatti
 - E. Hunduu deebiidha.
- B. **Gaaffilee armaan gadii hubannoo dubbisarrraa argatteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi.**
1. Dubbisicharraa maal hubatte? Yaada kee barattoota daree keetti himi.
 2. Akka dubbisicharraa hubattetti barnoonni aad-hedduummaa gaariidha moo yaraadha jetta? Maaliif?
 3. Muuxannoo qabdurraa ka`uun kanaan dura manni barnootaa carraa barachuu nama hundaaf walqixa hinkennine simudatee beekaa? Mee hiriyyoota keetti himi.
 4. Akka waliigalaatti manneen barnootaa naannoo kee jiraniifi hamma ammaatti itti barachaa turte ilaalchisuun ija barnoota aad-hedduummaan yoo ilaaltu waan taajjabde qabdaa? Maaloo mee yaada kee barattoota daree keetti himi.

Barannoo 4: Barreessuu-Qaamota keeyyataa



Yaadannoo armaan gadii haalaan dubbisii hubadhu. Keeyyata barreessuuufis ta`ee qaamota keeyyataa addaan baasuuf si fayyada.

- ❖ Akkuma yaadattu boqonnaa sadii keessatti waa`ee hima salphaa baratteetta. Mee himni salphaan haala kamiin ijaarama? Fakkeenya muraasa kaasuun hiriyyoota keetti himi.
- ❖ Eeyyee, himni salphaan jechoota mathimaa, antimaaifi gochimarraa akka ijaaramu yaadatteetta. Amma immoo akkuma jechoota garaa graa kana walitti fiduun hima ijaaruun danda`amu, himoota garaa garaa walitti fiduun immoo keeyyata haala ittiin ijaaruun danda`amuufi keeyyanni qaamolee akkamii akka qabu baratta.

Keeyyata – keeyyanni sadarkaalee ogummaan barreessuu itti gabbifamu keessaa isa tokkodha. Keeyyanni tuuta himootaa yommuu ta`u himoonni keeyyata ijaaruuf hojiirra oolanis tajaajila adda addaa qabu. Himoota kanas tajaajila isaaniirratti hundaa`un bakka sadiitti qoodamu: hima ijoo, himoota gargaaroofi hima goolabaa. Kanneen kunis qaama keeyyata tokkoo jedhamuun beekamu. Keeyyanni tokko hiika qabeessa ta`uuf qaama kana sadanirraa ijaaramuu qaba. Kanamalees, keeyyata barreessuuuf matadureen barbaachisaafi dhimma guddaa keeyyanni sun irratti barreeffamu waan ta`eef hojiin keeyyata barreessuu mataduree filachuun eegala.

Hima ijoo - yaada handhuuraa keeyyatichaafi dimshaashummaa qabu tokko kan dhiyeessudha. Himni kunis gara jalqabaatti yookiin gara gidduutti yookiin gara xumuraatti argamuun danda`a. Keeyyanni tokko hima ijoo tokko qofa waan qabuuf himni ijoo bakka sadan keessaa iddo tokko qofaatti argamuun danda`a.

Himoota gargaartuu - hima ijoo keeyyaticha kallattii adda addaan kanneen babal`isanidha. Kunis fakkeenyaan deeggaruuun, ibsuun, seenessuun, qoqqooduufi kkf ta`uu danda`a. Himooni deeggartuu kun keeyyata tokko keessatti hammuma yaanni hima ijoo dimshaasha ta`e ibsamee xumuramutti bay`achuu danda`a. Kana jechuun, yoo himni ijoo baay`ee dimshaasha ta`e baay`achuu yoo baay`ee dimshaasha hintaane immoo muraasa ta`uu mala jechuudha.

Hima goolabaa - yaada dimshaashaa hima ijootiin tuqameefi yaadolee murtaa` oo



himoota gargaartuutiin dhiyaatan cuunfee dhiyeessa. Hima goolabaa kan jedhameefis cuunfaa kana qabatee gara dhumaatti waan argamuufi. Yeroo bay`ee jechoota yookiin gaaleewwan dimshaashumatti, gabaabumatti, walumaagalatti, kanaafuufi kkf dhimma baha. Walumaagalatti, keeyyanni qaamolee gurguddoo olitti eeraman kan ofkeessaa qabu yommuu ta`u, namni keeyyata barreessus ofeeggannoona qaamota kana hunda keessatti hammachiisuun akka irraa eegamu hubachuu qaba.



Gilgaala 8

Yaadannoo armaan olitti dubbistan bu`uura godhachuun gaaffilee armaan gadii nama lama ta`uun mari`adhaa deebisaa.

1. Keeyyanni tokko qaama meeqa of keessaa qaba? Eeri.
2. Qaama keeyyataa keessaa jalqaba yookiin gidduutti yookiin xumurarratti kan dhufuu danda`u isa kami?
3. Qaamni keeyyata himoota murtaawoon hima ijoo babal`isuuf oolu maal jedhama?
4. Qaama keeyyataa keessaa yaada cuunfaa kan dhiyeessu isa kami?
5. Keeyyata jechuun maal jechuudha?



Gilgaala 9

A. Keeyyata armaan gadii dubbisuun qaama isaa adda baasii agarsiisi.

Barattooni gara mana barumsaa dhufan dhimmoota adda addaan garaa garummaa qabaachuu nimalu. Fakkeenyaaaf, garaa garummaa qabeenya, amantii, saalaa, qaama guutuufi hir`uu, bifaa, dandeetti, qomoofi kanneen biroon adda addummaa niqabaatu. Haata`u malee, manni barumsaa garaa garummaa kana hundaa bu`uura godhachuun otoo dhiibbaa kamuu nama tokkorraan hingeessisiin barattoota hundaa haala walqixa ta`een simachuu qaba. Walumaagalatti, manni barumsaa garaa garummaa barattootaa xiyyeffannoo keessa galchee kessummeessuu qaba.

1. Hima ijoo keeyyatichaa

2. Himoota deeggaroo agarsiisi

3. Hima goolabaa barreessi

B. Keeyyata armaan gadii bu`uura godhachuun gaaffilee armaan gadii dee-bisi. Deebii kes barattoota daree keetti himi.

Barattooni erga carraa barnootaa walqixa ta`e argatanii boodas manni barum-saa hordoffifi gargaarsa barbaachisaa ta`e barattoota hundaaf taasisuutu irraa eegama. Sababiinsaas, barattooni kun yeroo isaanii irra jireessa kan isaan da-barsan barsiisotaafi miseensota mana barumsaa waliin. Fakkeenyaaaf, barumsa argachuufi dhiisuu isaanii malaan hordofuu, barattootarra miidhaan qaamaafi sammuu gahaa jiraachuufi dhiisuu hordofuun (yoo rakkoon akkasii jiraate gorsitootni xiinsammuu akka gorsan gochuu), barattooni hundi haalaan mana barumsaa keessatti argamuufi dhiisuu hordofuun maatiitti beeksisuufi kanneen kana fakkaataniin barattoota hordofuun baay`ee murteessaadha. Kanaafuu, gaheen mana barumsaa barattootaaf carraa barumsaa kennuu qofa otoo hinta`iin hordofuun rakkoo isaaniifis fala dhahuutu irraa eegama.

1. Himni ijoo keeyyata kanaa eessatti argama?

- A. Xumurarratti B. Gidduutti C. Jalqabarratti D. Jalqabaafi xumurarratti.

2. Himooni deeggaroo keeyyata kanaa haala kamiin babal`atani?

- A. Fakkeenyaaan B. Sababaan ibsiin C. Ibsuun D. A fi B

3. Himni ijoo keeyyata kanaa isa kami?

- A. Barattooni erga carraa barnootaa walqixa ta`e argatanii boodas man-

- ni barumsaa hordoffii gochuu qaba.
- B. Manni barumsaa gargaarsa barbaachisaa ta`e barattoota hundaaf taasisuutu irraa eegama.
 - C. Barattoonni erga carraa barnootaa walqixa ta`e argatanii boodas manni barumsaa hordoffifi gargaarsa barbaachisaa ta`e barattoota hundaaf taasisuutu irraa eegama.
 - D. Kanaafuu, gaheen mana barumsaa barattootaaf carraa barumsaa kennuu qofa otoo hinta`iin hordofuun rakkoo isaaniifis fala dhahuutu irraa eegama.
4. Himni goolabaa keeyyata kanaa isa kami?
- A. Barattoonni barumsa argachuu malan argachuufi dhiisuu isaanii hordofuu
 - B. Kanaafuu, gaheen mana barumsaa barattootaaf carraa barumsaa kennuu qofa otoo hinta`iin hordofuun rakkoo isaaniifis fala dhahuutu irraa eegama.
 - C. Barattoonni erga carraa barnootaa walqixa ta`e argatanii boodas manni barumsaa hordoffifi gargaarsa barbaachisaa ta`e barattoota hundaaf taasisuutu irraa eegama.
 - D. Sababiinsaas, barattoonni kun yeroo isaanii irra jireessa kan isaan dabarsan barsiisotaafi miseensota mana barumsaa waliin.
5. Himooni deeggaroo keeyyatichaa kanneen kami?
- A. Sababiinsaas, barattoonni kun yeroo isaanii irra jireessa kan isaan dabarsan barsiisotaafi miseensota mana barumsaa waliin.
 - B. Fakkeenyaaaf, barumsa argachuu malan argachuufi dhiisuu isaanii hordofuu, barattootarra miidhaan qaamaafi sammuu gahaa jiraachuufi dhiisuu hordofuun (yoo rakkoon akkasii jiraate gorsitootni xiinsammuu akka gorsan gochuu
 - C. Barattoonni hundi haalaan mana barumsaa keessatti argamuufi dhiisuu hordofuun maatiitti beeksisuufi kaneen kana fakkaataniin barattoota hordofuun baay`ee murteessaadha.
 - D. Hunduu deebiidha.

Barannoo 5: Fayyadama jechootaa: Akaakuu jechoota waliin deemanii



☞ Akkuma kanaan dura barannoo garaa graa jalatti baratte jechoonni haala adda addaan mul'atu. Fakkeenyaaaf, faallaa, makaa, tishoomuun. Mee kanneen kanaaf fakkeenyaa yaadattu eeri.

☞ Amma immoo kallattii jechoonni ittiin mul'atan keessaa tokko kan ta`e, akaakuu jechoota waliin deemanii baratta. Kanaafuu, hubannoo gama kanaan jiru gabbifachuuf fakkeenyaa armaan gaditti kennname haa-laan dubbisuun qalbifadhu.

Jechoota waliin deeman jechuun jechoota hiika qabeeyyii lama yeroo walitti dhufanis hiika kennuu danda`an jechuudha. Hiikni jecha akkasii isa duraa irra caa-laan kan ibsu, akkaataasaa kan agarsiisu, faayidaasaa kan agarsiisu, raawwii kan agarsiisu, bakka waanti tokko itti argamuufi kkf kan ibsu ta`uu danda`a. Jechoota waliin deeman garee jechoota adda addaarraa uumuun nidanda`ama: maqaafi ibsa maqaarraa, maqaafi maqaarraa, xumuraafi xumurarraa, durduubefi maqaarraa, maqaafi xumurarraa, maqaafi durduuberraafi kkf irraa uumuun nidanda`ama.

Fkn, maqaa + **ibsa maqaa** = uffata adii, nyaata mi`aawaa, qalama diimaa, mana guddaa, kkf.

ibsa maqaa + xumuraa = bareedaa ta`e, gamnadha, fokkisaa miti, kkf.

maqaa + maqaa = damma bookee, qoricha mataa, uffata halkanii, kophee miilaa, sabbata dugdaa, kkf.

maqaa + xumura = **harka** cabse, ilkaan tume, sangaa bite, sa`a elmite, bishaan waraabefi kkf.

xumura + xumura = deemee gale, kutee nyaate, butee fuudhe, kadhatee argate, jiraatee darbeefi kkf

durduubee + maqaa = gara manaa, waa`ee barumsaa, akka fardaa, kkf

maqaa + durduubee = mana keessa, garaa keessa, mana jala, lafa jala, kkf.



Gilgaala 10

A. Fakkeenya armaan olitti siif kennamerratti hundaa`uun jechoota gabatee armaan gadii keessatti tarreefaman walitti fiduun nama sadii ta`uun walmari`achaa jechoota waliin deeman uumaa. Jechoonni uumaman kunis garee jechaa isa kamirraa akka uumaman ibsaa.

Lakk.	Jechoota	Jechoota	Jechoota waliin deeman	Garee jechaa irraa uumaman
	buna	Daree		
	burtukaana	Gurraacha		
	dabtara	Alaa		
	gara	Olkolte		
	gabatee	Mataa		
	rifeensa	Muxxee		
	biyya	addaan bahan		
	caccabsee	Kaleessa		
	nageenyaan	Tume		
	hidhii	Nyaate		
		Gate		
		Bite		
		Kufe		

B. Jechoota waliin deeman 10 uumuun garee jechootaa irraa uumaman waliin barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____
9. _____
10. _____

Barannoo 6: Caasluga: Ciroofi akaakuusaa



❖ Akkuma yaadattu kanaan dura barannoo boqonnaa duraanii keessatti himoota ciroo hirkataafi ofdanda`aa qaban baratteetta. Mee himoonni kun kan akkamiiti ? Fakkeenyaan agarsiisi.

❖ Amma immoo akaakuu ciroo bal`inaan ibsaafi fakkeenyaan deggaruun haalaan baratta. Hubannoo kee gama kanaan gabbifachuufis, ibsaafi fakkeenya armaan gaditti kennname haalaan dubbisii hubadhoo dabtara keerratti barreeffadhu.

Ciroo

Ciroon tuuta jechootaa gochima ofirraa qabaniiti. Kun immoo ciroo jedhamuuf gochimni jiraachuun dirqama ta`uusaa agarsiisa. Mee fakkeenya itti aanee jiru ilaali.

- a) waan dhukkubsateef boqote
- b) biyya alaa deeme
- c) gale

Fakkeenyi armaan olitti ilaalle ciroodha. Sababiin isaas gochima **boqote, dee-meefi gale jedhan** waan ofirraa qabaniif.

1. Akkaakuu Ciroo

Afaan Oromoo keessatti ciroo bakka afuritti quoduun nidanda`ama: ciroo hirkataa, ciroo ofdanda`aa, ciroo firoomseefi ciroo guutuu.

i. Ciroo hirkataafi ciroo ofdanda`aa

Ciroo hirkataan kan ofii isaatiin guutuu hintaanedha. Afaanicha keessatti caasaa tokko hirkataa kan taasisan hedduun jiru. Fakkeenyaaf, hirkachiistota akka osoo, yoo, silaa, waan, erga, yammuufi kkf ta`uu malu. Fakkeenyaaf,

- a. Osoo cimaa taatee,
- b. Yoo gabaatii galan,
- c. Erga bokkaan roobee,
- d. Waan amanuu dhabeef, kkf.

Fakkeenyonni armaan olii hundi ciroo hirkatoodha. Yaanni isaanii guutuu ta`uuf



ciroo ofdanda`aa barbaadu. Ciroo ofdanda`aanis akkuma maqaasaa ciroo ofdanda`ee dhaabbatudha. Fakkeenya itti aanee jiru keessatti ciroowwan hirkatoo armaan olitti ilaalle kanneen guutuu taasisan hundi ciroo ofdanda`oodha.

- Osoo cimaa taatee, **hinkuftu**.
- Yoo gabaatii galan, **haa boqotan**.
- Erga bokkaan roobee, **aduu baase**.
- Waan amanuu dhabeef, **deemee ilale**.

Fakkeenya armaan olii keessatti kanneen gurraacheffamanii barreffaman ciroo ofdanda`oodha. Ciroo hirkataa kanneen guutuu taasisanidha. Ciroowwan ofdanda`oon karaa lama argamuu danda`u: hirkachiistota irraa haquufi akka guutuu ciroo hirkataatti galuuni. Fakkeenyaaf, ciroo hirkataa `osoo cimaa taatee` jedhu hirkachiistuu `osoo` jettu yommuu irraa haqnu `cimaa taate` ta`a. Kun immoo ciroo ofdanda`adha jechuudha. Karaan inni lammaffaa haaluma olitti ilaalleen ciroo hirkataa guutuu taasisuuf ciroowwan ofdanda`oo itti dabaluu jechuudha.



Gilgaala 11

A. **Fakkeenya armaan olii bu`uura godhachuun gosoota ciroo armaan gadii hirkataafi ofdanda`aa jechuun sababa waliin agarsiisi. Nama lama ta`aa waliin hojjedhaa.**

- Yoo toleef _____
- Hindheebonne _____
- Waan garaa na nyaateef _____
- Bulee gale _____
- Osoo sirriitti dubbistee _____
- Kufee cabe _____

ii. **Ciroo firoomseefi ciroo guuttuu**



Akaakuun ciroo kanaa bakka isaan hima tokko keessatti qaban bu`uureeffata. Ciroon hima keessatti daangaa gaalee maqaa yookiin daangaa gaalee gochimaa yookiin daangaa lamaan keessattuu argamuu danda`a.

Daangaa gaalee maqaa keessatti kan argamu ciroo firoomsee yommuu ta`u, daan-



gaa gaalee gochimaa keessatti kan argamu garuu ciroo guuttuuti. Akaataa kanaan miiltoo gaalichaa ta`un odeeffannoo dabalataa dhiyeesu. Ciroon guuttuun garuu daangaa gaalee gochimaa keessatti argamuun gochima mataa ta`e sana guutuu taasisa. Fakkeenyaaaf,

- Dargaggeeyyiin **warri biyya misoomsan sun akka badhaasa argatan murteeffame.**
- Jaarsoliin biyyaa, **kan namoota eebbisaa turan, erga barbaacha dhabanii oolee buleera.**
- Bantiin, **gurbichi fiigichaan Londonitti 1^{ffaa} bahe sun, yommuu biyyatti deebi`e nibadhaafame.**
- Qananiin, **isheen barumsaan cimtuun sun, waan 1^{ffaa} baateef jallatamte.**

Fakkeenyaa armaan olii keessatti ciroo firoomseen gurraacha`ee, ciroo guuttuun immoo dalga hirkatee jira. Kanneen daangaa gaalee maqaa keessatti gurraacha`anii dhiyaatan dargaggeeyyiin, jaarsoliin biyyaa, Bantiin, Qananiin maal akka ta`an waan nutti himaniif, ciroo firoomseeti. Ciroowwan daangaa gaalee gochimaa keessatti dalga hirkatanii dhiyaatan ammo mataa gaalichaatiif miiltoo ta`un guutuu taasisanii jiru. Kanaafuu, ciroo guutuu jedhamu.

- B. Fakkeenyaa armaan oliirratti hundaa`un ciroowwan armaan gadii kan-neen firoomsee ta`an altokko jala sararuun kanneen guuttuu ta`an immoo yeroo lama jala sararuun agarsiisi. Nama sadii ta`un waliin hojjedhaa.**
- Namoonni, warri abbaa Tolaaf meesii meesan sun, akka tola ooltummaa hojjetan dhagahame.
 - Boontuun, akka nama gaarii taate, nama hedduutu beeka.
 - Barattooni, kanneen ciccimoo ta`an, yeroo isaaniitti haalaan dhimma bahu.
 - Namoonni, kanneen qabeenya qaban, akka halkanii guyyaa hojjetan nami ni kamuu beeka.
 - Biyya guddatte, kanneen akka Amerikaa keessatti, jireenyi salphaa miti.



Gilgaala 12:

Gosoota ciroo arfan qofaa qofaatti shan, shan barreessuun barsisaa/tuu keetti agarsiisi.

1. Ciroo hirkataa

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

2. Ciroo ofdanda`aa

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

3. Ciroo firoomsee

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

4. Ciroo guutuu

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____
- e. _____

Boqonnaa 8: Walaloo

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti:

- ❖ afwalaloo dhaggeffattee ergaasaa nihimta;
- ❖ yaad-rimee walaloo nihubatta;
- ❖ afwalaloo dhaggeeffatte irra deebitee afaaniin walaleessita;
- ❖ barwalaloo dubbistee ergaasaa nixiinxalta;
- ❖ barwalaloo buufata sadii qabu nibarreessita;
- ❖ keeyyata himoota sasalphaa sadiifi isaa ol qaban nibarreessita;
- ❖ jechoota hiika-qabeessa ta'an ni'uumta;
- ❖ maalummaafi qoomolee himaa addaan nibaafatta;

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Gilgaala 1

- A. **Gaaffilee armaan gadii otoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura muuxannoo keerratti hundaa'uun hiriyyoota kee waliin irratti mari`adhu.**
1. Naannoo keetti namoonni gaddas ta`e gammaachuu isaanii maaliin ibsatu?
 2. Geerarsi yommuu geeraramu dhaggessee beektaa? Mee waan yaadattu barattoota daree keetti himi.
 3. Geerarsi goosota afoolaa birooraa maaliin adda ta`a? Qofaan/waliin gaggeeffamaa?
 4. Barreeffamni dhaggeeffachuuuf deemu waa`ee maalii sitti fakkaata?
- B. **Otoo barreeffama siif dubbifamu hindhaggeeffatiin dura hiika jechoota armaan gadii tilmaamuun fakkeenyaan deeggarii agarsiisi.**
1. diddigsa
 2. qammane
 3. dallanee



Gilgaala 2

Gaaffilee armaan gadiif barreeffama barsiisaan/tuun kee siif dhiyeessu/dhiyeessitu dhaggeeffachaa bakka duwwaa guuti. Otoo dhaggeeffachuu hineegaliin dura gaaffilee dabtara keerratti galagalfadhu.

1. Geerar geerar naan jedhu
Geerarsa maal _____
2. Ka`een irraa diddigsa
Akka baasaa _____
3. Maafan _____
Akka gowwaa dallanee
4. Akka nama _____
Akka nama _____
5. Barachuuf mana baheen
Hidda _____
6. Of argeera _____
Dhaabii _____
7. Nan deebi`a hinturu
Kanarra _____



Gilgaala 3:

- A. **Gaaffilee armaan gadii geerarsa dhaggeeffatte irratti hundaa`uun deebisi. Deebii kees sababaan deeggari.**
1. Akka geerarsichaatti “**Barachuuf manaa baheen hidda kutuu dadhabe**” yaadni jedhu maal agarsiisa?
 - A. Barumsa deemeen hidda bosonaa dhabe
 - B. Barachuuf deemeen hidda harkisee dadhabe
 - C. Barachuuf deemen bu`aa gaarii galmeessisuud dadhabe
 - D. Hidda kutuun humna barbaada.
2. Geeraraan kun “**Ofargeera rakkoo koo dhaabii hiriyyaan bade**” yommuu jedhu maal jechuu barbaadeeti?
 - A. Rakkoon isaa hiriyoota waliin dhaabbachaa ooluu ta`uu
 - B. Rakkoon isaa filannoo hiriyyaa ta`uu
 - C. Namoonni waliin oolu kaayyoo isaarraan akka dhiibbaa geessisan
 - D. ‘B’ fi ‘C’ deebiidha.

3. Yaanni “**Nan deebi`a hinturu kanarra yeroo hingubu**” jedhu maal agar-siisa?
 - A. Gaabbi
 - B. Yeroon hanga yoonaa dabarse akka gaarii hintaane
 - C. Badii isaarrraa barachuuusaa
 - D. Hunduu deebiidha.
4. Geerarsa kana nama akkamiiitu geerareera jettee yaadda?
 - A. Nama barumsaan kaayyoo isaa galmaan ga`ate
 - B. Nama barachuuf fedhii qabu garuu sababa hiriyyaan karaarraa kaate
 - C. Nama hiriyyaa isaa jajuu barbaade
 - D. Nama bosona keessaa hidda kutuuf humna dhabe
5. Ergaan geerarsa kanaa maali?
 - A. Namni hiriyyaa bade kaayyoo isaa galmaan ga`achuu hindanda`u
 - B. Namni namaaf barbaachisaadha
 - C. Namni abbaa jaallatu aarii isaa itti himachuu qaba
 - D. Abbaa ofii geerarsaan faarsuun aadaadha.
- B. **Gaaffilee armaan gadii geerarsa dhaggeeffatteefi muuxannoo kee bu`ura godhachuun deebisi.**
 1. Yaada geeraraa kanaa akkamitti ilaalta? Gaarii moo badaadha? Maaliif?
 2. Geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta`ee kan walaloon darbu ta`uu hubattee? Mee gosoota afoolaa biroo haala kanaan darban hiriyyoota keetti himi.
 3. Akka yaada keetti, hiriyyaa filachuun barbaachisaadhaa? Maaliif?

Barannoo 1: Yaadrimeefi Amaloota walaloo

1. Yaad-rimee walaloo



- Boqonnaa afur jalatti gosoota ogbarruu keessaa tokko kan ta`e waa`ee asoosama dheeraa baratteetta. Asoosamni dheeraan ogbarruu bifa hololoon mul`atu yommuu ta`u, walaloon immoo ogbarruu bifa walaloon mul`atudha. Kanaafuu, barannoo kana keessatti yaadrimeefi amaloota walaloo baratta.
- Yaadannoo armaan gaditti siif kenname dubbisuun erga hubattee dabtara keerratti galagalfadhu. Yaadrimeefi amaloota walaloos addaan baafadhu.



Walaloon gosa ogbaruu keessaa tokko ta'ee kan barreeffamaafi af-aaniin mul'achuu danda'udha. Inni barreeffamaan dhiyaatu isa walloon (barreessa walaloo) barreeffamu yommuu ta'u, inni afaaniin mul'atu immoo qabeenya hawaasaa isa ta'e afooladha. Fakkeenyaaaf, geerarsa, sirba, geloo, kkf.

2. Amaloota walaloo

i. Qabatamummaa

Walaloon addunyaa dhugaa bu'uura godhachuun walloon ilaalchaafi yaada isaa kan ittiin ibsatu yoo ta'u, dhimma qabatee ka'e sanas dubbisaa, hirmaattota ykn dhaggeeffattootaaf kan dhiyyeessu wanta qabatamaa ta'etti fayyadameeti. **Fkn.**

Biyyi ofii haadha
kan nama hinnuffine
kan nama hinmuddine
kan nama hindadhabne
gara bal`eettidha.
biyyiifi haati tokko
lachuu dandahoodha
dadhabee hinbeekani
nandhabes hinjedhani.

Walaloon kun qabatamummaasaa yoo ilaalle waanuma dhugaa jiru bu'uuref-fachuun barreeffamedha. Kunis, amala haadhaafi biyyaa haala walfakkaatuun ibsuu isaati.

ii. Fakkii uumuu

Kana jechuun jechoonni waloon itti fayyadamu sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumuu kan danda'u ta'uu agarsiisa. Kunis yaada isaa hubatamaa taasisuuf waan namni sirriitti beekuun wal bira qabee dhiyeessa jechuudha.

Fakkeenyaaaf, walaloo armaan olii keessatti biyya haadhaan tokko taasisee agarsiisuun namni hunduu amala haadhaa waan beekuuf biyyas haala salphaa ta'een akkaataa sanaan akka hubachuu danda'uuf.



iii. Qusannaa jechaafi walitti qabama yaadaa

Walaloon filannoo jechaafi yaadaa barbaada. Kanaafuu, baay' ee haala qusatamaafi hudumamaa ta'een barreeffama. Akka barreeffama kaaniis jechoota arge hundatti dhimma hinbahu. Jechoota filatamoo muraasa ta'aniin akkasumas malleen dubbiitti gargaaramuuun barreeffamuun ergaa bal'aa ta'e gosa barreeffamaa dabarsuu danda'udha.

Fkn. walaloon armaan olii walaloo buufata lamaan waa'ee biyyaa hubachise.

iv. Yeedaloo qabaachusaa

Walaloon akka barreeffama hololo dhangala'ee waan hinbarreeffamneef ykn haala sheekkootiin waan hinjedhamneefi hinhuuruubsamneef buufataafi yeedaloon qindaa'ee dhiyaata. Yeedaloo qabaachuun isaas yeroo dhaggeeffannu miirri adda addaa akka nutti dhagahamu taasisa. Fakkeenyaaaf, gammaachuu, gaddaafi kkf ta'uu danda'a. Walaloo keessatti sararoonni adda addaa walitti dhufanii buufata tokko ta'u, isaanis kanneen ergaa/yaada tokkoratti xiyyeefatanidha.

Fakkeenyaaaf, walaloon armaan olii buufa 2 fi sarara/bo'oo 9 of keessaa qaba. Gama yeedalootiinis sararri tokkoffaafi shanaffaan sagalee walfakkaatuun yommuu xumuraman, sararri lammaffaan, sadaffaafi arfaffaan immoo sagalee walfakkaatuun xumuramu. Kanaafuu, walfakkeenyi sagalee xumurarratti argamuu kun akka yeedaloo qabaatu taasisa.

Biyyi ofi haadha
kan nama hin nuffine
kan nama hinmuddine
kan nama hindadhabne
gara bal'eettidha.



Gilgaala 4

Mee walaloo buufata sadii qabu mana kitaabaa keessaa barbaadii dabtara keerratti galagalchi. Isa boodas amaloota armaan olitti eeraman gidduu galeeffachuun haala fakkeenyaa kennameen xiinxali.

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 5

1. **Geerarsa barsiisaan/tuun keessan dubbisu/dubbistu bu`uura godhachuun gaaffilee armaan gadii deebisi.**
 1. Geerarsa dhaggeeffatte mee irra deebi`ii hiriyyoota daree keef geerari.
 2. Ergaan geerarsichaa maali? Mee waan irraa hubatte himi.
2. **Gaaffilee armaan gadiif muuxannoo keefi waan dhaggeeffatterratti hundaan`uun afaaaniin deebii kenni.**
 1. Geerarsa ofi kee beektu yookiin maatii kee gaafachuun daree keessatti fidii barattootaaf geerari. Ergaa isaas hiriyyoota keetti himi.
 2. Geerarsaa ala afoola beektu qabdaa? Mee waan beektu barattoota daree keetti himi.
 3. Afoolli ati hiriyyoota keetti himteefi geerarsi garaa garummaa /walfakkeenya qabuu? Mee waan ittiin gargaar ta`aniifi walfakkaatan ibsi.

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 6

- A. **Gaaffilee armaan gadii otoo dubbisa itti aanee jiru hindubbisiin muuxannoo keessan bu`uura godhachuun nama sadii ta`aa irratti mari`adhaa; yaada keessanis dareef ibsaa.**
 1. Walaloo dubbistee beektaa? Mee kan dubbistee beektu keessaa waan yaadattu hiriyyoota keetti himi.
 2. Walaloon barreeffamoota bifaa keeyyataan dhiyyatanirraa maaliin adda ta`a?
 3. Walalootiin ergaa akkamii dabarfachuun danda`ama?
- B. **Otoo dubbisuu hineegaliin dura hiika jechoota armaan gadii tilmaamuun fakkeenyaan deeggarii ibsi.**
 1. bobbaasuu
 2. baraaree
 3. dungoo



Gilgaala 7

Walaloo armaan gadii saffisaan dubbisuun gaaffilee itti aananii jiraniif deebii kenni.

1. Walaloon kun buufata meeqa qaba?
2. Walalichi sarara meeqa qaba?
3. Ergaan bo`oo walaloo 1^{ffaa} maali?
4. Walaloo kana keessatti `daandii dammaqinaati` yoo jedhu maal jechusaati?
5. Yaada dimshaashaa walaloo kanaa ibsi.

Yaa Nama Baratee!

Nama waa barate

Koottun ofit-fiduun

Adeemiin deemsisuun

Taa`iinis teessisuun

Ka`iinis olkaasuun

Waan salphatu miti

Ajajaan bobbaasuun

Ajajamuun dura maaliif? jechuuf bula.

Barachuun yoomiifii?

Akkuma mormaati

Ofirra mil`achuuf

Galagalchee ilaaluuf

Daandii dammaqinaati.

Yaa nama baratee!

Fageessee ilaaluun

Gad-fageenyaan yaaduun

Ofii of baraaree lammisiis badii oolchuuf

Kan akka kee hinjiru at abdii biyyaati

Jabaadhuu tarkaanfadhuu

Ibsi dungoo beekumsaa

Isatu saba kee doofummaafi hiyyumarraa bilsoomsaa.



Gilgaala 8

- A. Walalicha irra deebi`uun sagaloomsuun dubbisuun gaaffilee armaan gadii haala barsiisaan/tuun isin qajeelcheen/qajeelchiteen gareen mari`achaa deebisaa.**
1. Walaloon kun nama barate akkamitti ibse? Haala gaariin/badaan? Maaliif?
 2. Akka walaloo kanaatti `barachuun` maal waliin walbira qabamee ibsame? Maaliif sitti fakkaata?
 3. Ergaan walaloo bo`oo 3^{fatt}i maali?
 4. Akka yaada walaloo kanaatti namni barate namaaf hinajajamu jettee yaaddaa? Maaliif?
- B. Gaaffii armaan gadii muuxannoo keerratti hundaa`uun deebisi.**
1. Ergaan walaloo dubbistee kun dhugaa jirenya qabatamaa keessa jiruun walsimataa? Akkamitti? Mee waan hubatte hiriyyoota keetti himi.
 2. Walaloo dubbistee beektu tokko yookiin dubbisuun ergaasaa hiriyyoota daree keetti himi.
 3. Walaloo buufata lama ofkeessaa qabu barreessuun barattoota daree keef dubbisi.

Barannoo 4: Barreesuu-Himoota sasalphaan keeyyata barreessuu

- ❖ Boqonnaa torba barannoo afur keessatti waa'ee qaamolee keeyyataa baratteeta. Qabxiilee barannoo sana jalatti baratte irra deebitee yaadachuun dhimma barannoo kanaa kan ta`e **keeyyata barreessuuf** waan si fayyaduuf gilgaala 9A qalbiin dalagi.



Gilgaala 9

Shaakala keeyyata barreessuu

- A. Keeyyata armaan gadii keessaa himoota ijoo, himoota callaafi himoota goolabaa akkasumas matadureesaa tilmaamuun namoota sadii ta`uun mri`achaa adda baasuun gabatee kenname keessatti barreessaa.**

Biqltuu karaalee gurguddoo sadin kunuunsuun nidanda`ama: Tokko xaa`oo jala buusuun. Biqiltuun akkuma dhala namaa nyaata barbaada. Kanaafuu, waantota akka nyaataatti tajaajiluu danda`an kanneen akka haraa manaa, xaa`oo hammayyaa, faltii horiifi kkf jalatti gatuun barbaachisaadha. Inni biraan, bishaani. Biqiltuun dhaabbate tokko yeroottii yerootti ilaalamee yoo bishaan dhuguu baate gogee baduun isaa waan walnugaafachiisuu miti. Inni sadaffaan, aduudha. Biqiltuun tokko yoo aduu hinarganne bifaa magariisummaa argatee guddachuuf rakkisaadha. Kanaafuu, biqiltuu tokko haalaan kunuunsinee guddisuuf xaa`oon, bishaaniifi aduun baay`ee barbaachisaadha.

Mataduree	Hima Ijoo	Himoota Deeggaroo	Hima Goolabaa

Matadureewwan armaan gaditti kennaman keessaa tokko filachuun keeyyata himoota sasalphoo sadifi isaa ol qaban barreessi. Keeyyata kee keessas himoota ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baasuun agar-siisi.

- | | |
|---|----------------------|
| 1. Faayidaa barumsaa | 4. Kunuunsa naannoo |
| 2. Barbaachisummaa yeroo barumsaa kabajuu | 5. Faayidaa misoomaa |
| 3. Faayidaa sabaahimaalee | |



Gilgaala 10

Shaakala gumeefi barreffama qopheessuu

- ☞ Gumeen yaada barreffama tokko otoo hinbarreessiin dura mataduree irratti barreessinu bu`uura godhachuun tarreffannudha. Barreffama keessatti gumeef qopheeffachuun faayidaa garaa garaa qaba: irra dedeebii yaadaa ham-bisuuf, yaanni ka`uu malu otoo hinka`iin akka bira hindabarre, duraa duuba yaadaa eegnee akka barreessinuufi dhiima mataduree keenyaa ala akka hin-baaneef nufayyada. Kanaafuu, barreffama barreessuuf yoo dursinee gumeef qopheeffanne waanta barreessinu tokko haala salphaan gumeef sanarraa walitti qabsiisanna jechuudha.
- ☞ Fakkeenyaa armaan gaditti dhiyaate sirriitti hubadhu. Itti aansuun matadureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumeef qopheessi. Gumeef qopheessit-errattis keeyyata tokko qopheessi.

Fakkeenya Gumee

1. Qaamolee miiraa
 - 1.1 Gurra
 - 1.2 Ija
 - 1.3 Funyaan
 - 1.4 Arraba
 - 1.5 Gogaa
- ☞ Barreeffamni armaan gadii gumee armaan olitti dhiyaate irratti hundaa'uun qophaa'e. Mee ilaali hubadhu.

Qaamoleen miiraa bakka shanitti qoodamu: Tokkoffaan gurra. Gurri qaamolee miiraa keessaa isa tokko yoo ta'u sagalee dhagahee addaan baasuuf tajaajila. Inni lammaffaan ija. Kunis faayidaa mataa isaa kan qabu yoota'u ilaaluuf nama gargaara. Haalauma walfakkaatuun, qaamni miiraa inni sadaffaan funyaani. Innis fuunfachuun foolii addaan baasuuf gargaara. Arfaffaan arraba yommuu ta'u inni immoo dhamdhamuun mi'aawaafi hadhaawaa yookiin gaariifi badaa addaan baasuun qaama keenya miidhamarraa dhorka. Inni shanaffaafi xumuraa gogaadha. Kunis waantota tutuquun gubaa, qoraa, ho'aa ta'uu kan adda baasuufi akka qaamni keenya hamaaf hinsaaxilamne kan tajaajiludha. Walumaagalatti, qaamoleen miiraa shan yommuu ta'an hunduu faayidaan isaan dhala namaaf kennan guddaa ta'uu hubachuun barbaachisaadha.

Matadureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessiterrattis keeyyata tokko himoota sasalphaatti gargaaramuuun barreessi.

- | | |
|--------------------------------|--------------------|
| 1. Faayidaa aadaa | 4. Ispoortii |
| 2. Kunuunsa beelladaa | 5. Kitaaba dubbisu |
| 3. Nyaata qaama nammaa gabbisu | |

Barannoo 5: Fayyadama Jichoottaa-Jechoota hiika qabeessa uumuu



- ☞ Kanaan dura boqonnaaleefi barannoo garaa garaa keessatti haala ittiin jechoonni uumaman baratteetta. Fkn. tisheessuun, qaama jecha garaa garaa walitti fiduun. Mee kana ilaalchisuun waan yaadattu hiriyyoota keetti fakkeenya fudhachuun himi.
- ☞ Amma immoo barannoo kana jalatti daandii biraat jechoonni uumaman keessaa tokko kan ta'e jecha tokko keessatti qabee waljala fuudhuun jechoota uumuu baratta. Kanaafuu, yaada itti aanee jiru qalbiin hordofi.



Gilgaala 11

Shaakala: qubee waljala fuudhuun jechoota hiika qabeessa uumuu

- ☞ Qubee waljala fuudhuun jechoota hiika qabeessa ta'an uumuun jecha tokko keessatti bakka teessuma qubee waljijiiruun yookiin irraa muruun kan raawwatudha.
- ☞ Fakkeenya armaan gadii haalaan qalbifachuun gaaffilee itti aananii jiran deebisi
 1. nama = mana, ana
 2. laga = gala, ala
 3. baala= aala, balaa
 4. qalama= lama, mala, ala, aala, qaama, malaa, qala
 5. araada = raada
- A. Fakkeenya armaan olii bu'uura godhachuuun jechoota armaan gadii keessa qubeewwaan jiran bakka waljijiiruun jechoota hiika qabeessa ta'an hiriyyoota kee waliin uumaa.
 1. afoola
 2. gurraacha
 3. buddeena
 4. qajeelaa
 5. qopheessaa
- B. Jechoota garaa garaa 10 tarreessuun jechoota hiika qabeeyyii ta'an irraa uumuun barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.

1. _____
 2. _____
 3. _____
 4. _____
 5. _____

6. _____
 7. _____
 8. _____
 9. _____
 10. _____

Barannoo 6: Caasluga-Maalummaafi qaama himaa



Gilgaala 12

Shaakala himaa

- ☞ Kanaan dura waa`ee hima salphaa baratteetta. Mee himni salphaan maala akka ta'e yaadattaa? Daree keef ibsi. Barannoo kana keessattis isuma dura baratteen kan walqabatu gadifageenyaan ilalta.
- ☞ Yaadaafi fakkeenyawwan armaan gadii dubbisii qalbifadhuu dabtara keerratti galagalfadhu.

Hima

Himni barreeffama qaama adda addaa ofkeessatti qabachuun qindaa`udha. Himni tokko mathima, antimaaifi gochimarraa kan qindaa`u yoo ta`u, yoo xiqaate mathimaafi gochima kan qabu, hawaasa afaan sana dubbatu biratti fudhatama kan argatuufi tuqaaleedhaan kan goolabamudha.

Fakkeenyaaaf,

1. Qalbeessaan uffata miicce.
2. Daldaloonni harree miidhan.
3. Intalli maaliif mana barumsaa hafte?
4. Ka`ii balbala cufi!
5. Badhaasaan marga nyaate.

Fakkeenya armaan olitti kennname keessatti himoonni 1-4 jiran hima Afaan Oromoo ta`uu danda`u. Sababiin isaas himoonni kunneen hunduu mathima, antimaaifi gochima qabu. Kanneen keessaas himoonni 3 fi 4n bakka bu`een mathima isaanii dhokataadha. Kun immoo amaloota Afaan Oromoo keessaa tokko waan ta`eef rakkoo hinqabu. Himooni kun (1-3) qaamolee himaa mathima, antimaaifi gochima qabu. Inni 4^{ffaan} immoo bakka bu`aa matimaa dhokataa ta`e qaba. Kana malees himoonni hundi tuqaaleetiin xumuramaniiru, dubbataa afaanichaa birattis hiikni kennan fudhatama qaba. Haata`umalee, hima 5^{ffa}a yoo ilaalle akkaataan ijaarsa himichaa sirrii ta`us hiikni isaa hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama waan hinqabneef hima ta`uu hindanda`u; namni midhaan malee marga hin nyaatu.

Akka waliigalaatti, himoota armaan olii keessatti Qalbeessan, daldaloonni, intalli, ati (bakka bu`ee mathimaa dhokataa) kanneen jedhan mathima jedhamu. Sababiinsaas gochaa hima sana keessaas qaamota raawwatanidha yookiin immoo himni sun kan dubbatu waa`ee isaaniiti. Kanaafuu, mataa hima sanaa jedhamani. Kanneen akka uffata, harree, mana barumsaa, balbala immoo antimaa jedhamu. Sababiin isaas kanneen gochi irratti raawwatame waan ta`aniifidha. Himoota kana keessatti kanneen akka miicce, miidhan, hafte, cufi jedhan immoo gochimadha. Sababiin isaas kanneen gocha hima kana keessaas raawwatan waan ta`aniifi. Kanaafuu, himni tokko yoo xiqaate matimaafi gochima qabaachuun dirqama.

A. **Himooni armaan gadii himoota Afaan Oromoo ta`uu isaanii gareen mari`achaa sababa waliin adda baasaa. Qaamoolee himoota kanaas agar-siisaa.**

1. Barattooni mana barumsaa isaanii qulqulleessan.
2. Gaaddisaan kubbaa taphate.
3. Jamiilaan fiigichaan 1^{ffaa} baate.
4. Qaasim maaliif barumsa dhiise?
5. Namichi boolla keessa jiraata.

B. **Himoota Afaan Oromoo 10 barreessuun qaama isaa addaan baasuun bar-siisaa/tuu keetti agarsiisi.**

- | | |
|----------|----------|
| 1. _____ | 6. _____ |
| 2. _____ | 7. _____ |
| 3. _____ | 8. _____ |
| 4. _____ | 9. _____ |
| 5. _____ | 10 _____ |

Boqonnaa 9: Tokkummaafi Addaddummaa

Kaayyoowwan

Xumura boqonnaa kanaatti:

- ☞ yaada barruu dhaggeeffattee haala jirenya qabatamaa waliin walbira qabdee nimadaalta;
- ☞ yaada kee ragaan deeggaruun ofitti amanamummaan falmii nigaggeessita;
- ☞ yaada barruu dubbisteerratti ilaalcha qabdu nihimta;
- ☞ keeyyata himoota sasalphaa shaniifi isaa ol of keessaa qabu ni barreessita;
- ☞ jechoota hiik-heddee ta`aniif hiika garaa garaa nikennita;
- ☞ akaakuu himootaa caasaadhaan addaan nibaafatta.

Barannool: Dhaggeeffachuu

- ☞ Boqonnaa torba barannoo sadii jalatti waa`ee barnoota aad-hedduummaa baratteetta. Mee waan yaadattu barattoota daree keetti himi.
- ☞ Amma immoo, barannoo kana jalatti dhimmuma kana kan jabeessu tokkummaafi addaddummaa baratta. Kanaafuu, gilgaalaafi fakkeenyaa siif kennamu haalaan duukaa bu`i.



Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii otoo gara dhaggeeffachuutti hinseeniin dura muuxanno keessan bu`uura godhachuun gareen irratti mari`adhaa. Yaada keessanis barattoota hundaaf qoodaa.

1. Naannoo ati jiraattu namoonni jiraatan saba tokko moo garaa gara? eenu fa`i?
2. Sabaafi sablammiiin naannoo kee jiran kun waan ittiin garaagara ta`an qabuu? Maal maali?
3. Sabaafi sablammiiin kun garaagarummaa qabaachuun isaanii waliin jiraachuurraati rakkoo isaanirraan gaheeraa?
4. Barruun dhaggeeffachuuf deemtu waa`ee maalii sitti fakkaata?



Gilgaala 2

Barreeffama barsiisaan/tuun kee siif dubbisan dhaggeeffachaa gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni. Gaaffilee dursii dabtara keerratti galagalfadhu.

1. Sabaafi sablammiiin biyya tokko keessa waliin jiraatan maal maaliin adda adda ta`uu danda`u?
2. Sabaafi sablammiiin garaagaraa biyya tokko keessa waliin jiraachuun maal hinqaqqabsiisu?
3. Sabni waliin jiraatu marti waan ittiin gargaar ta`e maal waliif gochuu qaba?
4. Saboонни garaagaraa dhimmoota kan dhuunfaasaa ta`an qabaatus waliin maal qabu?
5. Akka barreeffamichaatti dhimmoota saboota garaagaraa walitti fidan keessa kan akka fakkeenyatti ka`uu danda`u maali?



Gilgaala 3

A. Gaaffilee armaan gadii barreeffama dhaggeeffattan irratti hundaa`uun yoo yaannisaa sirrii ta`e *dhugaa* yoo dogoggora ta`e immoo *soba* jechuun sababaan deeggaruuun gareen irratti mari`adhaa.

1. Biyya sabaafi sablammiiin keessa jiraatu keessatti waliin jiraachuun rakkisaa miti.
2. Namni aadaan, afaan, amantiin isaa akka kabajamuuf barbaadu kan nama biraabirajuu dhiisus rakkoo hinqabu.
3. Sabaafi sablammiiin garaagaraa biyya jiraatu keessatti waan waliin qooddatu niqabaata.
4. Sabaafi sablammiiin biyya tokko keessa jiraatu tokkummaasaa waliin cimsatee garaagarummaasaa walii kabajee jiraachuu nidanda`a.
5. Namoonni sabaan addadda ta`an dhimma hawaasummaarratti waliif qaqqabuu hindanda`an.

B. Gaaffilee armaan gadii muuxanno keefi barreeffama dhaggeeffatte irratti hundaa`uun barreeffamaan deebisi. yaada kees barattoota dareef ibsi.

1. Ergaa barreeffama dhaggeeffatte cuunfuun hima 2-3 barreessi.

2. Yaadni barreffamicha keessatti ka`e haala qabatamaa naannoo keetti nimul`ataa? Mee fakkeenyaaan deeggarii ibsi.
3. Namoota biyya tokko keessa jiraatan waantonni tokko taasisan akkasumas waantonni addadda taasisan maal fa`i? Tarreessi.
4. Sabaafi sablammiiin garaagaraa biyya tokko keessa waliin jiraachuun gaarii moo yaraadha jetta? Maaliif?
5. Ati akka nama tokkootti sabaafi sablammiiin biyya tokko keessa waliin jiraatu haala kamiin akka jiraatu gorsita?

Barannoo 2: Dubbachuu: Falmii gaggeessuu



Gilgaala 4

Shaakala falmii gaggeessuu

- ☞ Mataduree armaan gaditti isiiniif kenname irratti gareen adeemsaa isaa eeguun falmii gaggeessaa.
- A. Sabaafi sablammiiin garaa garaa biyya tokko keessa garaagarummaan jiraachuurra tokkummaan jiraachuuutu gaariidha.
 - B. Sabaafi sablammiiin garaagaraa biyya tokko keessa tokkummaafi garaagarummaan jiraachuuutu gaariidha.

Adeemsi hordofamuu qabu:

1. Jalqaba sadii sadiin ta`uun garee uumaa.
2. Itti aansuun matadureewwan kennaman keessaa kan irratti falmii gaggesitan murteeffadhaa.
3. Isa booda yaada falmii keessaniif nu gargaara jettanii yaaddan mara walitti qabadhaa. Itti aansuun yaada walitti qabdan akka falmiif tolutti qindeef-fadhaa.
4. Haala ittiin dhiyeessitan irratti shaakala gaggeessaa.
5. Dhumarrattis garee yaada faallaa keessanii qabatee jiru waliin fuuldura daree keessanitti bahuun falmii taasisaa.
6. Yeroo falmii adeemsistanis dabaree eegdanii dubbachuu, yaada walii kabajuun, yaada qofaarratti xiyyeeffachuuifi yeroo eeyyamame qofaatti gar-gaaramuun barbaachisaadha.

Barannoo 3: Dubbisuu: Callisaafi saffisaan dubbisuu



Gilgaala 5

- A. **Gaaffilee armaan gadii otoo gara dubbisatti hinseeniin dura muux-anloo keessan bu'uura godhachuun gareen irratti mari'adhaa. Yaada keessanis dareef ibsaa.**
1. Namoonni waliigalteen waliin jiraachuuf maaltu barbaachisa?
 2. Namoonni amala yookiin ilaalcha garaagaraa qaban akkamiin waliin jiraachuu danda'u?
 3. Namoota garaagaraa gidduutti waldanda'anii waliin jiraachuun gaari-idhaa? Maaliif?
 4. Ergaan barreeffama dubbisuuf deemtuu maal ta'uu danda'a jettee yaadda?
- B. **Hiika jechoota armaan gadii otoo dubbisuu hineegaliin dursii tilmaamii.**
1. waldanda'uu
 2. hawaasummaa
 3. walaba



Gilgaala 6

Gaaffilee armaan gadiif dubbisaa dhiyaate callisaafi saffisaan dubbisaa bakka duwwa guuti.

1. Namni _____, _____, _____ fi _____ tokko ta'uu dhiisuu nimala.
2. Waldanda'anii jiraachuuf _____ fi _____ barbaachisaadha.
3. Waldanda'anii jiraachuun tokkummaa uumuun jaalalaan biyya ofii keessa _____ jiraachuuf _____ olaanaa qaba.
4. Namni yoo hindhiibamne haala walqixa ta'een walhubatee kan jiraatu yoo ta'e biyyasaafis _____ akka qabaatu taasisa.
5. Waldanda'insi _____ keessattis ta'e _____ keessatti _____ barbaachisaadha.
6. Dogoggora namoota gidduutti uumamuuf kan fala ta'u _____ waliif gochuudha.
7. Waldanda'uun _____ kabajuu, kan namni biraan ittiin beekamu _____, ilaalcha qajeelaa qabaachuu dabalata.



Waldanda`uu

Dhalli namaa uumama hawaasummaan jiraatudha. Hawaasummaan jiraachuu keessa immoo waantota garaagaraatu jira. Namni hundi amantii, ilaalcha, fedhii, qomoo, bifaa, saala, sadarkaa jirenyaa, beekumsaafi kanneen kana fakkaataniin tokko ta`uu dhiisuu nimala. Dhimmoota kanaan tokko ta`uu dhabuun immoo waliin jiraachuun hindanda`amu jechuu miti.

Namni kamuu garaagraummaa isa gidduu jiru hubachuun walii **fudhatee** kan kootu kan kee caala otoo hinjedhiin **haala walmadaalaat ta`een** wal danda`ee jiraachuu nidanda`a. Waldanda`anii jiraachuuf gara bal`inniifi waliif yaaduun barbaachisaadha. Namni gaafa waliin jiraatu beekees otoo hinbeekiinis dogoggoruun nidanda`a. Yeroo akkasii kana dogoggora uumame akka waan ajaa`ibaatti yookiin akka **yakkaatti** ilaaluun barbaachisaa miti. Sababiinsaas, namni kamuu dogoggorarraa **walaba** miti. Kanaaf kan fala ta`u obsaan dogoggora walirra waliif darbuun dhiifama waliif gochuudha.

Waldanda`uun yaada walii kabajuu, kan namni biraan ittiin beekamu aadas ta`e afaan yookiin amantiif, ilaalcha qajeelaa qabaachuun badiin yoo jiraate walitti **lakkaahuu** dhiisuu, waan qabaniin kabajaafi jaalalaan waliin jiraachuudha. Kun kutaa barnootaa keessattis ta`e jirenyaa hawaasummaa keessatti nama **kamiifuu** barbaachisaadha. Keessumaa, biyyoota sabaafi sablammiiin keessatti baay`atan keessatti waldanda`anii waliin jiraachuun **murteessaadha**. Kun immoo jaalalaafi kabaja namoonni waliif qaban **gabbisa** waan ta`eef tokkummaa uumuun dhiibbaa tokko malee jaalalaan biyya ofii keessa **yaaddoo** malee jiraachuuf **shoora** olaanaa qaba. Namni yoo hindhiibamne haala walqixa ta`een walhubatee kan jiraatu yoo ta`e biyyasaafis ilaalcha **qajeelaa** akka qabaatu taasisa.

Kanaafuu, waldanda`insi sadarkaa nama dhuunfaatti, sadrkaa hawaasaatti akkasumas sadarkaa biyyaatti taasifamu dhimmoota lammilee biyya tokko keessa jiranii qajeelchuutti dabalee **tumsi** inni guddina biyyaaf qabus **salphaa** miti. Namuu rakkoo xixiqqoo yaaduu dhiisee akka misoomaafi guddina biyyaarratti **fuulleffatu** taasisa.



Gilgaala 7

- A. **Dubbisa armaan olii irra deebi`uun suutaafi gadifageenyaan dubbisuun gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta`e filadhu.**
1. Akka barreeffamichaatti jechi **fudhatee** jedhu keeyta lammaffaa keessatti maal agarsiisa?
 - A. Inni tokko isa tokkorraa waan qabu fudhatee
 - B. Inni tokko isa tokkorraa waan qabu ergifatee
 - C. Inni tokko isa biraan waliin garaagarummaa qabu amanee
 - D. Inni tokko isa biraan waliin garaagarummaa qabu bal`isee
 2. Gaaleen dubbisicha keessatti gurraacha`ee **haala walmadaalaa** ta`een jedhu keeyta lammaffaa keessatti maal ibsa?
 - A. Adda addummaa keessatti waliqixxummaan jiraachuu
 - B. Adda addummaa keessatti walcaltee uumuu
 - C. Addaa addummaa keessatti kan koo caalaan gaarii ta`uu
 - D. Addaa addummaan waliin jiraachuuf rakkisaa ta`uu.
 3. Dubbisicha keessatti namni kamuu dogoggorarrraa **walaba** miti yoo jedhu keeyata lammaffaa keessatti maal hubachiisuu barbaadeeti?
 - A. Dogoggorri hojii dhala namaa ta`uu
 - B. Namni dadhabaan kan dogoggoru ta`uu
 - C. Namni kamuu dogoggoruunsaa waan hinoolleef waliif obsuun barbaachisaa ta`uu
 - D. Namoonni dogoggoran namoota ilaalcha gaarii hinqabne ta`uu
 4. Akka yaada dubbisichaatti waldanda`uun eessa eessatti barbaachisa?
 - A. Daree barnootaa keessatti
 - B. Jirenya hawaasummaa keessatti
 - C. Jirenya dhala namaa hunda keessatti
 - D. Hunduu deebiidha.
 5. Akka dubbisa kanaatti waldanda`uun faayidaa akkamii qaba?
 - A. Jaalalaafi kabaja namoonni waliif qaban cimsa
 - B. Tokkummaa namoota gidduutti cimsa
 - C. Biyya ofii keessa yaaddoo malee jiraachuuf bu`aa qaba
 - D. Hunduu deebiidha
 6. Akka yaada dubbisichaatti namni waldanda`ee jiraatu:
 - A. Dhimmoota xixinnoof bakka hinkennu
 - B. Misoomaafi guddina biyyaaf hojjeta
 - C. Dhiifama waliif hingodhu
 - D. `A` fi `B` deebiidha.

B. Jechootaafi gaaleewan roga 'A' jalatti tarreeffaman kanneen roga 'B' jalatti tarreeffamaniin akkaataa hiika galumsa dubbisicha keessatti qabaniin walitti firoomsi.

A

1. fudhatee
2. wal madaalaa
3. yakka
4. walaba
5. lakkahuu
6. kamiifuu
7. gabbisa
8. shoora
9. salphaa
10. fuulleeffatu

B

- A. fudhachuu
- B. bilisa
- C. xiyyeefatu
- D. baay`isuu
- E. murtii
- F. amanee
- G. cimsa
- H. laayyoo
- I. hundaafuu
- J. walqixa
- K. hammeenya
- L. gahee



Gilgaala 8

Gaaffilee armaan gadii dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee walitti fiduun deebisi. Yaada kees barattoota daree keef ibsi.

1. Ergaa dubbisichaa cuunfuun jechoota mataa keetti gargaaramii gabaabsii barreessi.
2. Yaada dubbisichaan darbe ilaalchisuun ilaalcha qabdu ibsi.
3. Dhimmoonni dubbisicha keessatti ka`an qabatamaan hawaasa ati jiraattu gidduutti nimul`ataa? Mee gama kanaan waan taajjabde dareef ibsi.
4. Yaada dubbisichaan ka`een alatti waldanda`anii jiraachuun akka keetti faayidaalee akkamii qaba?
5. Waldanda`anii jiraachuun ilaalchisuun haala qabatamaa biyya keenyaa ak-kamitti ilaalta? Mee yaada qabdu hiriyyoota keef qoodi.

Barannoo 4: Barreessuu-Keeyyata barreessuu



Gilgaala 9

Shaakala keeyyata barreessuu

- ❖ Boqonnaa toorbaafi saddeet barannoo afur jalatti waa`ee yaadrimeefi qaamota keeyyataa baratteetta. Mee maalummaa keeyyataafi qaamoleesaa maal maal akka ta`an dareef ibsi.
- ❖ Amma immoo isumaan kan walqabateefi hubannoo keeyyata barreessuurratti qabdu daran kan siif cimsu amaloota keeyyataa baratta. Kanaafuu, ibsaafi gilgaalota siif kennaman haalaan hordofi.
- ❖ Yaadannoo armaan gaditti kennname haalaan dubbistee erga qalbifattee dabtara keerratti barreffadhu.

Amaloota Keeyyataa



Keeyyanni amaloota garaa garaa qaba: tokkummaa, xiyyeefannaa, tartiiba yaadaafi xumuradha.

Tokkummaa - keeyyata keessatti tokkummaan walsimannaa hima ijoo keeyyataafi himoota callaa/deeggaroo ilaallata. Himooni callaa kanneen hima ijoo sana babal`isaniifi tumsan ta`uu qabu.

Xiyyeefannaa – haaluma walfakkaatuun xiyyeefannanis dhimma himni ijoo sun qabatee ka`e gidduu galeessa godhachuun barreessuu jechuudha. Himooni callaa keeyyatichaa kan isaan barreffamuu qaban yaada hima ijoo keessa jiru qo-faarraatti xiyyeefachuu ta`uu qaba.

Tartiiba - keyyata keessatti tartiibni akkaataa duraa duuba yaadaa ilaallata. Waan ibsamu yookiin seeneffamu tokko duraa duubasaa eegee barreffamuu qaba. Fakkeenyaaaf, jalqabbii dhimma tokkoo otoo hinibsiin xumurasaa ibsuun duraa duuba sirrii miti.

Xumura – xumurri keeyyata keessatti yaadni himni ijoo qabatee ka`e hamma dhumaatti ibsamee xumuramuusaa agarsiisa. Fakkeenyaaaf, himni ijoo keeyyata tokkoo “barumsi bu`aalee gurguddoo sadii qaba” otoo kan jedhu ta`ee, keeyyaticha keessatti bu`aaleen barumsaa sadan kun tokko tokkoon maqaa dhahamanii duraa

 duubaan ibsi itti kennamee xumuramuu qaba. Sadan keessaa lama qofaa otoo ibsinee keeyyatichi hinxumuramne jechuudha.

A. Keeyyata armaan gadii amaloota keeyyataa armaan olii giddu galeessa godhachuun xiinxali.

Dhalli namaa uumama hawaasummaan jiraatudha. Kunis kallattii adda addaan kan calaqisu ta'uu wal nama hinmormisiisu. Fakkeenyaaf, maatiin waliin jiraata, yoo manaa bahu hiriyaa waliin deema, yoo lafa hojii dhaqu waliin mari'achuun dhimmoottarratti murtoo dabarsa. Kanamalees, waan qabu firaaf, ormaaf, ollaafi kan rakkateef qoodee jaalalaafi kabajaan waliin jiraata. Kanaafuu, namni nama malee hinmidhagu waan ta'eef waliigalee waliin jiraata.

B. Mataduree armaan gadii keessaa tokko filachuun keeyyata himoota sasalphaa shaniifi isaa ol qabu tokko barreessi hiriyyoota kee waliin waliif ilaaluun yaada irratti waliif kennaa. Yeroo barreessitu amaloota keeyyataa xiyyeffannoo keessa galchi.

- | | |
|---------------------|--------------------------------|
| 1. Qonnaan bultoota | 4. Bishaan qulqullina hinqabne |
| 2. Jirenya magaalaa | 5. Kaayyoo qabaachuu |
| 3. Biqiltuu dhaabuu | 6. Sirba fuudhaafi heerumaa |

C. Mataduree sitti tolu tokko filachuun keeyyata himoota sasalphaa shaniifi isaa ol of keessaa qaban tokko barreessii barsiisaa/tuu keetti agarsiisi. Gume qopheessuufi amaloota keeyyata gaarii eegdee barreessuu akka hindaganne.

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa - Jechoota hiik-heddee



Gilgaala 10

Shaakala Jehoota Hiik-heddee

Hiik-heddee - Jechi hiika tokkoo olqabu hiik-heddee jedhama. Kana jechuun, unki xiinqooqaa tokko muuxannoo tokkoo ol bakka bu'uu danda'a jechuudha.

Fakkeenya:

Jecha	Kan jedhamuuf	Hiika
Tume	seera tume	Baase
	mucaa tume	Reebe
	bokkaan tume	Doollesse, humnaan roobe
	buna tume	Bulleesse
	midhaan tume	Calleesse
	ilkaan tume	irga gurraachesse

Fakkeenya armaan oliirraa akkuma hubachuun danda`amu jechi “tume” jedhu haala adda addaa keessatti hiika hedduu qaba.

- A. Jechoota armaan gadiif fakkeenya kennamerratti hundaa`uun kan jedhamuufiifi hiika isaanii barreessi.

Jecha	Kan jedhamuuf	Hiika
dhahe	midhaan dhahe	calleesse
nyaate	buddeen nyaate	alalfate

- B. Jechoota garaa garaa shan kanneen hiik-heddee ta`an gabatee gadii keessatti barreessuun waan waliin jedhamaniifi hiika isaanii barreessi. Kan hiriyyoota kee waliin walbira qabii madaali.

Jecha	Kan jedhamuuf	Hiika

Barannoo 6: Caasluga - Akaakuu Himaa Caasaadhaan



Gilgaala 11

Shaakala Akaakuu Himaa Caasaadhaan

- ☞ Boqonnaa saddeet barannoo jaha jalatti waa`ee himaa baratteetta. Mee qaamolee himaa ilaalchisuun waan yaadattu barattoota daree keef ibsi.
- ☞ Amma immoo hubannoo himarratti qabdu akka gabbifattuuf qabiyyee walfakkeenya qabu akaakuun himaa caasaadhaan maal akka fakkaatu baratta, Kanaafuu, yaadaaafi fakkeenya armaan gadii qayyabadhu. Dabtara keerrattis galagalfadhu.

Akaakuu Himaa Caasaadhaan



Himoota bu`uura caasaatiin bakka gurguddaa afuritti qooduu nidandeen-ya. Isaanis, **leexima, xaxima, dachimaafi dachima xaximaati**.

Leexima – Leeximni gaalee hima leexaa jedhurraa uumame. Himni leex-



imaa immoo, akkuma maqaa isaa leexaadha. Leexummaan isaas gochima tokko qofa qabaachuu isaati. Fakkeenyaaf,

1. Biqiltuun bishaan daakte.
2. Badhaasaan, ilmi haadha toltaa, barumsaan 1^{ffaa} bahe.
3. Saaraan bara darbe qabxii gaashaa hinarganne.
4. Shemsuun, mucaa inni dheeraan sun, kubbaa miilaa taphate.

Fakkeenya armaan olii keessatti himoonni argaman hundi leexima. Sababiin isaas gochima tokko qofaa ofirraa qabu.

❖ Haala fakkeenya kennameen fakkeenya mataa kee sadii barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____



Dachima - Dachimni 'hima dachaa' gaalee jedhurraa uumame. Hiikni isaas, himoonni sasalphaa lamaafi isaa ol yookiin ciroo ofdanda`aa lamaafi isaa ol waliin ta`uun hima tokko ijaaruu jechuudha. Afaan Oromoo keessatti himoonni sasalphaan waliin ta`uun hima tokko ijaaruuf tooftaalee garaa garaatu jiru. Isaan keessaa muraasni **walqabsiistuutti gargaaramuu, qoodduu jabaa fayyadamuufi dhamjecha {-e} gochimootarra jiru dheeressuufaa** maqaa dhahuun nidanda`ama. Fakkeenyaaf,

A.

1. Namni bishaan dhuge.
2. Namni nyaata nyaate.
3. Namni qaamni isaa nijabaata.

Himoota salphaa kana sadan walitti fiduun hima dacha tokko ijaaruun nidanda`ama. Himichis kana kunoo.

❖ Namni nyaata nyaateefi namni bishaan dhuge qaamni isaa nijabaata.

Hima kana walitti hidhuu keessatti walqabsiistuu 'fi' fi {-e}n gahee guddaa taphataniiru.

B.

1. Halkanii guyyaa hojjete; qarshii hedduu argate.
2. Aduun garmalee baate; uffanni otoo hinturiin qoore.
3. Jaalala biyyaa qaba; nama balleessu bira hindarbu.

Himoonni armaan gadii hunduu himoota salphaa caasaatiin walgita ta`antu wali-in hiriiree dachima uumeera. Bakka kanattis buufata xiqqaan himoota sasalphaa ta`an addaan gooduuf tajaajileera.

☞ Haala fakkeenya kennameen fakkeenya mataa kee afur barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____

Xaxima - jechi `xaxima` jedhu gaalee, `hima xaxamaa` jedhurraa uumame. Hima tokko xaxamaa kan taasisu jiraachuu ciroo hirkataati. Xaximni ciroo of danda`aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa olirraa ijaaramuu danda`a. Fakkeenyaaf,

1. Yommuu mana barumsaa dhaqxu na waami.
 2. Akka maatii kee gaarii ta`i.
 3. Yoo qabaattes, yoo dhabdes hiriyyaa kee jaalladhu.
- Himoonni kun sadan ciroo ofdanda`aafi ciroo hirkataa ofkeessaa qabu. Baay`inni ciroo isaan ofkeessaa qabanii garuu garaa gara. Himoonni (1 fi 2)n ciroo hirkataafi ofdanda`aa tokko tokkorraa ijaaraman. Himni (3) irraa garuu ciroo hirkatoo lamaafi ofdanda`aa tokkorraa ijaarame. Walumaagalatti, himoota ciroo ofdanda`aa tokkoofi hirkataa tokkoofi isaa ol of keessaa qaban xaxima jechuu dandeeyna.

☞ Haala fakkeenya kennameen fakkeenya mataa kee sadii barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____

Dachima Xaximaa - Akaakuun hima kanaa immoo amala dachimaafi xaximaa ofkeessaa qaba. Himoonni amala kunneen lamaaniin ijaaramanis Afaan Oromoo keessa hedduudha. Kana jechuun, hima tokko keessa himoota sasalphaa yookaan ciroo ofdanda`aa lamaafi lamaa ol akkasumas, ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol jiraachuu qabu jechuudha. Fakkeenyaaf,

1. Yommuu qabus, yommuu dhabus, fira barbaadee nagaa gaafatee deema.
2. Siif darbullee, siif darbuu baattullee, namoota si waliin rakkatan dagattee biyya kee hinganiin.

Himni (1) jalaa ciroo hirkataa lamaafi ofdanda`aa sadii kan ofkeessaa qabu yoo ta`u, himni (2) garuu hirkataa lamaafi ofdanda`aa lamarraa ijaarame. Kanaafuu, amala dachimaa agarsiisuuf himoonni salphaan lama, amala xaximaa agarsiisuuf ammoo ciroo hirkataan tokkoofi isaa ol yoo keessa jiraate, dachima xaxamaa ta`a.

☞ Haala fakkeenya kennameen fakkeenya mataa kee afur barreessi.

- a. _____
- b. _____
- c. _____
- d. _____



Gilgaala 12

- A. **Himoota armaan gaditti tarreffamaniiran nama sadii ta`uun waliin mari`achaa akaakuu caasaa isaaniitiin adda baasaa. Yaada keessanis sababaan deeggaraa.**

Lakk.	Hima	Akaakuu himaa	Sababa
1	Namni kaayyoo qabuufi namni sirriitti dubbisu qabxii gaarii galmeessisa.		
2	Akka hiriyyaa kee nama kabaji.		
3	Quufaan, ilmi abba Soolan, barsiisaa ta`e.		
4	Ati hingaltu; ani hinfayyu.		
5	Yoo qabaatan, yoo namaaf kennan, namni nama jaallata.		
6	Gadditus, gammaddus, namarratti daftee abdii kuttee tarkaanfi hinfud- hatiin.		
7	Maaremaan gabaa dhaqxe.		
8	Yommuu deemtus, yommuu galtus, natti gorii na dubbisii darbi.		

B. Akaakuu himaa caasaasaatiin quoduun tokkoo tokkoo isaatiif himoota shan shan ijaaruun barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.

A. Leexima

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

B. Xaxima

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

C. Dachima

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

D. Dachima xaxima

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____


Boqonnaa 10: Godaansa

Kaayyoowwan

Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti:

- ☞ waa'ee godaansaa waan dhaggeeffatte qeequu nidandeessa;
- ☞ ilaalcha wantoota irratti qabdu sababaan deeggardee ibsuu nidandeessa
- ☞ odeeefannoowwan murtaa'oofi waliigalaa barruu gargaaramtee ergaa isaa himuu nidandeessa;
- ☞ keeyyata himoota garagaraa qaban ni barreessita;
- ☞ hiika jechamootaa dubbachuufi barreessuu keessatti nifayyadamta;
- ☞ akaakuu walqabsiiftotaa nihimta; ittis nifayyadamta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuu



Gilgaala 1

- A) **Gaaffilee asiin gadiirratti mee yaadakee kenni.**
- 1) Namni bakka jiraatu gadhiisee bakka biraatti maaliif godaana sitti fakkaata?

- 2) Namni bakka jiraatu dhiisee bakka biraatti yommuu godaanu maaltu isa argata jettee yaadda?
- 3) Mee fakkii argitu kana ilaaltee maal jechuu dandeessa?

B) Jechoota armaan gadii kana hiika isaanii tilmaami.

- | | |
|---------------|-------------|
| a) Qubachuu | g) Dawoo |
| b) Qe'ee | h) Ititutti |
| c) Bu'iibahii | i) Wayya |
| d) Abjuu | j) Adamoo |
| e) Baraaramuu | |
| f) Walbuusa | |



Gilgaala 2

Waan Siif dubbifamu dhaggeeffadhuutii bakka duwwaa barruu asiin gaditti dhiyaate guuti.

Akaakuu Godaansaa

Godaansi bakka jirenyaa isaanii dhiisanii bakka jirenyaa kan biraa qubachuuf sochii namoonni waan qaban hundaa wajjin taasisanidha. Namoonni gaafa godaanan _____ (1) itti _____ (2) fi ollaa walbaranii baroota dheeraaf Sababii godaansaan sochii namoonni taasisan kun hanga gaafa bakka itti godaanan sana ga'anii jirenyi isaanii _____ (3) bu'iiba'iin keessa darbamu baay'ee abdii kutachiisaadha. Yeroo tokko tokko _____ (4) fi _____ (5) isaan qabatanii godaansa filannoo taasifatan otuu himilkaa'iin hafee Yeroo biraammoo _____ (6) namootaa milkeessitee lafa itti godaanan sana qaqqabanii hawwii isaanii yeroo dhuunfatan argamu.

Godaansa namoonni taasisan kunis sababiiwwaniifi _____ (7) garagaraa kan qabaachuu danda'u ta'us _____ (8) fi jirenya gaarii jiraachuu namootaa adda durummaan kan eeramanidha. Sababiiwwan eeramuu danda'an maaliyyuu haa-

ta'an malee, akka waliigalaatti yoo fudhatame godaansi bakka gurgud-doo lamatti qoodama. Isaanis; godaansa _____ (9) gara _____ (10) taasifamuufi godaansa biyyumma tokko keessatti bakkaa bakkatti taasifamudha.



Gilgaala 3

Barruu dhaggeeffatte bu'uura godhadhuutii gaaffilee asitti aananii jiran deebisi.

1. Namoonni godaansaan biyya isaanii dhiisanii yommuu deeman isaan tokko tokko bakka deemanitti nimilkaa'u. Sababiin milkaa'ina isaanii maali?
2. Sababiwwan godaansaa ta'uu danda'u kan jedhaman maal fa'i?
3. Akaakuun godaansaa lameen maal maali?
4. Godaansi biyya keessaa maal barbaacha gaggeeffama?

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4

Hojii maallaqaaf jedhanii namoota bakka bakkatti nanaannessuu irratti hiriyyoota kee wajjin marii taasisiitii gabaasa dareef dhiheessi.

Barannoo 3: Dubbisuu



Gilgaala 5

A. Gaaffilee armaan gadii waanuma dur beekturraa ka'ii deebisi.

1. Namoonni ati beektu kan bakka itti dhalatan dhiisanii deeman jiruu? Akka odeeffattetti maalirra jiru?

2. Biyya dhiisanii yommuu deeman bakka deeman sana rakkoo tokko malee waan qaqqaban sitti fakkaataa?
3. Seeraan ala godaanuu jechuun maal akka ta'e mee tilmaami.
- B. Jechoota asiin gadii kana hiika isaan bakka galmaa isaaniitti qabaachuu danda'an tilmaami.**
- Farra
 - Yakka
 - Butuu
 - Dirqisiisuu
 - Sossobuu
 - Fedha



Gilgaala 6

Dubbisa akaakuu godaansaa jedhu otuu dubbisaa jirtuu shaakala bakka duwwaa guutuu kana dalagi.

Namaan Daldaluu

Gocha	Toftaa	Kaayyoo
Miidhamaan:	<ul style="list-style-type: none"> • _____ • _____ • _____ • _____ • _____ 	<ul style="list-style-type: none"> • _____ • _____ • _____ • _____ • _____



Godaansa Seeraan Alaa

Seenaa addunyaa keessatti yeroo jalqabaaf seera **farrā** garbummaa kan labsiteefi gochaa bittaafi gurgurtaa dhala namaarratti gaggeeffamaa ture dura kan dhaabbatte biyya Ingilizii yoo taatu seerri kun erga hojiirra oolee waggoottan 200 lakkofsiseera. Haata'u malee, jaarraa 21^{ffaa} amma keessa jirru keessattis dhimmichi ammallee itti fufee dhalli nammaa akka meeshaatti yeroo biyyaa biyyatti gurguramu ni mul'ata. Gocha dur ture sanarrraa wanti adda isa godhu gochichi inni har'aa seeraan ala ta'uu isaa qofa. Kanaaf yeroo ammaa kana dhimmooni godaansa seeraan alaa wajjin walqabatan **yakki** namaan daldaluifi godaantota seeran ala daangaa ceesisuu dhimma ho'aa addunyaa keenyaa ta'ee jira.

Namaan daldaluu jechuun namoota sodaachisuun, humnaan ykn **butuun**, dabaan ykn sadoon, gowwomsuun, kennaa adda addaa kenuun sossobuun iddo tokkoo gara iddo biraatti godaansisuudha. Erga godaansisanii boodas hordofifi to'annoofii jala gochuun miidhamtoota madda galii taasifatanii itti fayyadamuudha. Kanaaf, qabiyyeen namaan daldaluu wantoota sadii ofirraa qaba; gocha, tooftaafi kaayyoo namatti fayyadamuu. Gocha gaafa jedhamu raawwii miidhamaa sana bakka jiraaturraa fiduu ykn fichisiisuu, erga fidanii keessummeessuu, iddoodhaa iddootti sochoosuu, fudhachuu ykn dhuunfachuufi dhoksaadhaan ykn mul'inatti ofbira tursuuti. Toftaa kan jedhamu immoo karaa itti gochichi hojiitti jijiiramu yoo ta'u, innis humnaan gargaaramuu, sodaachisuu, **dirqisiisuu**, gowwomsuufi **sossobuu** of keessaa qaba. Godaantonni erga biyya barbaadamuun gahamaniin booda iddo fedhanitti akka socho'an, akka barbaadaniin akka socho'an hin'eeyyamamuuf. **Fedha** isaanii alatti dirqiisifamanii nama saniif akka dalagan ykn tajaajila gatii **geejjibaa** silaa qarshiiin kaffaluu qaban **dachaa** olitti akka laatan dirqisiifamu. Hojii isaan hojjatanis fedhii isaaniin ala hojii kamuu ta'u mala kanneen akka **sagaagalummaa** dabalatee.

Godaantota seeraan ala daangaa ceesisuu gaafa jedhamummoo karaa seeraan ala ta'een lammummaa yookiin **eeyyama** jirenyaa biyya

itti godanaanii osoo hinargatiin, haal dureen guutamuu qabu osoo hinguutamiin karaa kallattiin yookiin **al-kallattiin** qarshiifi faayidaa qabatamoo adda addaa barbaacha biyya biraa seensisuu yookiin baasuu ofkeessatti qabata. Gocha tokko hojii godaantota seeraan ala daangaa ceesisuuti jechuuf wantoonni sadii walfaana guutamanii argamuu qabu. Isaanis tokkoffaan nama seeraan ala seene **simachuu**, dhoksuufi ofbira kaa'uu yoo ya'u inni lammaffaa daangaa biyya tokkoo osoo lammii yookiin dhaabbiin jiraataa biyya sanii hinta'iin seensisuudha. Kan sadaffaas, faayidaa maallaqaa yookiin faayidaa qabatamaa biraa argachuuf jecha nama ceesifamu sanarraatti waan raawwatamu.

Akka waliigalaatti yoo ilaallu, godaansa seeraan alaa keessatti kanneen hirmaatan, keessummaa akka biyya Itiyophiyaatti dallaloota seeraan alaa, lammilee biyya alaa jiraatanii gara biyyaatti deebi'aniifi firoottan godaantota biyyatti deddeebi'anii akka ta'e amanama. Haaluma kanaan, gabaasni qorannoodhaan deeggarame tokko akka mul'isutti, namoota biyya alaatti karaa seeraan alaan godaanan keessaa %35.2 daldaalota seeraan alaa biyya keessa jiraniin, %20.4 firoottan biyya alaa jiraniin, %15.3 hiriyyoottaniin, %10.9 daldaaltota biyya alaa jiraniin, %10.9 ejeensii hojjetaafi hojjechiisaa seera qabeessan, %7.4 immoo sababoota adda addaan akka tahe beekameera.



Gilgaala 7

Bu'uura hubannoo dubbisa irraa argatteen gaaffilee filannoo asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

- 1) Labsii farra gabrummaa dhala namaa yeroo jalqabaaf kan labsite biyyi eenyu?
 - A) Ameerikaa
 - B) Raashiya
 - C) Ingilizii
 - D) Jarman
- 2) Gocha namaan daldaluu keessaatti kan hinilaalamne kami?
 - A) Nama bakka jireenyaa isaarraa fiduu ykn fichisiisuu
 - B) Keessummeessuu
 - C) Iddoodhaa iddootti sochoosuu
 - D) Ajjeesuu

- 3) Toftaa namaan daldaluun keessaatti kan hinqabamne kam?
- Humnaan gargaaramuu
 - Sodaachisuu, dirqisiisuu
 - Amansiisanii mallatteessisiisuu
 - Gowwoomsuufi sossobuu
- 4) Daldala namaa keessatti kaayyoon maal ilaallata?
- Hammamiyyuu rakkatanii booda kaayyoo ofii bira ga'uu
 - Godaantonni waan ofii dalaguu dhabuu
 - Godaantonni waan hinfenee akka dalagan dirqisiifamuu
 - Godaantonni akka fedhanitti soso'uu dhabuu
- 5) Godaantota seeraan ala daangaa ceesisuun:
- Nama lammummaa biyya tokkoo hinqabne biyyichatti seensisuu
 - Nama eeyyama jireenyaa biyya tokkoo hinqabne biyyichatti seensisuu
 - Faayidaa argachuuf nama seeraan ala biyyaa baasuu
 - bakka bu'iinsa seeraa argatanii namoota gara biyya alaatti erguu
- 6) Gocha godaantota seeraan ala daangaa ceesisuu keessatti kan hinilaalamne kami?
- Nama seeraan ala seene simachuu
 - Jaarmiyaa seera qabeessaan namoota gara alaatti baasan gargaaruu
 - Nama seeraan ala seene ofbira kaa'uu
 - Nama seeraan ala seene dhoksuu
- 7) Akka biyya Itoophiyaatti, qaamonni yakka namoota seeraan ala godaansisuu keessatti hirmaatan:
- Dallaloota seeraan alaa
 - Lammilee biyya alaa jiraatanii gara biyyaatti deebi'anii
 - Jaarmiyaalee amantaafi barnootaa
 - Firoottan godaantota biyyatti deddeebi'anii



Gilgaala 8

Gaaffilee kanaa gadi jiran bu'uura dubbisichaan deebisi.

- 1) Akka dubbisichaatti daldala dhala nmaa dur tureefi har'a jiru jidduu garaagarummaan jiru maali?

- 2) Ulaagaalee yakki nama daldaluu jiraachuu agarsiisan keessaa godaan-tota sodaachisuu, dirqisiisuu, gowwomsuufi sossobuun kam jalatti ilaa-lama?
- 3) Itoophiyaa keessatti namoonni karaa kam kamiin seeraan ala godaansi-famu?
- 4) Itoophiyaa keessatti qaamota namoota seeraan ala godaansisan keessaa dhibbeentaa guddaa kan qabu kami?
- 5) Gochi tokko balleessaa godaantota seeraan ala daangaa ceesuuti jedha-muuf ulaagaaleen guutamuu qaban sadii maal fa'i?

Barannoo 4: Barreessuu-Keeyyata Gosoota Garagaraa Qaban



Keeyyata asiin gadii dubbisiitii gilgaala itti aanee jiru dalagi.

Namni mirga lubbuun jiraachuu qaba. Namni ofis haa jiraatu; lubbuu nama biraas haa eegu. Waltiksuun qaroomina. Lubbuun namaa akka salphaatti kan ilaalamu waan hintaaneef, kanneen lubbuu nama balleessan du'aan adabuudha. Namoonni lubbuu namaa yoo balleessan du'aan kan adabaman ta'uu beekanii harka isaani sassaabbatu. Erga nama ajjeesanii booda gaabbuun kan bu'aa hinqabne ta'uu hubatanii, dursanii lubbuu nama biraaf qofa osoo hinta'iin, lubbuu isaaniitiif yaadu. Ajjeesanii gaabbuun akka bu'aa hinqabne hubatu. Fakkeenyaaaf, Obbo Gamteessaan mana Aadde Boontuu seenee rasaasa lamaan ishee rukute. Booda garuu amanee gocha isaatti gaabbe. Garuummoo gaabbuun isaa Aadde Boontuudhaaf bu'aa kenne hinqabu. Ofis hidhaa umrii guutuutu itti murtaa'e. Kanaaf, namoonni lubbu namootaa balleessu irraa akka of quasatan gochuuf kanneen badii akkanaa dalagan du'aan adabuun barbaachisaadha.



Gilgaala 9

A) Gosoota himootaa caasaadhaan keeyyanni armaan olii irraa ijaarame adda baasi. Fakkeenya asitti fufee dhiyaate hordofii dalagi

- 1) Hima jalqabaa

'Namni mirga lubbuun jiraachuu qaba.' = Hima salphaa

- 2) Hima lammaffaa

'Namni ofifis haa jiraatu; lubbuu nama biraas haa eegu.' = Hima dachaa

- 3) Hima sadaffaa

'Waltiksuun qaroomina.' = _____

- 4) Hima afraffaa

'Lubbuun namaak akka salphaatti kan ilaalamu waan hintaneef, kanneen lubbuu nama balleessan du'aan adabuudha.' = _____

- 5) Hima shanaffaa

Namoonni lubbuu namaayoo balleessan du'aan kan adabaman ta'uu beekanii harka isaani sassaabbatu. = _____

- 6) Hima ja'affaa

Erga nama ajjeesanii booda gaabbiun kan bu'aa hinqabne ta'uu hubatanii, dursanii lubbuu nama biraaf qofa osoo hinta'iin, lubbuu isaaniitiifyaadu. = _____

- 7) Hima torbaffaa

Ajjeesanii gaabbiun akka bu'aa hinqabne hubatu. = _____

- 8) Hima saddeettaffaa

Fakkeenyaaf, Obbo Gamteessaan mana Aadde Boontuu seenee rasaasa

lamaan ishee rukute. = _____

9) *Hima sagalaffaa*

Booda garuu amanee gocha isaatti gaabbe. = _____

10) *Hima kurnaffaa*

'Garuummoo gaabbuun isaa Aadde Boontuudhaaf bu'aa kenne hinqabu.' = _____

11) *Hima kudha tokkoffaa*

'Ofis hidhaa umrii guutuutu itti murtaa'e.' = _____

12) *Hima kudha lammaffaa*

'Kanaaf, namoonni lubbu namootaa balleessu irraa akka of qusatan gochuuf kanneen badiiakkanaa dalagan du'aan adabuun barbaachisaadha.' = _____

B) **Keeyyata caasaadhaan himoota garagaraa torba ofirraa qabu barreessi.**

Barannoo 5: Fayyadama Jechootaa-Jechama



Gilgaala 10

Himoota asiin gadii keessaa jechamoota adda baasii hiika isaanii ketti. Fakkeenya kenname hordofii dalagi.

A) Namichi kun **gurra guddaa** qaba.

- a. Gurra qaama irra jiru, nafa guddaa jechuudha
- b. Maqaa guddaa, beekkamtii qaba jechuudha

B) **Sammuun namicha** kanaa dhiphaadha.

- a. Buqdeen mataa nama kanaa xiqqaa ta'uu agarsiisa
- b. Namichi yaada bal'aa hinqabu; dhiphisee yaada jechuudha.

1) Waanuma xiqqoo isheen argatte sana obboleessimmo **harkatti qabe.**

a) _____

b) _____

2) Hojiin kee **dhiiga koo danfisuudhaa?**

a) _____

b) _____

3) Hojjettoonni waajjirichaa **nama ciqilu.**

a) _____

b) _____

4) Maallaqicha **funyaan qabeen** harkaa fuudhe.

a) _____

b) _____

5) Waa'ee biyyaaa **quba qabdaa?**

a) _____

b) _____

6) Namichi gamaa dhufe sun **onnee hinqabu.**

a) _____

b) _____

7) Ji'a shanan tokkoof **miila fageefatti.**

a) _____

b) _____

8) Duuni ajajaa isaanii **jilba isaan buuse.**

a) _____

b) _____

9) Addaggee **garaa ofbarsiisuun** nama miidha.

a) _____

b) _____

10) Gaafuma walargan sana **gurra muree afaan kaa'e.**

a) _____

b) _____

Barannoo 6: Caasluga-Walqabsiistota



Gilgaala 11

A) **Himoota armaan gadii keessaa walqabsiiftota adda baasi. Fakkeenya siif kenname ilaali.**

Fkn;

A) Caaltuufi Dammituun hiriyyaadha.= -fi

B) Caaltuu yookaan Tolasaa gaafadhu. = yookaan

1) Erga gaafa galeetii namtokkollee isa hinagarre. = _____

2) Haasaan isaa dheeraa ture; garuu nama hinnuffisiifne. =

3) Isheen bor yookiin iftaan demti. = _____

4) Lammiiin amala gaarii qaba. Haa ta'u malee, hojii gaarii hinhojjetu. =

5) Isheen ni gammadde malee homaa hindubbanne. = _____

6) Kitaabicha deebisi yookiin gatiisaa kaffali. = _____

7) Yoo Jimma deemte Masaraa Abbaa Jifaar argita. =

8) Garbaan erga mana diigee hiyyoome. = _____

B) Walqabsiiftota himootatti fufanii hammattuu keessa jiran keessaa filadhuutii bakka duwwaa guutuun himicha guutuu taasisi. Fakkeenya dhiyaate hordofii barreessi.

- a) Namicha argineerra, _____isa wajjin haasa'uu hindanda'amne.= garuu
 - b) Ibiddi mana qabatee ture, _____hundumti keenya achitti fiigne. = Kanaaf
- 1) _____ inni hojii dhiise obboleettii isaatu natti hime.(iyuu, akka, yoo, utuu)
 - 2) _____ barsiisaan ol seeneen barattoonni cookuutti ka'ani. (akkuma, hamma, hanga, yommuu)
 - 3) _____ as jirtutti homaa hin sodaatiin.(booddee, iyuu, malee, hamma)
 - 4) Manni barumsichaa dhihoo _____ barsiisota hinqabu. (waan, yommuu, ta'us, akka)
 - 5) Gaaddisee _____ Beektuun har'a dhufu. (malee, yoo, waan, fi)
 - 6) Wajjin laaqana nyaanna jedhee isa affeereen ture, _____ utuu hindhufi-in hafe. (kanaaf, garuu, yammuu, erga)
 - 7) Namoota hedduutu isa gargaara, _____ jireenyi isaa baay'ee gaddisi-isaa ta'ef. (kanaaf, waan, garuu, ammallee)
 - 8) Dafi sokki, _____ sitti guyya'aa. (kanaaf, yemmuu, yookaan, yoo)
 - 9) Waanan hojjedhu natti hinhimne, _____ hin hojenne. (waan ta'eef, kanaaf, malee, erga)
 - 10) Boontuu _____ obboleessi ishee hindhufne. (waan ta'eef, kanaaf, malee, erga)

JIBSOO

- **Bamaqa (pronoun)** bakka maqaa bu'uudhaan tajaajila maqaa kan kennu.
- **Buufata (stanza)** tuuta sararoota walaloo yaada tokkoratti xiyyeefatan.
- **Durduubee /firoomsee/** (adposition) dura ykn duuba gaalee maqaa galuud-haan wal-hidhiinsa inni garee jechootaa kanneen biroo waliin qabu agarsiisa.
- **Gaalee (phrase)** wal-hammannaa jechootaa kan hojii tokkoof dhaabatanidha.
- **Gochibsa (adverb)** Afaan Oromoo keessatti gochima dura galuudhaan gochima, maqibsafi gochibsa biroo kan ibsudha.
- **Gochima (verb)** jecha haala ykn gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko agarsiisudha.
- **Hiika Jechoota makoo (blending)** jechoota adda addaa irraa birsaga walitti fuudhuun jecha haaraa kan hiikaan addaa uumuu.
- **Hiika jechoota waliindeemanii (collocation meaning)** jechoota walduukaa bu'uun hiika kennan
- **Jecha diigala / tishoo / (compound word)** jechoonni lamaafi isaa ol walitti dhufuudhaan akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika duraan qabanirraa hiika addaa tokko yammuu argatanidha.
- **Jechama (Idioms)** Jechoota hiika dacha qaban.
- **Maqibsa (adjective)** Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dufuudhaan waa'ee maqaa sanaa odeeffannnoo dabalataa kan kennudha.
- **Moggoo (synonym)** Jechoota hiika wal-fakkaatan qaban.
- **Ogumma (skill)** shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farda gulufsiisuu) kan gonfatamudha.